# QAACCEESSA JIJJIIRAMA MOGGAASAA MAQAA

# AMMAYYAA DAA’IMMAN GODINA SHAWWAA KIBBA LIXAA AANAA AMAYYAA

IMMABEET SHALLAMAA HIRKOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMSIISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI
YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA, 2011/2019
FINFINNEE

# QAACCEESSA JIJJIIRAMA MOGGAASAA MAQAA AMMAYYAA DAA'IMMAN GODINA SHAWWAA KIBBA LIXAA AANAA AMMAYYAA

IMMABEET SHALLAMAA HIRKOO

GORSAAN: DR. TOLEMARIAM FUFA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMSIISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI
YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA, 2011/2019
FINFINNEE

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

SAGANTAA DIGRII DURAATIIN BOODAA

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (Ma) Afaan Oromoo Barsiisuuf Guuttachuuf Immabeet Shallamaa Hirkootiin Mata Duree "*Qaacceessa Jijjiirama Moggaasaa Maqaa Ammayyaa Daa'imman Godina Shawwaa Kibba Lixaa Aanaa Amayyaa*" Jedhu Irratti Qophaa'e Sadarkaa Yuunivarsiitiin Kaa'e Guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa: ______________________Mallattoo:____________Guyyaa______

Qoraa Keessaa:____________________Mallattoo:___________Guyyaa:______

Gorsaa: _________________________Mallattoo:___________Guyyaa:_______

---

Ittii Gaafatamaa Muummee Yookin Walitti Qabaa Sagantaa Digrii Lammaffaa (MA

## Axereeraa

*Kayyoon qorannoo kanaas qaacceesa Jijjirama moggaasa maqa hammayyaa daa' imman Oromo Godina Shawa Kibba Lixaa Anaa Amayaa magalaa Gindoo yeroo ammaa moggafamaa jiraan Qabiyyee isaanii bu'uurri moggaasa maqaalee yeroo ammaa, maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiraan akkamiin akka maggoofaman, haalaa aadaa hawwasichaa eeganii moggaafamaa jiraachuu isaanii adda baasuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis malli qorannoo filatame, qorannoo ibsaati. Ragaan qorannoo kanaa karaa sakatta'insa galmee maqaalee barattootaa, karaa af-gaaffiifi marii garee manguddootaa, maati da'imani, barsiisotaafi ogeessota aadaafi tuurizimii aanichaa irraa waliti qabamee jira. Ragaan sakatta'insa galmee maqaalee irraa argame, odeeffannoon afgaaffiin maanguddootaafi oggeessota irraa argame mala akkamtaatiin, qaacceffamee ibsamee jira. Ragaan bifa kanaan sassaabame xinxalame akka ibsutti maqaaleen da'imman Oromoo durii akka aanaa Amayaatti haala adda addaan moggaafamuu akka danda'amu odeef-kennitoonii ibsanii jiru. Haaluma kanaan moggaasni maqaa dhuunfaa Oromoo ganamaa haala irratti hundaa'uun moggaafamaa turan keessaa muraasni: hammachiisaan, guddifachaan, maatiin, moggaasa gaa'eelaan raawwatamuu danda'a jechuun ibsan.Mogggaasi maqaalee daa'immanii yeroo ammaa kan maatiin gaggeeffamu akkuma jirutti ta'ee, olaantummaa guddaan kan maqaa moggaasu akkoofi akaakaa osoo hin ta'in abbaafi haadha daa'immaniitii. Qabiyyee maqaalee yeroo ammaa aanicha keessatti moggaafaniis irra guddaa isaa kan irratti xiyyeeffatu Siyaasaan, hawwiifi Abdii, yeroo ykn Waqtiilee, iddoo dhalootaa, amantii, haala yeroo dhalootaa (gaddaafi gammachuu), miidhagina Qaamaa, sabboonummaan, Biqiltootaanfi dinqisiifannaa irratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaa hubatamee jira. Kana malees qorannoo kan keessatti wanti hubatame biroon amala maqaaleen amma moggaafamaa jiran kan duraanii irraa adda ittiin bahan yeroo ta'u amolooti kunninis bakka sadiitti qoodamanii dhiyaatanii jiru.Amalli tokkoffaan Amala Hiikaa yeroo ta'u maqaaleen yeroo ammaa moggaafaman hikaan maqaa addunyaa fakkaatuun mogaafachuutu mul'ata.Amalli inni biroon amala caasaati. Caasa ilaalchisee amala caasaa jechaafi himaa maqaalee daa'imman Oromoo yeroo ammaa moggaafamaa iirantu ilaalame. Caasaa jechaa ilaalchisee maqaaleen ragaaf guuraman harki caalaan kan umaman mala suphiinsaa (blending)fi makootiin. Caasaa Himaa ilaalchisee immoo maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiran, hindi isaanii jechuun hindanda'ama, unkaa himaa qabu. Amala koorniyaa ilaalchisee immoo yeroo ammaa kana kan moggaafamaa jiran koorniyaa addaan fo'uu dhabuu isaaniiti. Qorannoo kana keessatti qabxii biroon ilaalame namoonni maqaa duraan ture dhiisanii maalif akka kan ofii barbaadan akka moggaafatanifi moggaasan sakatta'uunn yaalamee jira. Akka odeef kennitoonni ibsanittis sababiin jijjiirama moggaasaa duraa duubaan hammayyummaa, Sabboonummaa, m**aqaalee** Duraan Turan Jibbuu, amantiifi siyaasa akka ta'e qorannoon kun ni mirkaneessa. Dhuma irrattis maqaaleen kun gadifageenyaan qoratamanii haala duudhaafi aadaan Oromoo hayyamuun osoo kallattiin itti barsiifamu eeramii gaariidha kan jedhu yaboon kennamii jira.*

## GALATA

Hundumaa dura hojii kana xumuree ijaan arguu koo inni na gargaare Waaqayyoof galanni guddaan haata'u.

Itti aansuun adeemsa qorannoo koo jalqabaa kaasee hanga dhumaatti deeggarsa ogummaa isaanii osoo hin qusatiin, hin nuffiin na qajeelchaa sirreeffama barbaachisu naaf gochaa turan gorsaa koo Dr.Tolamaaraam Fufaa guddaan galateeffadha. Beeksumsa keessaniin horaa bulaan jedhaan.

Kana malees namoonni odeeffannoo naaf kennitan manguddoota,hojjettoota waajjira aadaafi turiizimii aanaa Amayaafi hiriyoonni koo hundi deeggarsa yaadaas ta'e ogummaan na bira dhaabbattan isin galateeffadha.

Akkasumas deeggarsa yaadaafi yeroon odeeffannoo walitti qabuufi yeroon deemetti na bira dhabbattee haamilee na jajjabeessaa turte haadha koo Aadde Ayyalech Magarsaaf galanni koo guddaadha.

Dhuma irratti abbaa warraa koofi ijoollee koo yeroo qorannoo kana geggeessaa turetti kara hundaan nacina dhaabbachaa waan turtaniif galanni koo onnee irraa madde isan haaqaqqabun jedhaan.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


**Boqonnaa Tokko: Seensa** ------------------------------------------------------------------- **1**

1.1. Ariirrata ------------------------------------------------------------------------------------- 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa------------------------------------------------------------------------ 6

1.3. Kaayyoo Qorannichaa---------------------------------------------------------------------- 7

1.3.1. Kaayyoo Gooroo------------------------------------------------------------------ 7

1.3.2. Kaayyoo Gooree------------------------------------------------------------------ 7

1.4. Faayidaa Qorannichaa---------------------------------------------------------------------- 8

1.5. Daangaa Qorannichaa---------------------------------------------------------------------- 8

1.6. Hanqina Qorannichaa----------------------------------------------------------------------- 9

1.7. Qindoomina Qorannichaa------------------------------------------------------------------ 10

**Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu** ------------------------------------------------------ 11

2.1. Yaaxxinaalee Moggaasaa ------------------------------------------------------------------ 11

2.1.1. Yaaxxina Xiinhiikaa------------------------------------------------------------------- 11

2.1.2. Yaaxxina Xinqooqaa Hawaasaa ------------------------------------------------------ 11

2.1.3. Yaaxxina Akkeessuu(Onomastic)---------------------------------------------------- 12

2.2. Moggaasa------------------------------------------------------------------------------------ 12

2.2.1. Maalummaa Moggaasa------------------------------------------------------------------ 13

2.2.2. Faayidaa Moggaasa -------------------------------------------------------------------- 14

2.2.3. Amaloota Moggaasa ------------------------------------------------------------------- 15

2.2.3.1. Aadaa Hawaasaa Bu'uureffachuu----------------------------------------------------- 15

2.2.3.2. Aadaan Gargar Ta'uu-------------------------------------------------------------------- 16

2.2.3.3. Uummatummaa Qabaachuu------------------------------------------------------------ 16

2.2.3.4. Hunda Galeessummaa ------------------------------------------------------------------ 16

2.3. Haala Raawwii Moggaasaa----------------------------------------------------------------- 17

2.3.1.Wantoota Moggaasa Wajjin Hariiroo Qaban-------------------------------------------- 17

2.3.2 Maqaafi Siyaasaa---------------------------------------------------------------------------- 17

2.3.3.Maqaafi Amantii----------------------------------------------------------------------------- 19

2.3.4. Moggaasaafi Aadaa------------------------------------------------------------------------ 20
2.4. Aaadaa Oromoo Keessatti Qaama Moggaasa Maqaa Daa'immanii Gaggeessu------ 21
2.4.1. Moggaasa Maatiin Gaggeeffamu------------------------------------------------------------ 21
2.4.2. Moggaasa Hammachiisaan Gaggeeffamu------------------------------------------------ 22
2.4.3. Moggaasa Maqaa Daa'immanii Guddifachaan Gaggeeffamu ----------------------- 22
2.5. Bu'uura Moggaasa Maqaa Daa'immanii--------------------------------------------------- 23
2.5.1. Ayyaanaafi Waqtiilee---------------------------------------------------------------------- 23
2.5.2. Amantii ---------------------------------------------------------------------------------------- 23
2.5.3. Hawwiifi Abdii------------------------------------------------------------------------------ 24
2.5.4. Yeroo Ulfaa, Ciniinsuufi Tartiiba Dhalootaa-------------------------------------------- 24
2.6. Sakatta'a Barruu Walfakkii------------------------------------------------------------------ 24
**Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa ------------------------------------------ 27**
3.1. Saxaxa Qorannichaa-------------------------------------------------------------------------- 27
3.2. Irrawwatamaa Qorannicha------------------------------------------------------------------ 28
3.3. Madda Ragaa---------------------------------------------------------------------------------- 28
3.4. Iddattoofi Iddatteessuu---------------------------------------------------------------------- 29
3.5. Meeshalee Ragaan Ittin Funaanaman----------------------------------------------------- 30
3.5.1. Sakatta'a Galmee Maqaalee---------------------------------------------------------------- 30
3.5.1. Afgaaffii---------------------------------------------------------------------------------------- 31
3.5.2. Marii Garee------------------------------------------------------------------------------------ 31
3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu ------------------------------------------------------------- 31
3.7. Mala Qaaccessa Odeeffannoo -------------------------------------------------------------- 32
3.8. Naamusa Qorannichaa----------------------------------------------------------------------- 32
**Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee** ---------------------------------------------- 33
4.1. Seensa------------------------------------------------------------------------------------------ 33
4.2. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaalee Daa'immanii Yeroo Duraanii-------------- 33

4.2.1. Moggaasa Hammachiisaan Raawwatu---------------------------------------------------- 33
4.2.2. Moggaasa Guddifachaan  Raawwatu ----------------------------------------------------- 34
4.2.3. Moggaasa  MaatiinRaawwatamu--------------------------------------------------------- 35
4.2.4. Moggaasa Gaa’elaan Raawwatu---------------------------------------------------------- 36
4.3. Qooda fudhattoota moggaasa maqaalee daa’immanii Yeroo ammaa------------------- 36
4.4. Bu’uura Moggaasa maqaa Daa’imman Oromoo------------------------------------------ 33
4.4.1. Maqaalee Siyaasaan Walqabatan -------------------------------------------------------- 38
4.4.2. Maqaalee Hawwiifi Abdii Akeekan------------------------------------------------------ 39
4.4.3. Yeroo ykn Waqtiileef------------------------------------------------------------------------ 40
4.4.4. Maqaalee iddoo dhalootaa irratti hunda’an---------------------------------------------- 41
4.4.5. Amantii---------------------------------------------------------------------------------------- 42
4.4.6. Haala yeroo dhalootaa (gaddaafi gammachuu)------------------------------------------ 42
4.4.7. Miidhagina qaamaa  ------------------------------------------------------------------------ 43
4.4.8. Moggaasaalee Sabboonummaan Walqabatan------------------------------------------- 44
4.4.9. Maqaalee Biqiltootaan Walqabatan------------------------------------------------------- 45
4.4.10. Moggaasaalee Dinqisiifannaa Ibsan----------------------------------------------------- 46
4.5. Amala Moggaasa Maqaalee Jabana-------------------------------------------------------- 46
4.5.1. Amala Hiikaa---------------------------------------------------------------------------------- 46
4.5.2. Amala Caasaa--------------------------------------------------------------------------------- 49
4.5.2.1. Caasaa Jechaa------------------------------------------------------------------------------ 49
4.5.2.2. Caasaa Himaa------------------------------------------------------------------------------ 52
4.5.3. Amala Koorniyaa---------------------------------------------------------------------------- 52
4.6. Sababa Jijjiirama Moggaasaa Yeroo Ammaa--------------------------------------------- 53
4.6.1. Hammayyummaa ---------------------------------------------------------------------------- 54
4.6.2. Sabboonummaa ------------------------------------------------------------------------------ 55
4.6.3. Maqaalee Duraan Turan Jibbuu ----------------------------------------------------------- 55
4.6.4. Sababa Amantii------------------------------------------------------------------------------ 56

4.6.5. Dhiibbaa Siyaasaa------------------------------------------------------------------------ 56
4.7. Qaaccesaa Gaaffilee Barsiisotaarra Argame --------------------------------------------- 57
4.8. Qaaccessa Gaaffilee Maanguddootaaraa Argame --------------------------------------- 58
4.9. Qaaccessa Hojjetoota Aadaafi Turiizimii Aanaa Ammayyaarraa Argame ----------- 59
**BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Argannoofi YABOO** --------------------------------------- 60
5.1. Cuunfaa ------------------------------------------------------------------------------------------- 60
5.2. Argannoo ----------------------------------------------------------------------------------------- 61
5.3. Yaboo -------------------------------------------------------------------------------------------- 62
**Wabii**
**Dabaleewwan**

# BOQONNAA TOKKO

# SEENSA

## 1.1. Ariirrata

Maqaan hayyoota adda addaa biratti karaalee garagaraa ibsama. Isaan keessaas Abdulsamad (1994:51) fudhannee yoo ilaalle: "Maqaan jechoota nama, bakka, meeshaa, gochaaf yookaan yaadaaf moggaafamu" jedha. Haaluma walfakkaatuun galmee jechootaa adda addaa keessatti maqaan yeroo ibsamu: Oxford (1995:771*)* hiika maqaaf kennamu *yoo ibsuu, "Name is a word or words by which a person, an animal, a place, or a things is known by and spoken to or about*," jedha. Galamee jechootaa Macmillan English Dictionary (2002:940) yeroo maqaa ibsu,"*Words or sets of words by which a person or things is usually known*" jechuun ibasamee jira.

Yaadota armaan olii irraa wanti hubatamu maqaan moggaasa ykn mallattoo wanti ykn namni tokko waan biro irraa ittiin adda bahu jedhuun ni danda'ama. Maqaan wantoota addunyaa kana irra jiran isa biroo irraa adda baasuuf gargaara.

Hayyoonni maqaaf ibsa akkasii yaakkennan malee maqaan kun yoom akka eegale irratti wanti walii galaan ka'ame hinjiru. Crystal (1989:209) akkas jechuun kaa'a; "We have no direct knowledge of the origin and early development of language and names as well or it is easy to imagine how such knowledge is obtained." Yaada barreeffama kanaarraa akkuma hubachuun danda'amu , haala jalqabbii afaaniifi moggaasa maqaa ilaalchisee yoom akka eegalame adda baasuun rakkisaa ta'uu agarsiisa. Kun immoo, jalqabbiin afaan dhala namaafi moggaasni maqaa yeroo dheeraa kan tureefi walitti dhufeenya qabaachuu isaanii hubachuun nidanda'ama. Yaaduma kana Stewart (1967:5) yeroo ibsu. "No one knows when men came or who gave the first name. There is no sure beginning place and time for naming," jechuun kaa'ee jira. Gababumatti moggaasni yoomiifi eenyuun akka jalqabame beekuun nama dhiba.

Jalqabii moggaasa maqaa yoom akka ta'e baruuf, afaan yoom akka jalqabe baruun barbaachisaa ta'e; jalqabi afaaniif maqaa hidhata guddaa waan qabuuf. Moggaasi afaaniin waan ta'eef maqaan kan jalqabe irga dhalli namaa afaanitti fayyadamuu jalqabeeti jedhuunis ni danda'ama. Yaada kana Ogeessi Smith (1969:168) yeroo ibsu - "*Names undoubtedly originated during the very earliest beginning of the birth of language*," jedha. Yaada kanaarraa akkuma hubachuun danda'amutti, haalli moggaasa maqaa haala jalqabbii afaanii wajjiin hidhata kan qabu ta'uusaati.

Gama biroon maqaan wanta ykn nama tokko kan biro irraa adda baasuuf gargaaraa jedhamee yoo ilaalame, maqaan bu'uuraan tajaajila kanaaf haadhaabbatu malee hidhamni inni bakka bu'aa isaa faana qabu kana qofa jedhuun nama rakkasa. Maqaan callisee kan moggaafamu yookaan kan abbaan fedhe baasu osoo hintaane sababaafi kaayyoo mataa ofii qaba. Maqaan namaas ta'e kan dachee/lafaa nama tokko yookaan bakka tokko kan biroo irraa adda baasuu qofaaf osoo hintaane, ergaa dabarsu qaba.

Gama biraatiin maalummaa moggaasaa maqaa ilaalchisee hayyoonni yaadolee adda addaa kallattii garaa garaan ibsu. Maqaan hawaasa keessatti moggaafamanii jiran kana aadaa,duudhaa hawaasichaatti hiika kan qaban  ta'ee eenyummaa yookaan mallattoo adda baastuu hawaasa tokkoti.Yaada kana irratti Marsanii Bobbaasaa (2008:15) yoo ibsu*,"moggaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko.Hiikni maqaa moggaafamee kunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa,"*yaada kana irraa akka hubannutti hiikni maqaa garee hawaasicha maqaa moggaase keessatti malee bakka birootti hin qabaanne iaalla.Kanaaf maqaan ibsituu yookaan addaan baastuu hawaasa tokko akka ta'e ibsa.

Moggaasni maqaalee kunneen kan aadaa, duudhaa uummatichaa bu'uurrefateen dhiyaata. Kunis maqaaleen moggaafaman kan haala, gochaawwan, guyyaa yookaan sirnaafi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun ta'a.Yaada kana ilaalchisee Oliviu Felecan.(2012: xi).Livy Trans, B.O Forest et.al (1919), wabeeffachuun yoo ibsu *"… the naming system is indeed a theoretical image of the whole culture and in it every formulated aspect of culture is reflected."* Akka yaada kanaatti adeemsa moggaasa maqaaleetti maqaaleen moggaafaman kan aadaa hawaasichaa maraa ibsani yookaan calaqqisiisanidha yaada jedhu ibsa.

Gama biraan addunyaa kana irra namoonni garee afaanota adda addaa dubbatan haaluma afaan isaaniin moggaasa maqaa kana adeemsisu. Haalli moggaasa maqaa naannoo tokko kkan birootti, biyya tokkoo biyya birootti, dubbataa afaan tokkoo biraa kan biro biratti adda adda ta'uu danda'a. Yaada kana ilaalchisee Stewart (1967:4) yoo ibsu, "…tribe speaking different languages and thinking different thought. According to their way of speech  and tought they gave name."  Yaada barreessaa kanarraa akka hubatamutti,  qomoon afaan addaa addaa dubbatu, karaa adda addaa yaada. Innis akkaataa dubbiifi yaada isaatti maqaa baasee akka itti fayyadamu agarsiisa.

Hiikni maqaa moggaafamee kunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaasee keessatti qofa," jedha. Haala kanarraa hubachuun akkuma danda'amu aadaa hawaasni qabu keessaa tokko moggaasa maqaati.Kanarraa ka'uun akkuma afaan mallattoo eenyummaa saba tokkoo ta'e maqaanis mallattoo hawaasa tokkoo ta'uu isaarrayyuu maqaan moggaafamu tokko hiika kan argatu aadaa hawaasa moggaasniitti kenname keessatti qofa akka ta'e hubanna.

Hawaasni tokko namaaf, bakkaafi wanta biroo tokkoof yoo maqaa baasu aadaa isaa bifa calaqqisiisuufi dabarsuu danda'uun moggaasa. Kana ilaalchisuun, Hanks and hudges (1995:vii) yoo ibsan, "A person's name is a badge of cultural  identity. The name that people bear are determined in large part by the culture of that they belongs to," jedhu. Yaada armaan oliirraa hubachuun akkuma danda'amu , maqaan mallattoo eenyummaa akka ta'e hubanna. Gama biraan yoo ilaallu, aadaan immoo mul'istuu eenyummaa saba tokkoo waan ta'eef , maqaan mallattoo eenyummaa hawaasaa ta'uun isaa hubatamuu danda'a. Maqaan moggaafamus aadaa saba sanaan akka murtaa'u kan namatti mul'isu ta'a.

Uummati Oromoos akkuma hawaasa biro aadaa moggaasa mataa ofii qaba.Aadaa Oromoo keessatti moggaasni seeraafi adeemsa maqaa isaa qaba.Adeemsa daa'imman dhalataniif, wantoota uumamaan jiraniif, wantoota haaraa kalaqanii maqaa kennaniifii ittiin waaman tu jira.Daa'immaniif yeroo maqaa moggaasan waan adda addaarratti xiyyeeffatu. Kanneen yeroo moggaasa maqaa daa'immanii aadaa Oromoo keessatti xiyyeeffataman waqtiileefi ayyaana, abdiifi hawwii fuulduraa, yeroo ulfaa, ciniinsuufi da'umsaa, dhala dhabanii turuufi booda furmaata argachuu, maatiin wallolanii araaramuu booda dhalachuu, fedhii maatii malee dhalachuu daa'immanii, du'a ijoollee dura dhalatanii booda dhalachuu, guddinaafi sochii qaama daa'imaa, saalli walfakkaatuwalitti aanee dhalachuu, lakkuu ta'anii dhalachuu daa'immanii, amala daa'ima sanaafi amantiin walqasiisuufi kanaaf kan kana fakkaatan bu'uureffachuuniidha.

### 1.1.1. Maqaafi Moggaasa

Yeroo baayyee maqaafi moggaasa gaafa jedhamu wanta tokkicha fakkaata.Maqaafi moggaasni garuu waan ittiin walfakkatan hedduu haaqabataan malee tokko miti.Wantoota isaan adda baasan hedduutu jiru.

#### 1.1.1.1. Maqaa

Afaan Oromoo keessatti maqaan isa afaan Ingiliziin 'noun" jedhu bakka kan bu'u yeroo ta'u namootaa, bakkeewwanii, waantotaafi kana kana fakkaatan ittiin waamaniidhaafi ykn adda baasuuf gargaara.*"*A noun (also *common noun*) is used to identify a group of people, places or things. kana malees ogeessonni adda addaa maqaa haala garagaraan ibsu.

> *Maqaan waan tokko yookaan wantoota adda addaa lubbuu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii, kanneen ijaan mul'ataniifi ijaan hin mul'anne kan bakka bu'udha.Kana jechuun maqaan qubeelee dubbifamootaafi dubbachiiftota adda addaa irraa jecha tokkoon yookaan jechoota lamaan kan ijaaramu bakka bu'aa waan tokkoo yookaan waamamaa gareeti*.Filee Jaallataa (2016:174)

Akkasumas, maalummaa maqaa ilaalchisee, Crystal (1989:12) yoo ibsu, *" name is a word or a phrase that identifies specific person, place or things,".*Haaluma walfakkaatuun Geetaachoo Rabbirraas (2014:92) yooroo ibsu*, "Maqaa jechuun itti waamama namaa,iddoo,yaadafi kan kana fakkaatan bakka bu'udha,Karaa biraatiin immoo maqaan jecha nama,iddoo,meeshaa,yaada waan tokkoofi kan kana fakkaatu bakka bu'uudha."*jedha. Kanarraa ka'uun maqaan kan namni yookaan wanti tokkoo ittiin baeekamuufi bakka bu'aa ta'uullee nu agarsiisa.

Dabalataan maalummaa maqaa ilaalchisee, Tafarii (1988:98) yoo ibsu*, "Maqaaleen ittiin waamama namootaa, bakkafi wantootaaf kennamuudha,"*jechuun kaa'a. Akka yaada kanaatti namoonni bakkiifi wantoonni kan ittiin waamaman ta'uu agarsiisa.Akkasumas, Abarraa Nafaafi kanneen biroo (1996:158*), "maqaan jecha waan tokko ittiin waamamuuf kennameedha."*yaada jedhu ibsu.Waluumaagalatti akka yaadoolii armaan olitti kennaman irraa kan hubatamu maqaan kan namoonni, bakkeewwanii,yaadafi kan kana fakkaatan wanatoota biro irraa adda bahuun ittii waamaman ta'uu agarsiisuudha.

#### 1.1.1.2 Moggaasa

Mogaasni adeemsa maqaan nama ykn wanta tokko kan biro irraa adda baasuuf mallattoon kennamuuf jechuudha. Moggaasni (name or Naming) maqaa nama ykn wanta tokko kan biro irraa adda baasuuf kennamu jechuudha. Moggaasni namuma ykn wantuma kennamu sanaaf oola.

Gama biroon moggaasni garee maqaa keessa maqaa dhuunfaa kan jedhu qofa bakka bu'a. *Name* is another word for *proper noun*, theoretically.*), ''*A noun is what somebody or something is

called, it is a term or phrase *by which somebody or something is known and distinguished from other people or things,Chamber Dictionary (2005.”.*

Moggaasni maqaa uummanni jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota, namoota, akkeewwaniifi kan kana fakkaataniif maqaa kennuun moggaafamudha.Adeemsa moggaasa maqaa kana keessatti uummanni maqaa yommuu moggaasu akka tasaa yookaan osoo itti hin yaadniin miti;haala qabatamaa naannoo hubannoo keessa galchuun moggaasni maqaa gaggeeffama.Yaada kanaDe Pina-Cabral (2008:5), yeroo ibsu, “the *naming processes carry with them social implications concerning what a person is and how he or she should be placed in the world.”* jedha.

Haaluma walfakkaatuun Filee Jaallataa (2016:174) Danis wabeeffachuun akkas jedha*, “namni tokko yookaan hawaasni tokko maqaa kan moggaasu callisee otoo hin taane seenaa, mudannoofi beekumsa isaa irraa kan ka’edha.”*jedha. Akkasumas, Seefuu Tsaggaayee (2016) qorannoo isaa keessatti, yaada hayyoota deeggaramuun yommuu ibsu,“Maqaan yeroo moggaafamu caljedhee odoo hintaane wantoonni xiyyeeffannoo keessa galan heddutu jiru.Kunis, haala yeroo guyyoota dhalootaa, fedhiifi muudannoo yookaan haala qabatamaa ta’uu danda’a.” jedha.Yaada kana ilaalchisee Steward (1967:65) yoo ibsu*,“Names are not consciously planned like the origin and characterstics of language. It depends on some conditions during or before it is given to a fellow or things,”* jedha. Yaada kana irraa kan hubannu mqaan akkuma amalaafi uumama afaanii moggaafaman itti yaadamee osoo hin taane haala yeroo qabatamaa irratti hundaa’uun kan waantonni moggaafamaniidha. (Tesfaye Gudeta 2015)

Moggasni nama ykn wanta tokoof kennamus nama ykn want sana irratti dhiibbaa qabaachuu danda’a.Zawawi (1996) cited in Agyekum (2006: 208) yeroo ibsan, “*A name constructs a person because the name one bears may create an attitude in those who hear it before they meet the name beare”*

Walumaa galatti moggaasni akaakuu maqaa ta’ee garee maqaa keessaa maqaa dhuunfaa ‘*Proper noun,* kan bakka bu’u ta’ee maqaale akka Caalaa, Gammadaa, Soressaa, Caaltuufi kan kana fakkaatan Bakka bu’aa. Barreeffama keessattis yeroo baayyee qubee guddaan barreeffama. Maqaan immoo gama biroon kan garee namootaa ykn wantootaa bakka bu’u yeroo ta’u innis afaan Inglisziin ‘common noun” kan jedhu bakka bu’a. fakkeenyaaf saree, muka, laggeen, garreenfi kan kana fakkaatan yeroo ta’u barreeffama keessatti yoo jalqaba himaa dhufe malee qubee guddaan hinbarreeffamu. Qorannoo kana keesssatti maqaan isa afaan Ingiliziin ‘noun’

jedhu kan bakka bu’u yeroo ta’u moggaasni immoo isa afaan Ingiliziin “name’ ykn naming kan jedhu bakka bu’a.

Qorannoo kan keessatti haala moggaasa maqaa ilaalchisee, Qaacceessa Jijjirama moggaasa maqa Da’imman Ammayyaa keessumaa bara 1990ALH booda Afaan Oromoon moggaafamaa jiraan Qabiyyeen isaani maal fakkata? Bu’uurri moggaasa maqaalee yeroo amma maali? Maqaleen yeroo amma moggaafammaa jiraan akkamiin mooga’u? Maqaleen kuniin haala aadaa hawwasichaa eegani moggaafama jiru kan jedhu maal akka fakkaatan haala qabatamaa Anaa Ammayyaa, Magaalaa Gindoo maal akka fakkaatu xinxaluudhan qaaccessee dhiheesseera.

## 1.2 **Ka’umsa Qorannichaa**

Akkuma ariirrata keesssatti dhiyaate Oromoon yeroo maqaa moggaasu haala itti moggaasu qaba. Kunis jechuma afaanitti dhufeen osoo hinta’in, abdiifi hawwii gara fuula duraa, waqtiileefi ayyaana, yeroo ulfaa, yeroo ciniinsuufi da’umsaa, maatiin wallolanii araaramuu booda dhalachuu daa’immanii, du’a ijoollee dura dhalatanii booda dhalachuu, lakkuu dhalachuu daa’immanii, fedhii malee dhalachuu daa’immanii, saalli walfakkaatu walitti aanee dhalachuu, amantiin walqabsiisanii moggaasaa turan. maqaaleen kunniinis yeroo moggaafaman caasaafi qabiyyee mataa ofii qabu.

Maqaalee dhuunfaa uummanni Oromoo durii mooggaafachaa turan kunneen sababoota adda addaatiin miidhaan irraan gahamaa akka ture seenaan ni hima. Bara 1990 ALH asitti garuu akka isaaf tolutti dhalootaaf moggaasaa jira. Haata’u garuu, moggaasa maqaalee dhuunfaa Oromoo ganamaa sana eeggate raawwatamaa akka hin jirre yeroo adda addaatti qeequun ni mul’ata. Kanas Sinqinash 2010 keessatti akka ibsametti:“Warri durii sirna durii keessatti qomoo angoofi fudhatama qabu fakkaachuun Afaan Amaaraan moggaafatu, warri ammaa immoo ’faranjii’ fakkaachuuf jechoota waliin makuun maqaalee hiikni isaanii Afaan Oromoo ta’uun xiinxala hedduun bira gahamu moggaafatu”

Haaluma kanaan qoratuus qorannoo kana gaggeesuf waanti ka’umsa ta’eef akka armaan gaditi ibsiterti

Haaluma kanaan moggaasa maqalee dhuunfa Oromoo yeroo ammaakan ganama yookan durii haala qabatamaa yeroo ammaa kanaati kan ganamaa bu’uureffatee moggaafamaa hin jiru

jedhama. Kana jechuun maqaaleen daa'imman oromoo yeroo dhiyoo keessa mogga'aa jiran kan kanaan dura turan irraa waan adda ta'e fakkata.Kun immoo dhimma qorannoo barbaadu ta'a.

**Kanaraa ka'uun qorannoon kun gaaffilee armaan gaditti tarreefamaniif deebii ragaa qabatamaan deggeramen dhiheessee jira.**

- ✓ Jijjirama moggaasa maqaalee daa'immanii ammayya (bara 1990 boodaa) akka magaalaa Amayyaati maal fakkaata?
- ✓ Maqaalee amma moggaafamaa jiran kan duraanii irraa maaltu adda taassisa?
- ✓ Bu'uura Moggaasaalee maqaalee daa'immanii bara 1990 booda jiran maal?
- ✓ Moggaasni maqaa daa'immanii amma moggaafamaa jiru eenyummaa hawaasichaa ijaaruufi guddina afaanichaa saffisiisuu keesatti gumaacha maali qaba?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kan gooroofi gooreetti qoodamee haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa bara 1990 ALH booda maqaaleen moggaafamaa jiran haala aadaa Oromoon mogaafamuufi dhiisuu isaanii adda baasuun qaaccessanii dhiyeessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa immoo:

- ✓ Jijjirama moggaasa maqaalee daa'immanii (bara 1990 boodaa) akka magaalaa Amayaati maal akka fakkaatu xinxaluun ibsuu.
- ✓ Maqaalee amma moggaafamaa jiran kan duraanii irraa adda ta'uu isaa ni mirkaneessuu.
- ✓ Bu'uura Moggaasaalee maqaalee daa'immanii bara 1990 booda jiran maal akka ta'an agarsiisuu.
- ✓ Moggaasni maqaa daa'immanii amma moggaafamaa jiru eenyummaa hawaasichaa ijaaruufi guddina afaanichaa saffisiisuu keesatti gumaacha/dhibbaa inni qabu ibsuu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Aadaa Oromoo keessatti maqaan tajaajila hedduu qaba.Moggaasni duudhaa, seenaafi safuu hawaasichaa calaqqisiisa. Maqaan yeroo moggasamus of eeggannoo mataa isaa barbaachisa. Maqaan qaama xiqqaa afaanii tahee eenyummaa gadi fagoo namaa kan mul'isuuf gargaara, Brown (2006:486). Haaluma kanaan jijjirama moggassa maqaalee daa'immanii Afaan Oromoon bara 1990 ALH moggaasamaan xinxaluun faayidaalee armaan gadii qabachuu danda'a. Isaanis :

- Qorannoon kun yoo ol ka'ame labata itti aanuuf yookaan namoota haala moggaasa maqaa daa'immanii, qabiyyee isaa beekuu barbaadaniif hubannoo kenna.
- Moggaasni maqaalee yeroo ammaa jiran ergaa akkamii akka dabarsaniifi sababa maqaa namooni itti jijjiiratan maal akka fakkaatu waan ibsuuf, madda beekumsaa ta'ee tajaajiluu danda'a.
- Gara fuula duratti namoota mata duree kanaan walitti dhufeenya qaban irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaafi akka madda odeffannootti tajaajiluu danda'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Akkuma mata duree irratti ibsame qorannoon kun maqaalee daa'immanii kan bara 1990 ALH' booda moggaafaman xinxaluu irratti xiyyeeffate. Qabiyyee ilaalchisee maqaaleen kunniin erga akkamii akka dabarsan, jechuun moggaasa maqaa kanniinii booda ergaan darbuu barbaadame maal akka ta'e xinxaluu irratti xiyyeeffata.Kana malees haala Oromoon duraan maqaa itti moggaasaa tureen moggaasamuufi hawwaassin naannichaa maqaalee yeroo ammaa moggaafamaa jiran irratti ilaalcha akkamii akka qabu xinxaluu irratti xiyyeeffate.Bakka ilaalchisee maqaalen naannoo Oromiyaa keessa jiran hunda ilaaluun haala qabatamaa yeroofi maallaqaan waan danda'amu miti. Kanaaf qorannoon kun maqaalee daa'immanii bara 1990 ALH booda moggaafaman kan Aanaa Ammayyaa, magaalaa Gindoo qofa irratti xiyyeeffate. Haata'u malee yeroo ammaa kana Amantii, siyaasaafi ilaalchi naannoo Oromiyaa haalaan waan walfakkatuuf maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiran waan kan naannoo akkasiiti jechuun rakkisaa ta'uu danda'a. Kanaaf yeroo naannoo magaalaa Gindoo jennu iddoo ragaan qorannoo kanaa irraa funaaname jedhamee fudhatamuus ni danda'a.

### 1.5.1. Yeroo Ilaalchisee

Qorannoon kun yeeroo inni fudhatee of keessati hammatu ilaalchise baraan daanga'era.Kunis (1990) kaasee haanga ammati jechuun 06/13/2011 maqaa barattoota kuuta 7fi 8 ilaaludhani.Baay'ini daree lammanii kunis hedduu ta'urraan kan ka'ee baay'inni barattootas heddudha.Kana huunda ilaaludhaaf immo yeeroofi maallaqa heddu waan barbaduuf isaan keessaa maqaa hiikni isaa Afaan Oromoo ta'e 89 filachudhaan irratti xiyyeeffachun qorannoo kan geggeeffamae.

### 1.5.2. Erga maqaa Ilaalchisee

Maqaan namaafis haa ta'u waantoota lubbuqabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii naannoo keenya keessaatti argaman akka ittiin waamamaniif jecha kenamudha.Maqaan tokko yeroo mogga'u sababa moggafamaniif yookaan dhaamsa dabarsan qabu.Kanaraa ka'uun qorannoon kun kan irratti xiyyeeffattee ergaa maqaaleeen kunniin kallattiin qaban yeroo ta'u, qorannoon kun erga dhokataa maqaalee kanniin faana walqabatan irratti hinxiyyeeffatu.Sababniisaas hiikni dhokataan namaa namatti adda ta'uu danda'a. Gama biroon ergaa dhokataan abbuma moggaafateef malee hawaasa bal'aaf ifa ta'uu dhiisuu. Kana malees ergaa dhokotaan akka abbaan itti ilaalu irratti waan hundaa'uuf.Gama biroon ergaan kallattii namoota hedduu biratti ifa ykn hawaasa maqaan sun keessatti moggaafamee biratti haalaan waan hubatamuuf, kallattiin xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ergaa kallattii irratti akka xiyyeeffatu ta'e.

### 1.5.3. Koorniyaa ilaalchisee

Maqaleen Oromoon moggafatu koorniyaa ilaalchisee fakkeenyaaf yoo qeeroo ta'ee dinagdee, Gudataa, Margaa jechuun yoo moggasaan yoo qarree tatemmo Sooretii ,Haadhafiraa jechuun moggasu. Qorannoo kana keessattis maqaaleen Gama koorniyaa lammaniin jiran erga akkamii akka qaban ni ilaala. As keessatti ergaan Gama kornniyaa lammaniin darban tokkummaafi garaagarummaa akkamii akka qaban ni ilaalamu.

## 1.6 Hanqina qorannichaa

Qorannoon Kun yeroo geggeesamaa turetti rakkooleen mudataniifi furmaati fudhatame akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

- Kitaabileen akka wabiitti gargaaramuu danda’u Afaan Oromoon Kan qophaa’e quubsaatti argachuu dhabuufi kitaabilee Afaan Ingiliffaan qopha’an barbaadee Afaan Oromootti hiikuun haala yeroofi dandeettii afaan hiikuu qabuun walqabatee rakkoo guddaa natti ta’eera. Haata’u gargaarsa namoota jijjiirraa irratti muuxannoo qabanii fayyadamuun furuuf yaaliin godhamee jira
- Maddooleen ragaa irraa funaaname, raga quubsaa kennuu dhabuu, hiika maggaasa maqaa da’immanii beekuu dhabuufi yeroo bellamaatti argamuu dhabuun qorannoo kanaaf gufuu turan.
- Qorattuun dhuunfaan waan barattuuf qarshii qorannoo kanaaf barbaachisu akka gaariitti argachuu dhabuunis hanqinoota mudatan keessaa isa biroodha.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon Kun Boqonnaa Shanitti Qoodamee Dhiyaate. Boqonnaan jalqabaa Seensa yeroo ta’u isa jalattis: ariirrata qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree qorannichaa, Faayida Qorannichaa,Daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa akkasumas qondoomina qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa Lammaffaan sakatta’a barruu yeroo ta’u innis bakka gurguddoo lamatti qoodamee dhiyaate. Sakatta’a barruu yaad-rimeefi sakatta’a barruu walfakkiiti. Boqonnaa sadii keessatti immoo mala qorannichaatu dhiyaate.Innis,Mala qo annoo ,Irraawwatama,qorannichi itti gageeffame,maddeen ragaa qorannichaa,filannoo iddattoo qorannichaa,maloota iddattoofi maloota odeeffannoonitti walitti qabameefi ittiin qaacceeffame akkasumas,meeshaalee funaansa ragaaf hojiirra oolan keessatti ibsameera. Boqonna Afur ragaan qorannichaaf sassabame keessatti yaada hayyootan deggeramee xinxalamee jira. Boqonnaa shanaffaa keessatti immoo cuunfaa qorannichaa,argannoo qorannichaafi yaada furmaataa itti qindaa’anii ibsamaniiru.

# BOQONNAA LAMA

# SAKATTAA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti qorannoolee akaakuu lamatu sakatta’ama.Isaanis qorannoo yaada mataduree kana balballomsan sakatta’uu yeroo ta’u, inni biroon immoo qorannoolee mataduree kanaan hariiroo qabaatanii kanaan dura hojjetaman sakatta’anii dhiyeessuu ta’a.

## 2.1. Yaaxxinaalee Moggaasaa

Kutaa kanakeessatti yaadxinaalee adeemsa moggaasa maqaan walqabatantu sakatta’amee dhiyaata.Haaluma kanaan yaxxinaaleen kunniin yaaxxinooti moggaasa irratti xiyyeeffatan sadiitu sakatta’amee dhiyaate.Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

### 2.1.1.Yaaxxina Xiinhiikaa

Moggaasi yeroo jedhamu unkaa tokko waan tokkoof kennuu qofa osoo hintaane kan jalqaba ilaalamuu qabu hiika. Hiikni wiirtuu Moggaasaati. Mogaasa tokko kan fudhatam isa argachiisu hiika qabaachuu isaati. Yaada kana Anderson-2007:73) yeroo ibsu*“One of the tradition that has been much concerned with names has derived by traditional philosophical concernes with connotation and denotation,sense and references, particular and general terms and truth…model-theoretic semantics and its view of names*.”

Moggaasi tokko waan bakka bu’u qaba.Wanta bakka bu’u sanaaf immoo hiika isaati jechuudha. Hiikni kun garuu namoota hundaaf walqixa ifa ta’uu dhiisuu danda’a. Yeroo kana moggaasa sanaaf hiikni kennamu maal akka ta’e beekuuf immoo namoota moggaasa sana keessatti qooda fudhatan ykn haala moggaasi sun keessatti raawwate biraa qorachuun barbaachisaadha. Qorannoo kana keessattis moogaasi ergaa maali akka dabarsaniifi akkamiin akka raawwataman xinxalamee dhiyaata ykn qoratamee ibsi itti kennama.

### 2.1.2. Yaaxxina Xinqooqaa Hawaasaa

Moggaasni qaama afaaniiti, xinqooqinni immoo seeraafi amala afaan tokkoo qorata.Yaadxinni kunis moggaasi tokko yeroo geggeefamu seeraa afaan maoggaasi sun keessatti geggeefamu walsimachuu qaba jedha. Kanaaf moggaasi tokko seera afaanichaaf abboomamuu qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Gama biroon, caasaa Afaanii keessatti maqaaleen haala itti faca’anii jiran irratti xiyyeeffata.Yaaxxina kallattii xinqooqaa keessatti maqaaleen afaan kamiyyuu ulaagaa

xinqooqa afaanichaa eeguun qoratama.Kana jechuun ulaagaan afaan tokko keessatti hojiirra oolu kan afaan biroo keessatti garagaara miti.

> Yaada kana irratt (Anderson-2007:73 ) yoo ibsu: *"The philosophical tradition, and in recent years, at least, has to some extent impinged on the latter, has been concerned with the manifestation of names in different languages and is framed within different theoretical linguistic frameworks."*

Qorannoo kana keessattis maqaaleen moggaafaman seera afaan oromoo guutee moggaafamuufi dhiisuun isaa ni sakatta'ama. Maqaa yeroo ammaa moggaafamaa jiran gama seera afaan oromoon maal akka fakkaatanu xinxalamee dhiyaata.

### 2.1.3. Yaaxxina Akkeessuu (Onomastic)

Akkuma duraan ibsame, maqaalee yeroo dhiyoo keessatti daa'immaan Oromoof moggaafamaa jiran ilaaluu keessatti duraan moggaasi aadaa Oromoo keessatti maal akka ture ilaaluun barbaachisaadha.Yoo isa duraan ture beekantu isa ammaa dubbachuun danda'ama.Yaadxinni kunisa yaaduma kana jajjabeessa. Yaadxinni akkeessus qorannoo maqaa kan ammaas ta`e kandurii qorachuuf waantota durii duubatti deebi`uun ilaaluun barbaachisaa ta`uusaati ibsa.Haaluma kanaan madda maqaalee, moggaasni maqaalee hawaasa keessatti haala akkamiin akka raawwatamu, ilaaludha.

Yaada kana (Anderson-2007:76) yommuu ibsu, *"The third tradition in name studies that confronts us is that which specically focuses on names of different sorts, onomastics. This has often been construed as concerned only with the origins of names which certainly present their particular problems, compared with the etymologies of other names."*

Qorannoo kana keessattis moggaasi maqaa oromoo duraanii maal ture kan jedhu ilaaluun amma immoo maal fakkaata kan jedhutu ilaalama. Gabaabumaatti hariiroon aadaafi moggasaa yeroo ammaa maal akka fakkaatutu xinxalamee dhiyaata.

## 2.2. Moggaasa

Kutaa kana keessatti moggaasi maal akka ta'eefi akkam ta'uu qaba yaada jedhutu ibsama.Gabaabumaan hiika mogaasaafi ulaagaa moggaasi tokko guutuu qabutu dhiyaata.

### 2.2.1. Maalummaa Moggaasa Maqaa

Galmee jechootaa adda addaa keessatti maqaan "Aword or a combination of words by which a person, place, or thing, a body or class, or any object of thought is designated, called, or known."Jedhamee ibsamee jira. Kana jedhuun bu'uurri moggaasaa nama tokko nama biro irraa ykn wanta tokko wanta biro irraa addaan baasuudha. The name given to a baby distinguishes him/her and also incorporates him/her fully into the wider society, (Tesfaye Gudeta, 2015). Kana jedhuun garu maqaan nama ykn wantoota addaan baasuu qofaaf tajaajila jechuu miti.Adeemsa moggaasa maqaa keessatti uummanni maqaa yommuu moggaasu akka tasaa yookaan osoo itti hin yaadniin miti;haala qabatamaa naannoo hubannoo keessa galchuun moggaasni maqaa gaggeeffama.

> In this view, naming a child among Oromo has a social context within which it is embedded and become parts of the name itself. As a result, names start with pointing individuals and move towards various people-or towards institutions relevant to the namer's "state of mind" or mindset. As a result, names are believed to have influence on the behaviour of the bearer, Tesfaye Gudeta, 2015.

Yaada kana irratti Filee Jaallataa (2016:174) Danis wabeeffachuun akkas jedha*, "Namni tokko yookaan hawaasni tokko maqaa kan moggaasu callisee otoo hin taane seenaa, mudannoofi beekumsa isaa irraa kan ka'edha."*jedha.

Akkasumas, Seefuu Tsaggaayee (2016) yeroo ibsu, "Maqaan yeroo moggaafamu caljedhee odoo hintaane wantoonni xiyyeeffannoo keessa galan heddutu jiru.Kunis, haala yeroo, guyyoota dhalootaa, fedhiifi muudannoo yookaan haala qabatamaa ta'uu danda'a."jedha.Yaada kana ilaalchisee Steward (1967:65) yoo ibsu*,"Names are not consciously planned like the origin and characterstics of language. It depends on some conditions during or before it is given to a fellow or things,"* jedha.

Yaada kana irraa kan hubannu maqaan akkuma amalaafi uumama afaanii moggaafaman itti yaadamee osoo hin taane haala yeroo qabatamaa irratti hundaa'uun kan waantonni moggaafamaniidha.

### 2.2.2. Faayidaa Moggaasa Maqaa

Moggaasni maqaa hawaasa keessatti faayidaa hedduu qabaata. Adaa Oromoo keessattis, maqaan maalummaa, duudhaa, aadaa hawaasni tokko keessa jiraatu kan calaqqisiisuu danda’udha. Yaada kana Tasfaye Gudeta 2015 akka armaan gadiitti dhiyeessa:

- Distinguish him/her from the others serving as self-identification.
- Involve him/her to the wider community or the physical world of human existence.
- Attach a baby to society or ancestors

Maqaaleen moggaafamanis hawaasa sana keessatti hiika mataa isaa qaba waan ta’eef saba tokko kan biroo irraa addaan baafnee hubachuuf moggaasni maqaa iddoo guddaa qaba.Kanaaf namni sun saba kami irraa akka ta’eefi bu’urri moggaasa sanaa maal akka ta’ellee tilmaamuu nama dandeessisa. Yaada kana kan cimsuu Danesi, M (2004:104*), “All names have historical and cultural specific meanings…Documents reveal that early peoples gave some a name with a definite knowledge of its meaning.”*Yaada kana irraa waanti hubannu bu’uurri moggaasa maqaa seenaafi aadaa hawaasaati.Hiikni maqaalee namootaa kan qabaachuu danda’u aadaa hawaasichaa keessatti qofaa akka ta’e ibsa.

Gama biraatiin moggaasni maqaa haala maatiin yeroo daa’imni keessatti dhalatte ibsan ittiin beekaman yookaan addaan baafnee hubachuuf gargaara.Kana ilaalchisee Elias (2004:44) yoo ibsu, *“A name describes the import or the birth and the happiness, sadness or ambivalence of the parents upon occasion,”*jedha.Yaada kana irraa kan hubannu maqaaleen kan moggaafaman haala maatiin keessa turan gammachuu, gadda yookaan yaaddoofi kan kana fakkatu irratti hundaa’uun maqaaleen kennama.

Gama biroon maqaan moggaafamu daa’ima tokko addunyaan walqabsiisuuf tajaajila. Yaada kana ilaalchisee

“The naming ceremony incorporates a child into the world of human existence. This is because of the fact that the naming of a child is seen as uniting an individual child with the ancestors and the society, .

Maqaaleen kunniinis aadaa irratti hunda’anii kan moggafaman yoo ta’e da’imni tokko dhaloota darban ykn dhufan faana akka hariiroo qabaatan taassisa.

Moggaasni maqaa jiruufi jireenya namootaa keessatti taateewwan raawwatamanii kan akka seenaa,aadaa,naannoofi bartee hawaasaa namatti himuu danda'a.Waktole Hailu (2017:53) akkas jedha*, "Names serve as symbols which will remain with people thought their lives.Even it is capable preserving culture to the next generation."*Yaada kana irraa akka hubanutti maqaan jiruufi jireenya namootaa keessatti mallattoo ta'ee tajaajila. Dabales ,aadaa hawaasaa dhaloota itti aanutti dabarsuuf qooda guddaa qaba.

Yaada kana cimsu Abdulganiy Olatunjiand et.al (2015:74) yoo ibsu, *Name serves sasthesocio-cultural expression and elucidation of self-concept. Fromthe interaction istperspective, namesarenotjustabstracttermscouchedinindefiniteness, theyare more than mere labels, but loaded with meaningful and symbolic connotations.*

Maqaaan aadaa duudhaafi walitti dhufeenya namni/sabni tokko kan biro faana qabus ni ibsa. Gama kanaan maqaan bakka bu'ummaafi hiika ykn ergaa dabarsu qaba. Gama biroon ibsuuf, moggaasni maqaa qaama aadaa waan ta'eef, mallattoo eenyummaafi aadaa hawaasa keessaa tokko akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Kanaaf, moggaasa maqaalee irratti hundaa'uun maalummaa, eenyummaa namootaa dhuunfaa addaan baafnee beekuuf kan gargaaru akka ta'e yaadolee armaan oliirraa hubachuun danda'ama

### 2.2.3. Amaloota Moggaasa Maqaa

Moggaasni maqaa amaloota adda addaa qabaachuu danda'a. Isaanis: moggaasni maqaa aadaa hawaasaa bu'uureffatee, moggaasni maqaa bakka bakkatti gargar ta'uu, moggaasni maqaa hunda galeessaa ta'uufi moggaasni maqaa uummatummaa qabaachuu jedhaman ta'a.

#### 2.2.3.1. Aadaa Hawaasaa Bu'uureffachuu

Amala moggaasni maqaa qabu keessaa tokko maqaan kan moggaafamu aadaa hawaasaa keessatti raawwatamuu isaati.Yaada kana ilaalchisee Waktole Hailu (2016:52) akkas jechuun ibsa, *"Naming is is highly related with culture and each society has its own ways of giving names"* Yaada kana irraa kan hubannu moggaasni maqaa hariiroo aadaa hawaasaa qabu irratti hundaa'uun raawwatama jedhu argina.

Uummata oromoo birattis maqaan kan moggaafamu akkaataa aadaa Oromoo irratti hundaa'ee akka moggaafamu qorannoon adda addaa ni ibsu." Naming a child among Oromo has a social context within which it is embedded and become parts of the name itself. As a result, names start

with pointing individuals and move towards various people-or towards institutions relevant to the namer's "state of mind" or mindset, Tesfaye 2015.

Akkas jechuun garuu maqaan hundi aadaa qofa irratti hunda'a jechu miti. Maqaa aadaa keessatti moggaafame yaa ibsu malee , maqaaleen aadaa tokko keessa jiran hundi seeraafi heera saba tokkoo eegee argama jechuun rakkisaadha.

**2.2.3.2. Aadaan Gargar Ta'uu**

Haalli moggaasa maqaa jiruufi jireenya hawaasaa naannoo irraa naannootti jiran irraa adda adda ta'uu danda'a.Kana ilaalchisee Mphela (2001) yoo ibsu, *"people from different culture patterns or approaches in naming their children"* Yaada kana irraa wanti hubachuun danda'amu moggaasni maqaa haalli itti raawwatamu aadaa hawaasa garaa garaa keessatti adeemsaafi gosa adda addaa akka qabu ibsa.

**2.2.3.3. Uummatummaa Qabaachuu**

Jiruufi jireenya lubbuu qabeeyyii keessaa adeemsa moggaasa maqaa kan raawwatu dhala namaa akka ta'e barruulee tokko tokko ni himu.Yaada kana ilaalchisee AbdulganiyOlatunjiand et.al (2015:74) yoo ibsan, *"Another importan tfactaboutnameis that,it is only human beings that have the gift of naming individuals with specific names."* Akka barruu kana irraa hubatamutti moggaasa maqaa namootaa dhuunfaaf kan kennamuu danda'u akkasumas kan dhala namaa qofaa akka ta'e ibsa.Kanuma irraa ka'uun moggaasa maqaa amala addaa qabaachuu isaa hubanna.

**2.2.3.4. Hunda Galeessummaa**

Namoonni addunyaa kana irra jiraatan aadaafi duudhaa adda addaa maqaa ittiin moggaasan haaqabaataniyyuu malee waanti tokko isaan taasisu keessaa moggaasa maqaa raawwachuu isaaniiti.Kana ilaalchisee ilaalchisee Waktole Hailu (2016:52) yoo ibsu, *"Naming is a universal cultural practice.In every society the world, people are given names."* Yaada kana irraa kan hubannu moggaasni maqaa kan aada kamuu keessatti raawwaatamuu isaa ibsudha.Kun immoo moggaasni maqaa amala aadaa hunda keessatti argamu qabaachuu akka ta'e hubachuun danda'ama.

### 2.3. Haala Raawwii  Moggaasaa

Moggaasni yeroo geggeefamu waan irratti hundaa'u qaba, haala itti moggaafamu qaba. Yaada kana ilaalchisee, Tefaye (2015) yeroo ibsu: "In most parts of Africa, naming a child is a big ceremonial event involving the immediate families and sometimes villagers." Uummanni aadaa, duudhaa isaa keessatti maqaalee haala adda addaa irratti namaaf, bakkaafi beeyladoota isaaf maqaalee moggaasa.Moggaasni maqaa haalaaafi yeroo keessatti hundaa'uun kan namootaa, waantotaaf maqaan kennamuu danda'udha.Yaada kana irratti Filee Jaallataa (2016:274) yoo ibsu*, "Maqaan sababoota adda addaa wajjin wal qabsiisuun yookaan immoo mudannoowwan adda addaa irratti hundaa'uudhaan moggaafama."* Akka yaada kanaatti moggaasni maqaalee kan gaggeeffamu haala yookaan mudannoowwan yeroo daa'imni itti dhalate irratti hundaa'uun maggaafama. Kana keessatti maqaaleen moggaasa sanaa haala qabatamaa irratti hundaa'uun moggaasni kennamu hiikni yookaan ergaan isaas adda adda ta'a.

Yaada kana irratti hundaa'uun moggaasni maqaa haala addaa addaa keessatti raawwatamu danda'a.Isaanis: Haala raawwii moggaasa maqaa dhalootaa, moggaasa maqaa Oromoomusuu, moggaasa  maqaa gaa'eelaafi kan kana fakkaatan keessatti maqaalee moggaafamuu danda'a.

### 2.2.3.Wantoota Moggaasa Maqaa Wajjin Hariiroo qaban

Moggaasa faana wantoonni hidhata qaban hedduutu jiru. Isaan hunda waliinga'uun kaayyoo qorannoo waan hintaaneef kan qorannoo kana faana hidhata qaban akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

#### 2.2.3.1 Maqaafi Siyaasaa

Haala siyaasa yeroo tokko keesatti hawaasa tokkoon leellisamuu waliin walqabatee mogga'a.Hawaasichi fedhiifi hawwii siyaasaa isaa ittiin ba'uu niidanda'a.kunis jijjiirama akka dhufu barbaadu, namma yookaan partii akka angootti dhufu barbaadu, paartii siyaasaa akka angoo gadhiisu barbadu giddu galeeffachuun  hawwiifi abjuu isaa ittiin dhugoomfachuuf itti gargaarama.

Kanaa walqabatee maqaaleen bara mootummaa dargii moggaafamaa turaan keessaa murasni; Mangistuu, Abiyot. Hizbaawwiifi kan kana fakkataa.  Akkasuma yeroo ammaa maqaaleen fedhii siyaasaa ibsan ni mogga'u, kanneen akka Bilisummaa, Bilisee, Didii, Walabummaa, Diinaan lol

faa baay’inaan moggaafamanii argina. Yaada kana kan deggeruun akka armaan gadiitti ifee ni’argama:M. T. Chauke,(2015:307), akka jidhutti:

> “*Related to the politics of the day in the countr,These names may relate to political incidents or the activities of politicians. Name-givers may choose names of some prominent political leaders whom they wish their children to emulate. As far as political incidents are concerned they name their children after such occurrences in order to mark their involvement or record them as the most important dates in their lives*.”

Akka yaada kanaatti maqaaleen hidhata siyaasaa ofkeessaa qaban haala siyaasaa yeroo sanaa biyya tokko keessa jiru wajjiin angawoota siyaasaa bu’uureffata. Namoonni maqaa moggaasan nama akka inni angoo fudhatu hawwaniifi deggeran yookaan hoogganaa siyaasa deggeranii maqaa inni ittiin waamamu daa’ima isaanii itti fakkeefatanii moggaafatu. Qooda fudhannaa keessatti qabaniif galtee argataniif akka yaadannootti itti gargaaramu.

Maqaa siyaasa biyyaatiin walqabatee mogga’u gama biraatiin yoo ilaalle, M.T. Chauke, (2015:308) irraa akkana jichuun kaa’eera**.** “*The name is a symbol of hope. By giving a child this name the people externalise the hurt, pain, and bitterness of the past by building a fortress of forgiveness within themselves”* ibsi yaada kanaa gabaabaati yoo taa’e, Namoonni abdii cimaa qabaniif akka mallattootti itti gargaaramuuf mucaa isaanifi maqaa moggaasaanitti waa’ee ba’uun ibsatu; kanumatti waa’ee ba’uun hubiifi miidhaa akkasumas dhukkubbii hamaa isaan summeesse, duraan kan ofirraa qaban saniif daannoo araaraa yookaan kattaa jalatti oolan godhanii ilaaluu jedhee dubbata.

Siyaasni biyyi keenya Itoophiyaan hordofuun keessa dabarte aadaa oromoof muuxannoo maqaa moggaasuuratti asaxaa hamaa ta’e uumee darbeera. Yaada kana Tasfaayee (1993:56) waa’ee dhokachuu fi baduu aadaa, afaaniif maqaa saba Oromoo ibsu,

> *”Mootummaa Itiyoopiyaa kan Minilikiifi booda isaa Teewoodroosiifi Minilik jalqabaan harkaa fuudhanii jabeessuudhaan itti fufan.Oromoota balleessuudhaaf Amaaressuuf abjoochuudhaan ka’anii haqaafi guddina Oromiyaarra hejjetaniiru. Karaa jireenya hundaan Oromoon qoodamee, tuffatamee, ukkaamsaafi saamicha bifa hedduutu irratti raawate, mallattoon oromoo kan afaan, aadaa, maqaafi seenaa dhalootaa akka badu karaa hundaan carraaqame. ” jechuun kaa’eera*

Yaadani kun kan dhugoomsu tokko sirnoonni siyaasaa darban hacuuccaa cimaa uummata Oromoorraan gahaa turan keessatti maqaa uummata Oromoo faaluun waliin makuu keesatti qooda olaanaa qabu. Faalamni maqaaratti geggeefame kun hir'achaa kan jiru ta'ullee, ammallee kan itti fufiinsaan adeemaa jiru ta'uun dhugaa har'allee mullatu ragaadha.

### 2.2.3.2. Maqaafi Amantii

Uummanni amantaa qabuu keessatti moggaasa raawwachuu danda'a.Kana irraa ka'uun namni tokko amantii mataasaa hordofu keessatti maqaalee gama amantiitiin hiika kennuu danda'u irratti hundaa'uun maqaalee moggaasa. Fakkeenyaaf, nama maqaan isaa/ishee Yohaannis, Pheexiroos, Ganat.... amantiin isaanii kiristaana.Nama maqaan isaa/ishee Alii,mohaammad,Ayishaa.Hawaa ta'an immoo amantiin isaanii musiliima akka ta'e hubachuun dandeenya. Dirribii Damuusee (2012:53)

Amantiin aadaa maqaa namaaf mogga'u dhiibuu, hubuuf dhabamsiisuu keessatti iddoo olaanaa qabata. Amantaan hawaasa tokkoo kan duraan turerraa gara biraatti yeroo jijjiiramu, ilaalcha inni duraan jiruuf jireenya isaatiif qabu nii jijjiira; dudhaa inni duraan ijaaree qabu, saffeeffannaa aadaasaa keessatti kunuunsee baatee dhufe harkaa gatuu niidanda'a. Amantaa inni kabajee qabee jaarraadhaaf eege harkatti busheessee kan waa'ee hin baasne fi dogoggoraa godhee harkatti rakasiisuufi tuffachiisuuf humna guddaa qaba.

Amantaan Afaan duraan ittiin lallabamuu eegale sana fudhatee gara hawaasa haaraatti seena. Afaan imoo baattuu aadaa akkata'e hayyoonni afaanii raga nibahu kanaafuu afaan aadaas baatee gara hawaasa itti dhaquutti seena, yeroo kana kan duraan turerratti dhiibbaa gama hundaan taasisa. Keessattuu aadaafi afaan faaluun wal-makaa taasisa, suuta suutaan dhoree akka dheertuu qilxuuratti biqilee dhaaluu niidanda'a. Kanarraa ka'uudhaan dhiibbaan amantiin moggaasa maqaarattiii iddoo guddaa akka inni qabu ilaaluu nidandeenya.

Amantaafi aadaan oromoo rakkoowwan armaan oliif kanneen saaxilaman keessaa isa tokko.Oromoon sababiiwwan amantaa addaa garaa simatee ittimadaqeef, dudhaawwaniif aaddaawwan boonsaa ta'an kan jaarraa hedduuf walitti kuufate, kan akka gaaraa hinmixxiqine fakkaatuu san suuta suutaan haadhee hossee taasiseera.

Kana jechuun Amantaan tokko yoo jalqaba warra Arabaa biratti jalqabe ta'e, ilaalcha uummata Arabaa, aadaa uummata Arabaafi jechoota afaan Arabaa hedduu baatee gara saba itti amantichi lallabamutti deema jechuudha.Yeroo keessaa seenuu jalqabu Amantaa hawaasaa jijjiiruurra darbee suuta suutaan jechoota afaanichaa jecha afaan amantiichi ittiin lallabamuun dhaalamaa bakka bu'aamaa adeema. Aadaafi dudhaan duraan tures suuta suutaan bakka gadhiisaa inni haaraan bakka fudhataa dhaalaa dhaalamaa deema. Akkuma kanas jechi dur hawaasni maqaa baasuuf itti waa'ee ba'u gara ilaalcha hintaaneen ilaalamuu jalqaba; inni dura xuraawaa inni haaraan qulqullaawwaa, inni duraa kan Rabbiin jaallatamee hinsimatamne, inni haaraan afaan Rabbii kanta'e ta'ee hubatamuu eegala. Inni kan biraan warri amanticha lallaban afaanicha ittiin lallaban hiikuun gara afaan hawaasichi beekuutti fiduurra akkuma jiruttu itti gargaaramuu filatu.Uummani Oromoo yeroo adda addaa keessatti amantii isa kansaatii' Waaqeffataa' malee amantii adda addaa fudhatee itti of madaqsee jiraateera, amantiin isaan hangafti akka fakkeenyaatti kan kaafaman Amantii kiristaanummaafi Isilaamummadha.

Dirribii Damuusee (2012:53) hariiroo maqaafi amantii akkanatti ibseera"… maqaa ijoollee ofiillee kan abbaafi akaakilee isaa kan akka Roobaa,Guyyoo,Galataa, Daraartuufi kan kana fakkaatan dhiiseetu inni kiristaana ta'e Salamoon, Asteer, Yohaannis fi kan kana fakkaatu baafate.Inni musiliima ta'e immoo Mahaammad, Juneeddii, Ayishaa, Abdallaa, Jamiilaafi kan kan fakkaatan moggaafate" jechuun kee'ee jira.

### 2.2.3.3. Moggaasaafi Aadaa

Moggaasni maqaa daa'immanii yoo kennamu aadaa saba yookaan hawaasa moggaasa sana kennee keessatti hiika qabaachuutu irra jira. Kana jechuun moggaasni maqaa uumama afaanii wajjin kan walqabateefi afaan immoo ibsituu aadaa saba tokkooti. Haaluma kanaan, uummanni Oromoo aanichaa akkuma hawaasa biraa daa'immaniif yoo maqaa moggaasu, akkataa kanaa oliitti ibsameen ta'a.Kun akkuma jirutti ta'ee uummanni Oromoo garuu aadaa, safuufi duudhaa mataasaa qaba. Yeroo daa'imman isaaf maqaa baasu fedhii, hawwii, gaddaafi gammachuu, bu'uura godhachuun maqaa moggaasa.

Yaaduma armaan oliirra akkuma hubachuun danda'amutti, moggaasi maqaa aadaa hawaasichaan kan murtaa'u ta'a.Kunis hiikni maqaa mogga'u sanaa kan ifa ta'u irra caalaa aadaa hawaasa

maqaa moggaase sana keessatti ta'a jechuudha.Kana ilaalchisee Smith (1969:268) yoo ibsu, "The exact connotation of the name is that in the mind of the giver ," jedha.Yaada kanarraa kan hubannu,hiikni moggaasa maqaa sammuu nama maqicha moggaasuu keessaa akka maddu agarsiisa.

Haaluma kanaan moggaasni maqaa daa'immanii hiika guutuu argachuu kan danda'u aadaa hawaasa maqaan sun keessatti kennamee biratti qofa ta'a.Akka fakkeenyaatti maqaan "sooreetii, Sooreesaa, Caalaa, Caaltu" jedhu Oromoota biratti malee hiika qabaachuu kan hindandeenye yoo ta'u, maqaan "Alamayoo, Biraanu" jedhu immoo hawaasa Afaan Amaharaa beeku qofa biratti hiika qabaata. Haaluma kanaan walitti dhufeenya aadaafi moggaasa maqaa ilaalchisee "Smith kan kaa'e kan deeggaru Dunkling (1977:47) yoo ibsu,"Men give name depending on culture of the society. Name have been given in mythical relationship between the name and the person who heard," jedha.Yaada kanarraa akkuma hubatamu maqaan daa'immanii yeroo moggaafamu aadaa hawaasaa keessaa tokko ta'uu agarsiisuu qaba.Kanarraa ka'uun moggaasa maqaa akkuma aadaa hawaasa biraa yoomessa keessatti raawwatu niqaba.Qabiyyeen yookaan hiikniifi icciitiin moggaasa maqaa keessa jiru sirriitti kan beekamu aadaa hawaasa moggaasni kenname keessatti akka ta'e hubachiisa.

### 2.4. Aaadaa Oromoo keessatti qaama moggaasa maqaa daa'immanii gaggeessu

Qaama moggaasaafi sirna moggaasaa raawwatu irratti hundaa'uun moggaasi maqaa daa'immanii gosoota sadii akka qabu barreessitoonni tokko tokko ni'ibsu.Isaanis: Moggaasa maqaa maatiin gaggeeffamu, hammachiisaafi guddifachaadha.

#### 2.4.1. Moggaasa Maatiin Gaggeeffamu

Maqaan daa'immanii yeroo moggaafamu qaama maatii kan ta'an, akkoofi akaakayyuu, haadhaafi abbaa, fira dhiyoofi kan kana fakkaataniin moggaafamuu danda'a. Moggasi kun yeroo raawwatus haala raawwii mataa isaa niqabaata.Kunis gaafa dhaqna dhiqaa deessuu sirna raawwatuudha. Yaada kana ilaalchisuun, Brown (2006:299) yoo ibsu, "A given name is best owed on a child by the parent …, jedha. Barreeffama kanarraa akkuma hubatamutti, gosa moggaasa maqaa keessaa kan maatii daa'imaatiin gaggeeffamu isa tokkoodha. Kanaafuu, haatiifi abbaan, akkoofi akaakayyuufi kan kana fakkaatan maqaa daa'immanii moggaasuu danda'u jechuudha.

### 2.4.2. Moggaasa Hammachiisaan Gaggeeffamu

Aadaa Oromoo keessatti moggaasi karaa ittiin geggeeffamu keessa tokko Hammachiisaadha.Hammachiisaa keessattidaa'imni moggaafamu qaallutti geeffama.Sanaan booda hafuurri karaa qaalluu da'ima sanaaf maqaa baasa. Yaada kana ilaalchisee, Tasfaye (2015:19) yeroo ibsu:

> "Oromo people give a name to a baby via hammachisaa which means 'making a baby to be embraced by a kallu'. Accordingly *hammachiisa* is making a baby to be embraced and blessed by traditional religious leader (Kallu) and abba Bokku. The kallu embraces, blesses and gives a name to a baby. Then the spirit that comes upon the kallu may give a name to a baby."

maqaa karaa inni Moggaasi maqaa Oromoon dur baayyinaan maqaa ittiin moggaasu Hammachiisaadha. Hammachiisaan sirna yookaan duudhaa waaqeffanna ta'ee, adeemsa maqaan Sirni Hammachiisaa kun daa'imman dhalatanii ji'a ja'a booda kan maatiin isaa Hamachiisaa ta'e daa'ima sana qabatee wantoota barbaachisan kan akka marqaa, sunqoo, wagiwoo, shiliggii sadiifi kan kana fakkaatan fuudhee akka warri Ayyaantuu  jedhanitti qulqulla'anii dhaquun mucaa yookaan mucayyoo isaa eebbisee maqaas ittiin moggaasuudha.

Yaaduma kan Baaye (  ) yeroo ibsu: the divine power is involved in choosing a name for a baby. Maqaaleen yeroo kana moggaafamus hordoftoota amantaa waaqeffataa biratti baayyee beekamaadha.

### 2.4.3. Moggaasa maqaa daa'immanii guddifachaan gaggeeffamu

Guddifachaan adeemsa yookaan sirna namni dhala hin qabne nama ilmoo qaburraa fudhatee ittiin guddifatuudha. Kana ilaalchisee Ayaalew (2002:54) yoo ibsu, "Child adoption is used as a traditional social mechanism to resolve such biological deficiency in reproduction. In some societies, families with out a male child adopt ason from their kin or from different clans ," jechuun kaa'a. Akka yaada barreessaa kanaatti, Guddifachaan rakkoo dhala dhabummaa karaa qaama walhormaataan dhufu haala ittiin hawaasni furmaata kennu hubanna.Haala kanaan namni dhala dhabe tokko gosa isaa keessaa yookaan kan gosa biroorraa ijoollee dhiiraa fudhachuun akka dhala isaatti guddifatee, dhaala qabeenya isaafi waamsisaa isaa gochuu danda'a.

### 2.5. Bu’uura Moggaasa Maqaa Daa’immanii

Oromoon daa’immaniif yeroo maqaa moggaasu haala adda addaa akka bu’uura godhatu barreessitoonni tokko tokko niibsu.Kana ilaalchisee Blum (1997:357) akkas jechuun ibsa,”A child’s parent select  names in a common sense explanation . Name that given based on some occasion , activities  and date of birth,” jedha. Yaada barreessaa kanarraa akkuma hubachuun danda’amu, maatiin yeroo maqaa ijoolleef filatu haala waliigalaa jiruufi jireenyaan walqabsiisuufi yaada ilaalcha isaa bifa ibsuu danda’uun akka moggaasu ilaalla.Kunis maqaa moggaasuu keessatti waan bu’uureffatamu jiraachuusaa mul’isa.

Maqaan dhuunfaa yeroo moggaafamu jiruufi jireenya maatii haala ibsuun ta’uu danda’a.Kana ilaalchisee Elias (2004:44) yoo ibsu, “Name describes the important or the birth and the happiness, sadness or ambivalence of the parent upon occasion ,” jedha.Yaada barreessaa kanarraa akkuma hubachuun danda’amu, maqaan dhuunfaa daa’immaniif kennamu tokko haala jiruufi jireenya maatii mul’isuu akka danda’u  ibsa. Kanaafuu maatiin yeroo daa’ima argatu haala maalii keessa akka ture moggaasa maqaa keessatti akka calaqisiisuu danda’u hubanna.

Moggaasi maqaa tokko tokko immoo taatee yeroo tokko keessa raawwate haala mul’isuu danda’uun moggaafamu. Kana ilaalhisee Elias (2007:47) yoo ibsu, “Some names celebrates or commemorates natural, social , political or cultural events at or around the time of the birth ,” jedha.Yaada armaan olii kanarraa akka hubatamutti moggaasi maqaa taatee yookaan gochaalee yeroo tokko keessatti raawwataman ittiin yaadachuuf kan moggaafaman ta’uu agarsiisa.

#### 2.5.1. Ayyaanaafi Waqtiilee

Maqaaleen tokko tokko waqtileefi ayyaanota beekamoon walqabsiisuun kennamuu danda’u.Kana ilaalchisee, Brown (2006:305) yoo ibsu, “Sur name that refers season example winter and christian festivals  e.g Christmas ,”jedha.

#### 2.5.2. Amantii

Maqaaleen amantiin walqabsiifamanii nimoggaafamu.Aadaa Oromoo keessatti maqaaleen amantiin walqabatanii nimoggaafamu. Haaluma kanaan moggaasi maqaa amantiin walqabatu Aanaa Amayaa keessatti maal akka fakkaatuufi   kan akkamii akka ta’e ni’ibsama.

### 2.5.3. Hawwiifi Abdii

Maqaa moggaasuu keessatti kan ilaalamu inni biraa hawwiifi abdii maatiin gara fuula duraatti mucaa isaaniif qaban ta'a. Kana ilaalchisee, Stewart (1967:10) yoo ibsu, "Names represent ambition or hope for the child's future . In all culture parent invent their own good wish and hope when they choose the name for their child's,"jechuun kaa'a.Kunis maqaan fedhiifi hawwii maatiin daa'ima sanaaf qabu kan ittiin mul'isan ta'uu akka danda'u yaanni barreessaa kanaa niagarsiisa.

### 2.5.4. Yeroo Ulfaa, Ciniinsuufi tartiiba dhalootaa

Maqaan tokko tokko kan moggaafamu yeroo daa'imman sun itti dhalatan, ganama, galgalaafi kan kana fakkaatan ka'umsa godhachuun ta'a.

Haala ciniinsuu haadhaas tilmaama keessa galchuun maqaan moggaafamu jira.Yaada kana ilaalchisee, Elias (2004:44) yoo ibsu,"Naming recalls the mother's experience during pregnancy,and labour .The name refers to the time of birth and often becomes reminders of the way in which they are carried to its final stage," jedha. Yaada kanarraa moggaasi maqaa daa'immanii haala yeroo haati garaatti baachaa turteefi ciniinsuu yeroo da'umsaa keessa turte bu'uura godhachuun ta'uu akka danda'u nu hubachiisa.

## 2.6. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mataduree kana jalatti waraqaalee qorannoo kanaan dura namoota adda addaan qopha'anii mataduree qorannoo kanaan hariiroo qabantu sakatta'amanii dhiyaata.Waraqaan qorannoo mataduree kanaan hariiroo qaban hedduudha.Isaan keessaa muraasi akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

Qorannoo mataduree walfakkaatan irratti hojjetam tokko kan Soorii Ayyaanaan bara 2010 ALH mataduree Qaacceessa maqaalee dhuunfaa Oromoo carraa balaa baduu keessa jiran xiyyeeffannoon aanaa Walisoo jedhuun hojjetame yeroo ta'u qorannicha keessatti maqaaleen dhuunfaa Oromoo carraa balaa baduu keessa jiran isaan kam akka ta'e,maqaaleen kunneen sababa maali irraa kan ka'e carraa balaa baduu keessa akka galan,maqaalee dhuunfaa Oromoo carraa balaa baduu keessa jiran kana baraaruuf maalta'uu qaba jedhaman qaacceessamanii dhiyaatanii jiru.

Walumaa galatti qorannoo Soorii Ayyaanaa keessatti:

- Akka aanaa Walisootti maqaaleen dhuunfaa Oromoo ganamaa jaarraa 19ffaa duratti akkaataa aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa haala raawwii isaa hammachiisaan, guddiffachaa, moggaasaafi maatiin raawwatamaa,yoomessa mataa isaa kan qabu akkasumas qaamota moggaasa raawwatan Qaalluu yookaan Ayyaantuufi haala qabatamaa aadaa hawaasichaa yeroo,bakka,taateewwan wayita daa'imni dhalattu, waqtiileefi kan kana fakkaatan bu'uureffachuun moggaafamaa akka ture ibsameera.
- Haata'u malee, maqaaleen dhuunfaa Oromoo kun keessumattuu baroota shantamaa asitti qabiyyeefi haalli raawwii isaanii irratti miidhaa guddaa irraan gaheen guutummaa guutuuttii akka ganamaa sanatti itti fufuu dhabuun isaanii hubatameera.
- Haala qabatamaa yeroo ammaa akka aanaa Walisoottis facaatiifi itti fufiinsi maqaaleen dhuunfaa Oromoo ganamaa xiqqaachaa akka jiru addan baafameera.
- Maqaaleen dhuunfaa Oromoo ganamaa akka aanaa Walisootti sababoota dhiibbaa siyaasaa sirnoota darbanii,babal'ina amantaa kiristaanaafi musiliimaa,akkasumas guddina hawaasdinagee (barnootaan, fayyaatiin)fi qaroomina ammayyaa'uu uummata Oromoo walqabatan irraa kan ka'e maqaaleen ganamaa carraa balaa baduu keessa akka galan taasise keessaa isaan tokko akka ta'e hubatameera.
- Uummanni Oromoo aanaa Walisoo maqaalee dhuunfaa Oromoo ganamaa itti fufiinsa isaa tursiisuu irra maqaalee 'ammayyaa'aatu filatamaadha' jechuun ilmaan isaanii moggaafachaatti dhimmanii akka jiran hubatameera.

Qorannoo kan biroon kan Sinqinashi deettii mata duree " **Qaaccessa Qabiyyeefi Caasaa Maqaalee Daa'immanii Bara 1983alh Duraafi Booda"** jedhuun bara 2010 hojjetameedha. Qorannoo kana keessatti tokkummaafi garaagarummaan maqaalee bara eeramanii addaa bahanii ibsamaanii jiru. Haaluma kanaan maqaaleen bara 1983 booda moggaafamaa jira gama duudhaan, adeemsa moggaasuun, qabiyyeen, caasaafi kan kana fakkaatan kan bara 1983 duraa irrraa adda akka ta'an qorannicha keessatti agarssifamee jira.

Qorannoo biroon kan Habtee Jifeetiin bara 2010 mata duree "Qaaccessa qabiyyeefi caasaa maqaalee daa'immanii bara 1983alh duraafi booda Afaan oromoon moggaafaman" jedhu irratti hojjetameedha. Kaayyoo qorannichaa qabiyyeefi caasaa maqaalee daa'immanii bara 1983alh duraafi booda afaan Oromoon moggaafamaa turaniifi moggaafamaa jiran akkaataa

haala qabatamaa aadaa Oromoo aanaa gimbiitiin sakatta'uun qaaccessu ture. Akka qorannoo Habteetti maqaaleen bara 1983 duraafi booda moggaafaman garaagarummaa qabiyyeefi caasaa akka qaban biragahamee jira. Qorannoo habtee maqaalee bara lamman gidduu jiru walibira qabnii ilaaluu irra kan bara tokkoo irratti kan xiyyeeffate miti. Kana malees maqaalee baroota eeraman gidduu jiru waliigalaan ilaala malee kan umuriin daangeffame miti.

Qorannoon mata duree qorannoo kanaa faana walitti dhufeenya qabu kan biroon immoo kan Tesfaye Gudeta Gerba(2015) mata duree 'Typology of Oromo Personal Names'. Qorannoo kana keessatti maqaaleen Oromoo aadaa Oromoon walqabsiifamanii ibsamanii jiru. Maqaaleen Oromoo eenyu akka moggaasu, maalif akka moggaafamuufi maal irratti hunda'amee akka moggaafamu ibsamee jira. Qorannoo Tasfaayee keessatti maqaaleen Oromoo haala duraan turan irraa akka jijjiiramaa jiran eeramee gara fuulduraatti bal'inaan qoratamuu akka qaban eeramee jira. Kana malees dhimmi moggaasa maqaa dhimma aadaafi afaanii akka ta'e eeramee qorannoon gama kanaan adeemsifamu kan nama tokko ykn ogummaa tokko qofaan galma gahu waan hintaaneef ogeessonni barnoota namoomaa irra jiran walitti dhufanii qorannoo geggeessuu akka qabanis yaboon eeramee jira.

Qorannoon inni biroon immoo kan 'Ayele Gizaw Gemechu 'fi 'Wondimu Tegegne' tiin mata duree " An Investigation into the Patterns and Mechanisms of Naming in Afan Oromo: Focus on Personal Naming" yeroo ta'u kaayyoon qoranichaa caasaafi tooftaa moggaasa maqaa oromoo balballoomsuudha. Qorannicha keessattis Oromoon maqaa akkamiin akka moggaasu akkasumas maal irratti hundaa'ee akka moggaasu bal'inaan ibsamee jira. Kana malees wantoota moggaasa maqaa Oromoo irratti dhiibbaa fidaniif fidaa jiran addaan bahee ibsamee jira. Dhuma irrattis tooftaan moggaasa maqaa Oromoo xiyyeeffannoo argatee bal'inaan qoratamuu akka qabu ibsamee jira.

# BOQONNAA SADII

# SAXAXAAFI MALA QORANNICHA

Boqonnaan kun mala qorannoon kun itti gaggeeffameefi adeemsa qorannoon kun keessaa darbe ibsuu irratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan boqonnaa kana keessatti kanneen ilaalaman saxaxa qoranichaa, mala filannoo iddattoo, meeshaalee ragaan ittiin funaaname, mala qacceesa ragaa, adeemsa odeeffannoon ittiin waliti qabame boqonnaa kana jalatii hammatama.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko adeemsisuun dura saxaxa qorannichaa murteesuun barbachisadha.Saxaxni qorannoo haala barbaadameen qoratichi yaada qorachuuf ka’ e san akka galman gahufi maal maalirratti xiyyeeffachu akka qabu kan gargaarudha.

Kayyoon qorannoo kanaas qaacceesa Jijjirama moggaasa maqa Hammayyaa daa’ imman Oromo Godina Shawa Kibba Lixaa Anaa Amayaa magalaa Gindoo yeroo ammaa moggafamaa jiraan Qabiyyee isaani maal fakkata? Bu’uurri moggaasa maqaalee yeroo ammaa maali? maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiraan akkamiin mooga’u? maqaaleen kunniin haalaa aadaa hawwasichaa eeganii moggaafamaa jiruu? kan jedhu Qaacceesudha.

Kaayyoo kana galmaan ga’uufis malli qorannoo filatame, gosoota qorannoo jiran keessaa, qorannoo ibsaati. Sababni akaakuun qorannoo kun filatameef ammoo, mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun ragaan funaaname waan qaacceffameefi. Akka Jonasson (1996) ibsutti, qorannoon ibsaa/addeessaa mala qorannoo akkamtaafi hammamtaa of keessatti qabaachuu danda’a. Kana keessaa qorattuun qorannoo akkaamtaa fayyadamteetti. Akkasumas, gosti qorannoo addeessaa haala amma jiru tokko maal akka fakkaatu gadifageenyaan ilaaluuf bu’aa guddaa qaba (Baily, 1994).

Kana malees, qorannoon kun moggaasa maqaalee daa’immanii yeroo ammaa jiran bu’uura moggaasa maqaa maalii irratti akka xiyyeeffatan, qooda fudhattoonni moggaasa maqaalee daa’immanii eenyu akka ta’an, qabiyyee isaanii maal akka fakkaatu addaan baasanii ibsuu irratti waan xiyyeeffatuuf malli kun filatamaadha jedhamee waan itti amanameef.

## 3.2. Irrawwatamaa Qorannicha

Irraawwatamni qorannoo wanta qorannoon tokko irratti gageeffamu yookin qaama qorachuf kannedha. Qaacceessaa Qabiyyeef Jijjirama Moggaasa Maqaa Daa' immaan Oroma bara 1990 booda jiru maal fakkata jechun xiyyeffannoo magalaa amayaa irrati.

## 3.3. MADDA RAGAA

Maddi ragaa qorannoon tokko bakka dhuggummaa isaa iraa argamudha.Qorannoon tokko yeero gaggeeffamu ragooleen iddoo gudaa qabu.

### A. Dookimantii/Roostarii Barattootaa

Maddi ragalee qorannoo kana qorannoo kana gaggeesuuf filamee yookin dhimmi itti bahamee akka madda ragaa tokkoffaatii kan gargaarame maqa daa'imman Mana Barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Ammayyaa kuuta 7' fi 8 sakata'un ture. Baayinni daree 7 (3) akkasumas bay' inni daree 8 (2) walitti qabaan daree 5'tu jiru.Lakkofsa barattootaa ilaalchisee daree tokko keessa giddu galaan barattoota 65 yeroo ta'an walumaa galatti barattoota 325'tu jiru. Isaan kana keessaa barattooti 54 ta'an maqaan isaanii kan moggaafame Afaan Oromoon miti. Barataa 93 kan maqaan isaanii afaan Oromoo ta'ee kanduraanii waliin walfakkaatan. Kana jechuun barattoonni iddattoof filataman 178 jechuudha. Isaan kana keessaa kan qorannoo kanaaf filataman miti carraatii fayyadamuudhaan barattoota 89 yeroo ta'an roostariin/galmeen maqaa barattootaa qaban daree filataman kanniin irraa walitti guuramanii sakatta'amanii jiru. Galmee barattootaa kana keessattis maqaaleen barattootaa moggaasi maqaa daa'immanii yeroo dhiyoo keessa jiran maal akkafakkaatan ilaaluuf kan filataman yeroo ta'u galmeedhuma barattootaa sana irraa maqaan abbaafi Akaakayyuu daa'immanii immoo duraan maqaan turan maal akka fakkaatan sakatta'uuf dhimmi itti bahame.

### B. Ogeessota Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ammayyaa

Marii garee kana keessatti kan qooda fudhatan ogeessota Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanichaa lakkoofsaan Afur (4) ta'an waliin sa'a lamaaf mariin geggeeffamee jira.Isaanis hojjatu waajjirichaa dubartii tokkoof dhira sadidha. Kaayyoon mare sanaas kaayyoo qorannoo kanaan kan walsimatu ta'e maqaaleen yeroo duraa turan aanicha keessatti akkamiin akka moggaafaman,

eenyuun akka moggaafaman, ergaa akkamii akka qabanii, Sababa jijjirama moggaasa maqaa daa immani maal akka ta eefi fayyidaa isaan naannicha, uummaticha ilaalchisee seenaa, aadaafi duudhaa hawwaasaa ibsuu keessatti qaban irratti mariin geggeefamee jira. Maqaalee yeroo ammaa moggaafamaa jiran ilaalchisees, xiyyeeffannoo isaanii maal akka ta'e eenyu akka moggaasu, garaagarummaan kan duraanii faana jiruufi kan kana fakkataan irratti xiyyeeffachuun mariin geggeeffamee jira. Yaadi marii kana irraa argames cuunfamee  xinxalamee jira.

C. **Maanguddoota**

Mariin kan biraanimoo kan geggeeffame maanguddoota aanichaa faana yeroo ta'u, qorattuun naannicha keessatti dhalattee waan guddatteef maanguddoota hawaasa naannichaa biratti fudhatama qabaniifi beekumsa qabu jedhaman eeruu namoota adda addaan filachuun mariin geggeefame. Maanguddooti kunniin dhiira sadiifi dubartoota tokko yeroo ta'an walumaa galatti garee namoota Afur of keessaa qabu ture.Marii kana irratti maqaaleen duraan turan akkamiin akka mogggafaman, eenyuun akka moggaafamanii,Sababni jijjiirama moggaasa maqaa daa'immani maal akka ta'eefi yeroo moggaasaa wantoota raawwataman ilaalchisuun mariin geggeeffame.Maqaalee yeroo ammaa ilaalchisees yaadi isaanii maal akka ta'eefi garaagarummaan maqaaleen ammaa kan duraa faana qabuufi kan kana fakkataan irratti mariin taassifamee jjira. Kana malees kaayyoon marii maaanguddoota faana taassifameef, dhugummaa deebii afgaaffiinirraa argamee irra guddeessaan mirkaneessuuf yaadameeti.

**D.  Barsiisota Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaa Ammayyaa**

Maddi ragaalee qorannoo kana kan biroon barsiisotaa mana barumsaa sadarkaa tokkooffaati. barsiisota keessaa barsiisota kutaa torbafffaafi saddeettaffaa dhimma jijjiira  moggaasa maqaa aadaan walqabatan irratti barsiisan jechuun barsiisota seenaa, saayinsii hawwaasaafi Afaan Oromoo barsiisan irraa ragaan karaa afgaaffiin walitti qabamee jira.

**3.4. Iddattoofi  Iddatteessuu**

Qorannoo keessatti iddattoon sababa barbaachisuuf keessaa tokko hanqina yeroofi maallaqaati.Haaluma kanaan maqaalee dhuunfaa Oromoo hunda sakatta'uuf yeroofi maallaqi gahaan hinjiru; qabatamaa taassisuufis rakkisaa ta'a.kanaaf qorattuun kaayyoo koo galmaan naaf gahuu danda'a jettee  kan itti amantu adeemsa yookaan tooftaa iddattoo adda addaatti fayyadamtee jirti.Isaan keessaas tokko iddattoo  miticarraa(non probability sampling)

fayyadamtee jirti. Mala kanas barattoota jiran keessaa hanga tokko filachuuf itti dhimmi bahamee jira.

Malli iddattoo biroon qorannoo kanaaf dhimma itti bahame mala iddatteessuu kayyeffataa/purposive sampling method/fayyadamuudha. Sababii mala iddatteessuu kaayyeffata fudhatameef qorannoo kanaaf madda ragaa guutuu ta'e irraa argachuu danda'a jedhameeti.Haala kanaan namoota dhimma kanaaf odeeffannoo barbaadamu sirriiti beeku jedhamee itti amanamu itti yaaduun filachuuf. Akkasumas, namoota kaayyoo qorannoo kanaaf bu'aa buusuu danda'an addatti filuun ragaa argachuuf malli kun barbaachisaa ta'ee waan argameef mala kanatti fayyadamuu dhimma itti bahameedha.

Haaluma kanaan, qorattuunnamoota ragaa kennuu danda'an jettee itti amante murteessuun manguddoota,hojjettoota Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Ammayyaa, barsiisoota mana barumsaa sadarkaa Tokkoffaa Ammayyaafi maatii irraa ragaa funaanattee jirti.

### 3.5. Meeshalee Ragaan Ittin Funaanaman

Qorannoo gaggeeffamu kamiyyuu keessatti dhugummaa isaa mirkaneessuuf ragaan murteessaad ha.Ragaa qabatamaa argachuuf immoo malaafi meeshaaleen ittiin ragaan funaanaman qorataan addaan baafachuun dhimma ijoodha.Kanuma irraa ka'uun meeshaaleen qorannoo tokoof dhiyaatan haala qabatamaa qorannichaa irratti hundaa'uun kan qorataan filachuu isa dandeessisudha. Qorannoo kanaaf meeshaaleen funaansa ragaaf filatamaa ta'an afgaaffiifi marii garee irratti hundaa'uun qoratuun ragaalee haala qabatamaa qorannichaan odeeffannoo karaa kanaan waalitti qabaman qaacceessamedha.

#### 3.5.1. Sakatta'a Galmee Maqaalee

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti maddi ragaa inni jalqabaafi bu'uuraa sakatta'a galmee maqaalee roostera barattootaa mana barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Amayyaati. Gama kanaan kallattii kaayyoo qorannichaa hordofuun maqaalee duraan moggaafamaa turaniifi maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiran maal irratti akka xiyyeeffatan, qooda fudhattoonni moggaasa maqaalee daa'immanii eenyufaa akka ta'an addaan baasuuf sakatta'insi galmee akka gaggeeffamu ta'eera. Sakatta'insi taasifame kana keessaatti maqaalee barattootaa hunda iddattoo godhachuun waan cimuuf, fuula hedduu jiran keessaa mala iddattoo kaayyeffataa gargaaramuun maqaalee barattoota kan Afaan Oromoon moggaafaman filatamnii jiru. Maqaalee jiran keessaa

kan afaan Oromoon ta'an 178 waan ta'aniifi isaan keessaa immoo mala carraa tasaatti gargaaramuun maqaaleen 89 filatamanii jiru.

### 3.5.1. Afgaaffii

Afgaffiin meeshaa odeeffannoon ragaa kennitoota irraa ittiin fudhatamuu danda'an keessaa isa salphaafi beekamaadha.Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kana keessatti ragaa funaanuurratti meeshaalee ragaa funaansaaf mijatoo ta'an afgaaffii miticaaseffamaa, filachuun itti dhimma ba'uun odeeffannoo argame qaaccessitee jirti. .Afgaaffii miticaaseeffamaa keessatti immoo qaama odeeffanoo kennuuf kallattii agarsiisuun odeeffannoo barbaadamu karaa bilisaafi hindaangeffamiin kennuu akka danda'an kan jajjabeessudha.

Haaluma kanaan namoota ragaa kennan, ogeessota afaani,Maati da'imanii,,hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimiifi manguddoota irraa odeeffannoon funaanameedha.Ragaa kanas qorataan naannoo odeeffannoo kennitoonni filataman argamanitti deemuun, yaadannoo dabtaraa qabachuun, sagalee waraabuun ragaan funaanamee qaacceeffameera.

### 3.5.2. Marii Garee

Meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa mariin garee isa tokko. Qorattuun namoota odeeffannoo kennan addaan baafachuun marii garee xiqqaa taasisuun hirmaattota irraa karaa itti odeeffannoo fudhachuu danda'uudha. Adeemsa kana keessatti qorattuun namoota iddattoof filataman gaaffilee bu'uuraa mataduree waliin wal qabatan qopheessuun marii garee taasisuun ragaan funaanameera.

## 3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu

Ragaan qorannoo kanaa karaa sakatta'insa galmee maqaalee barattootaa, karaa af-gaaffiifi marii garee manguddootaa,Maati da'imani, barsiisotaafi ogeessota aadaafi tuurizimii aanichaann akka walitti qabame armaan olitti ibsamee jira. Kan keessatti jalqaba kan adeemsifame sakatta'a galmee maqaa barattootaa qabantu adeemsifame. Itti aansuun barsiisotaaf af-gaaffii dhiyyeesun akka yaada kennan taassifame.Sanaan booda ogeessota Aadaafi Tuurizimii aanichaa irraa ragaan walitti qabame. Itti aansee immoo maanguddoota aanichaa irraa ragaan walitti qabame.Kan biraan maati da'imaani irraa Dhuma irratti ragaan madden adda addaa irraa argame waliitti qabamanii ibsi itti kennamee dhiyaate.

### 3.7. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Ragaan sakatta'insa galmee maqaalee irraa argame, odeeffannoon afgaaffiin maanguddootaarraa argamee, ragaan afgaaffii barsiisootairraa argameefi oggeessota irraa argame jechaan waan ibsameef mala akkamtaatiin qaacceffamee jira. Ragaan mala qorannoo akkamtaa qaacceffamee ibsiifi hiikni ga'aan itti kennamee jira.

### 3.8.Haala Naamusa Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuun dura qorattaan/ttuun naamusa qorannoo beekuutu irraa eegama. Milkaa'ina qorannoo tokkoofis bu'uura waan ta'eef.

Kanaaf, qorattuun osoo ragaa walitti hin qabatiin dura qorannichi dhugummaa isaa mirkaneessuuf xalayaa deeggarsaa Yuunivarsiitii Finfinnee Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruu irraa qabachuun ragaa kennitoota quunnamtee jirti. Kunis ragaa kennitoonni shakkii tokkoofi sodaa malee yaada isaanii akka kennanfi iftoomina uumuuf gargaareera.Akkasumas, qorattuun fedhii ragaa kennitootaa gaafachuun sagaleen isaanii waraabamu, maqaa isaanii galmeeffachuufi suuraa walii ka'uun ragaan akka qabatamaa ta'u taassiftee jirti.

Walumaagalatti, qorannichi ofeeggannoofi icciitii hirmaattotaa eeguun ragaa sagaleefi odeeffannoo adda addaa yaadannoo qabachuun walitti qabamee barreeffamaan qindaa'ee dhiyaatee jira.

# BOQONNAA AFUR

# QAACCESSAAFI  IBSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti ragaalee karaalee addan addaan odeef kennitoota jechuun manguddoota,barsiisota afaanii,hojjettoota waajjira aadaafi turiizimii aanaa Amayyaa akkasumas odeeffannoolee barreefamoota adda addaa irraa walitti qabamaniitu  dhiyaatee xiinxalama.

## 4.2. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaalee Daa'immanii Yeroo Duraanii

Maqaaleen daa'imman Oromoo durii akka aanaa Amayaatti haala adda addaan moggaafamuu akka danda'amu odeef-kennitoonii ni ibsu.Haaluma kanaan moggaasni maqaa dhuunfaa Oromoo ganamaa haala irratti hundaa'uun moggaafamaa turan keessaa muraasni: hammachiisaan, guddifachaan, maatiin, moggaasa gaa'eelaan raawwatamuu danda'a jechuun ibsan.

### 4.2.1. Moggaasa Hammachiisaan Raawwatu

Aadaa Oromoo keessatti hammachiisaan  adeemsa sirna kabaja ayyaana daa'imaa dhalattee yookaan dhalate maqaa moggaasuuf yookaan kennuuf itti raawwatamudha.

Hammachiisaan sirna gadaatiin gaggeeffamaa.Kan hammachiisaa gaggeessus ayyaantuu yookaan hayyuu jedhamaa.Innis, daa'imni tokko dhalattee ji'a lamaa hanga ji'a afurii keessatti maatii daa'imni dhalatte fuudhanii warra ayyaantuu yookaan hayyuu bira geessuun moggaasni maqaa kennamaaf.

Gara mana ayyaantuu waan akka marga jiidhaa, dhangaa nyaataafi dhugaatii, calla, kennaa, damma, muudaa (dhadhaa), hoolaa, buna qalaa,daraaraafi kan kana fakkaatu abbaafi haadha,ollafi fira akkasumaas kaneen biro dabalachuun  mucaa qabatanii galgala mana isaatti galu.Halkan guutuu nyaachaafi dhugaa achi buluun moggaasni maqaa kan raawwatamu ganama yeroo biiftuu baatudha.

Qaalluunis mucaa dhalatte ofitti hammatee bishaan gabateetti qophaa'e keessa qullaa isaa/ishee ni cuupha. Dhiiraan si'a shan cuuphee baasa,Durbaa si'a afur bishaan gabatee keessa jiruutti cuupha.Marga jiidhaa dhadhaan cuuphee dhiiraan adda rukutaa akkas jechuun eebbisa,Soorii 2018):

*Addi kee adda kormaa haata'u,*

*Addi kee kan hamtuun hin danda'iin,*

*Kan biyyaa ta'i.*

Jechaa akka aadaa Oromootti milkii ilaaluun, haala daa'imni keessatti dhalattes hubannoo keessa galchuun maqaa kenna.

*Tolaa,Guddataa*fi kan kana fakkaatu ta'uu danda'a.

Dubartii immoo, marga jiidhaa dhadhaa cuuphaa laphee rukutaa laphee jabaadhu.

*Toltuu,Guddattu*fi kan kana fakkataan itti moggaasuu danda'u.

Akka ragaa kennitoonni ibsanitti; Daa'ima dhiiraan gabatee bishaa keessaa si'a shan cuuphuun Gadaa shan ibsa. Sirna Gadaa keessatti dhiirri bulchaa, Abbaa Gadaa, Abbaa Duulaafi kan kana fakkaatu ta'a.Dubartii si'a afur gabatee bishaan keessa cuuphuun immoo dhiiraan jalatti akka bultuuf, olaantummaa dhiiraa dubartii irratti qabu ibsa.Dhiirri itti gaafatamaa manaati**.**Marga jiidhaan-lalisuu, bareedina, hormaataafi badhaadhina Oromoo jiidhaa jaallata waan jiidhaa dubbata. Dhadhaa yookaa muudaan-mallattoo muudaa kennuu yookaan aangessuu akka ta'e ibsa, (odeeffannoo dabalataafi Soori Ayyaanaa 2010 Ilaaluun ni danda'ama)

#### 4.2.2. Moggaasa Guddifachaan Raawwatu

Akka aadaa Oromootti adeemsi maqaa dhuunfaa Oromoon itti moggaasan keessaa guddifachaan tokko akka ta'e odeefkennitoonni ni himu. Guddifachaan karaa sadiin raawwatamaa danda'a. Innis:

1. Nama ilmoo dhabe qacceen isaa akka hin banneef fira yookaan gosa isaa keessa kadhata.
2. Fira yookaan maatii keessaa abbaan manaa ilmoo osoo hin godhatiin yoo du'e ilmoo guddifatu kunis ilmoo Ekeroo jedhama.
3. Dubarri osoo hin heerumiin manatti yoo deesse guddifannaan raawwatama kunis guddifannaa ilmaan Mixii jedhama.

Akkuma odeefkennitoonni ibsanitti gosti guddifannaa nama ilmoo dhabe qacceen isaa akka hin banneef fira yookaan gosa isaa keessa kadhatuun raawwatamuu adeemsa mataa isaa qaba jedhu.Jalqaba haati ilmoo hin qabne yookaan guddifannaa barbaaddu maatii yookaan fira ishee keessaa tokko nan guddifadha jettee gara maatichaa deemuun akkas jechuun kadhatti;

*Siin waaqa siif kenne,*

*Anaan waaqa na dhowwate.*

*Naman biddeena wajjin nyaadhu naaf kenni.*

*Biddeena duudaa,buqqee duudaan si kadhadha.*

Haala kanaan erga mucaan kennameefii booda fudhattee galuun maqaan moggaafamaaf.Adeemsi guddifannaa lamman hafanis haaluma walfakkaataan raawwatu, (Odeeffannoo dabalataaf, Soorii 2018).

Walumaagalatti, aadaafi duudha Oromoo keessatti moggaasa maqaa dhuunfaa gama guddifachaatiin raawwatamaa turan jaallatamaafi hawwataa namni yookaan lammiin Oromoo kamiyyuu sababa garagaraatii ilmoo gudeedaa yoo dhabeyyuu ilmoo guddisaa hin dhabu.Haata'u garuu,yeroo ammaa kana aadaan guddifanna kun bifa duraan ture sanaan akka hin jirre dhabamaas akka jiru ragaa kennitoonni nimirkaneessu.

**4.2.3. Moggaasa Maatiin Raawwatamu**

Adeemsi moggaasaa kun aadaa Oromoo keessatti bal'inaan beekama. Sirni kun kan raawwatamus daa'imni tokko erga dhalate/tee booda. Moggaasni maqaa dhuunfaa kan sirni qophaa'ee maqaan mogga'uuf daa'imni dhalattee/tee gaafa guyyaa shanaffaa yookaan guyyaa shananii deessuun ulmaa itti baatutti raawwatama. Guyyaa kanatti qophiin akka marqaa, buna qalaa,korma qalanii ollaafi firri walitti bahuun raawwatama.

Akka ragaa kennitoonni ibsanitti moggaasa maqaan kan raawwatu haala adda addaa irratti hundaa'uun. Haala daa'imni itti dhalatte ,yeroo daa'imni itti dhalatte yookaan bakka daa'imni itti dhalatte irratti bu'uureffata. Moggaasa maatiin raawwatu kana ilaalchisee ogeessoti yeroo ibsan:*"The most influential people in the procedure of name giving were the parents of the baby."*Kuscher,(*1988:51)* jedha .Yaadni kun moggaasa maqaa daa'immanii kennuu keesatti qoodni maatii guddaa akka ta'e dubbata.

Akka odeefkennitoonni jedhanitti moggaasa maqaa kan kennu danda'u warra hangafaa (akkaakayyuu, akkoo) ta'aniin. Bakka warri hangafaa jiranitti abbaafi haati moggaasa maqaa daa'ima isaanii kennuu hin danda'an.Yoo warri hangafaa hin jiraanne garuu abbaa, haadha,

adaadaa, indootoo maqaan daa'ima dhalattee/tee kennamuu danda'a.Kunis kan agarsiisu hangafni kabaja,ulfina waan ta'eef bakka guddaa qaba.

### 4.2.4. Moggaasa Gaa'elaan Raawwatu

Akka odeef-kennitoonni jedhanitti moggaasni maqaa dhuunfaa gaa'elaa keessatti kan raawwatamu dubarri heerumtee qofaaf yeroo ta'u innis dubartiin tokko herumtee gaafa guyyaa saddaffaatti. Kunis kan raawwatamu gara seenaa haaraa tarkaanfachaa waan jiraniif maqaan duraan qabanis ni jijjiirama. Kana waan ta'eef abbaafi haati ilmaa waliin mari'achuun maqaa hintala heerumtuuf baasu. Haaluma kanaan guyyaa sana irraa kaasees abbaafi haati gurbaa maqaa ofii moggaafataniin ishee waamu.

Adeemsa moggaasaa kana irrattis maqaa callisee kan mogga'u osoo hintaane tartiiba dhaloota gurbaa fuudhuu irratti hunda'a. haaluma kanaan:

1. Maqaa dubartii ilma hangafaatti heerumte:*Biiftuu* jechuun moggaasu;
2. Maqaa dubartii ilma isa lammaffaa yookaan gidduu; *Badhaatuu, Beektuu, Galaanee, Soorettii* yeroo ta'u;
3. Maqaa dubartii ilma dhumaatti heerumte: Guuttuu, *Dandeessuu, Caaltuufi* kan kana fakkataan ta'uu danda'a.

### 4.3. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaalee Daa'immanii Yeroo Ammaa

Mogggaasi maqaalee daa'immanii yeroo ammaa kan maatiin gaggeeffamu akkuma jirutti ta'ee, olaantummaa guddaan kan maqaa moggaasu akkoofi akaakaa osoo hin ta'in abbaafi haadha daa'immaniitii.

Maanguddoon qorannoo kana irratti hirmaatan afgaaffii dhihaateef yeroo deebii kennan maatiin ammaa akkoofi akaakaa waliin walirraa fagaatee sababa hojiif jecha

naannoo adda addaa jiraata.Kanneen mana tokko keessa jiraatanis yoo ta'e, olaantummaa guddaan kan maqaa daa'imaa moggaasu haadhaafi abbaadha jedhu



**Suuraa (1): suuraa yeroo qorattuun maatii daa'immanii faana marii geggeessitu agarsiisu**

Afgaaffiidhuma kanaaf, marii garee keessaa namni tokko

immoo akka ibsetti, "Ijoolleen yeroo baayyee mana yaalaattis waan dhalataniif carraa maqaa moggaasuu kan qaban ogeessota mana yaalaati jedhu.Garuu irra guddeessaan abbaafi haadhatu moggaasa jedhu.

Bara 1991 booda moggaasi maqaa Ayyaantuu gaggeeffamu baayyinaan hin jiru.Iddoo jirutti garuu, Ayyaantuudhumatu olaantummaa guddaan maqaa moggaasa. Akka odeeffannoo barsiisota irraa argameetti immoo sababa jijjiiramaa ta'uu nimalu kan jedhaman immoo dammaqina hawaasaati kunis hawaasni of baruufi eenyummaa isaa barbaachuu isaa isa tokko yeroo ta'u inni biraan qaroomaa, Kunis beekeera ykn baradheera jechuu hawaasaafi hammayyoomuu jechuunis nama jaban ykn nama haar'aati waarraa duriirra fooyya'aadha jedhee yaaduu hawaasaa ta'uu danda'a.

Moggaasa maqaa kana keessattis yeroo ammaa Midiyaaleen hawwaasaa qooda guddaa qabaachaa jiru. Yeroo ammaa kana miidiyaaleen hawaasaa kanneen akka Feesbuuk(facebook) babal'achuu irraa kan ka'e maatiin baratan,jechuun kan feesbuukii fayyadaman hiriyoota isaaniin maqaa naa moggaasaa jedhanii akka gaafatan barattoonni tokko tokko ni dubbatu. Kana malees daa'imni dhalatu obbolaa hangafa ykn fira dargaggeessa kan qabu yoota'e obbolaan ykn firoon dargaggoo ta'an maqaa moggaasuu irratti akka qooda fudhatan hin mul'ata.

Yeroo tokko tokko maatiin haala aadaa irratti hundaa'ee yoo maqaa daa'ima isaa yoo moggaases daa'imni erga mana barumsaa seenanii yeroo jijjiirratanis ni mul'ata. Yaada kana irratti qorattoonni yeroo ibsan, "Namoonni maqaa jijjiiratan kun afaan biraarraa gara Afaan Oromootti qofaa otuu hintaane Afaanuma Oromoorraa gara Afaan Oromootti kan jijjiiratanillee jiru. Irra caalaan namoota kanaa maqaa isaan ittiin waamamuuf filatan maqalee jechoota walitti fiduun uumaman ykn maqaalee makoo ta'anidha. Kanamalees Maqaaleen jalqabuma daa'immaniif kennaman kanneen akkasiitu irraa caalaatti filatamoo ta'anii dhufaa jiru"jedhu ,Sinqinash (2011).

Yaaduma kanaan kan walfakkaatu yaadi maanguddootaafi marii garee xiyyeeffannoo keessaa argame sirni kun baadaa kan jiru ta'uufi baayyee yeroo dhiyoo asitti ammoo namoonni dhimma kana gaggeessan jajjabeeffamaa akka jiran ibsu.

### 4.4. Bu'uura Moggaasa maqaa Daa'imman Oromoo

Aadaa Oromoon qabu keessaa tokko aadaa moggaasa maqati. Moggaasi maqaa kun ammoo cal jedhamee kan moggaafamu osoo hin taane, maqaa moggaasuuf wantoonni bu'uura ta'an jiru.Haaluma kanaan uummati Oromoo Aanaa Hammayyaa hirmaataa aadaa kanaa keessaa tokko waan ta'eef maqaa daa'immaniif yeroo moggaasu wantoota bu'uura godhatee moggaasu qaba.

Kana ilaalchisee: Blum (1997:357) akkas jechuun ibsa,"A child's parent select names in a common sense explanation .Name that given based on some occasion , activities and date of birth," jedha.

Yaada barreessaa kanarraa akkuma hubachuun danda'amu, maatiin yeroo maqaa ijoolleef filatu haala waliigalaa jiruufi jireenyaan walqabsiisuufi yaada ilaalcha isaa bifa ibsuu danda'uun akka moggaasu ilaalla.Kunis maqaa moggaasuu keessatti waan bu'uureffatamu jiraachuusaa mul'isa.

Karaa biroon ibsuuf aadaa Oromoo keessatti moggaasni maqaa karaale itiin adeeemsifaman qabu. Isaan keessaas muraasni: hammachiisaan, maatiin, moggaasaaniifi gaa'eelaan raawwatamuu danda'a jechuun odeef-kennitoonni ibsu. Maqaaleen karaalee adda addaa kanaan moggaafamanis wantoota ibsan yookan irratti hunda'an qabu.Armaan gadittis bu'uura moggaasa maaqaalee Oromoo kanniin ilaalalla.

#### 4.4.1. Maqaalee Siyaasaan Walqabatan

Maqaaleen gosa kanaa haala siyaasaa yeroo daa'imni garaa keessa jirtuu ykn erga dhalatteen booda jiruun walqabata. Kana ilaalchisee "Ayele Gizaw Gemechuufi Wondimu TegegnePolitical (2017) yeroo ibsan, " Political names relate to political situations at the time of birth of a child. They also express their intention for the future through names. The bearers of such names can easily be influenced by such names." jedhu. Kanas fakkeenya armaan gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

**Fkn (1 )**

Falmataa (dhi)

Didnenus (dhi/dha)

mootii (dhi)

bilisummaa (dhi/dha)

nimoonaa (dhi/dha)

bilisee (dha)

dinayaas (dhi/dha)

Maqaaleen siyaasaan walqabatan aadaa Oromoo keessa duranis turanii jiru. Inni ammaa kun garuu haala caasaa duraan ibsamee qabatee moggafamuu isaatu adda isa taassisa.Kunis maqaan amma maatii moggaafataa jiruu ilaalachisee siyaasaarraa darbee bakka itti hiikni isaa namaaf hin hubatamne nijira.Fakkeenyaaf, ‘Didnenus’ Dinayaas’maqaalee kanaafi kan kana fakkaataa kun hawaasaa biratti dur kan hinturreefi amma hiika isaa osoo hin ta’iin maatiin haala siyaasa amma ilaalee kan moggaafataa jiru ta’uu agarsiisa.Akka yaada dabalatatti odeef kennitoonni kennaniin maqaalee amma moggaafamaa jiran hacuuccaa siyaasaa bara dheeraa jala ture jalaa ba’uun maqaa kana moggaafataa kan jiru ta’uu eeran.

### 4.4.2. Maqaalee Hawwiifi Abdii Akeekan

Sakatta’a galmee maqaale irraa waanti addaan ba’e maqaaleen duraa baayyinaan kan moggaafamaa turan hawwiifi abdii maatiin gara fuula duraatti mucaa isaaniif qaban irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaatu mul’ata.Fakkeenyaaf maqaalee kanneen akka Hambisaa, Margaa, Taasisaa Baayyataafi kan kana fakkaatan heeruun nidanda’ama.

Yaaduma kana deggaruun odeeffannoon maanguddooleen irraa sassaabame akka ibsutti, Oromoon yeroo maqaa moggaasu wantoota irratti bu’uureffatu keessaa tokko hawwiifi abdiidha.

**Fkn. (2)**

Jinenus (dhi/dha)

Caalaa (dhi) ‘

Hundarraa (dhi)

Kumarraa (dhi)

Irranaa (dhi)

Hawwii(dha)

Yaadanii (dha)

Wabii (dhi/dha)

Naalama (dhi/dha)

Siinan (dha/dhi)

Fakkeenya (2) irraa wanti hubatamu namoonni maqaa moggaasan karaalee maqaalee moggaafamanii fedha, hawwiifi mul'ata daa'ima maqaan sun moggaafamuuf ibsu. Kana malees maatiifi hawaasa naannichaa ykn biyyichaaf hawwii qaban ykn wanta ni ta'a jedhan ittiin mul'isu. Kunis maqaan fedhiifi hawwii maatiin daa'ima sanaaf qabu kan ittiin mul'isan ta'uu akka danda'u yaanni barreessaa kanaa niagarsiisa.Yaada kana ilaalchisee, Stewart (1967:10) yoo ibsu, "Names represent ambition or hope for the child's future. In all culture parent invent their own good wish and hope when they choose the name for their child's,"jedha.

Maqaaleen haala kana irratti hundaa'uun moggaafamaa turan kanneen biroon akka:

**Fkn(3 )**

Qananii

Qixxaataa

Acaaluu/Acaaltuu

Caalaa/Caaltuu

Hundumaa

Addunyaa

Moggaasni maqaalee dhuunfaa kunis daa'imni yeroo dhalattu maatiin hawwii, fedhii, abdii, jaalala, guddina daa'ima isaaniif gara fuulduraatti fedhan (hawwan) yaadan bu'uurefachuun maqaa daa'imaaf moggaafamu danda'udha.

### 4.4.3. Yeroo ykn Waqtiilee

Bu'uura moggaasa maqaalee keessaa kan biroon yeroo ykn waqtiileedha. Ragaaleen roostarii barattootaa irraa fudhatames kanuma agarsiisa.As irratti maqaaleen haala kanaan moggafaman guyyaa (halkan ykn guyyaa), yeroo daa'imminni sun itti dhalateen walqabata. Fakkeenyaaf daa'immni tokko galgala kan dhalatu yoo ta'e dhiiraaf galgaloo dubaraaf immoo galgalee jechuun moggaafama.Fakkeenya dabalataafi kan armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

**Fkn(4)**

Ganamee (dha)/ ganamoo (dhi)

Boruu (dhi/dha)

Waaritee (dha)/waariyoo(dhi)

Daraaraa(dhi)/darartuu(dha)

Arfaasoo(dhi)/arfaasee(dha)

Roobaa(dhi)/roobee (dha)

Jimaatee (dha)

Kamisoo (dhi/dha)

Sanbatoo(dhi)/sanbatee (dha)

Yaada kana ilaalchisee,Brown (2006:305) yoo ibsu, "Name that refers season example winter and festivals jedha. Yaada kanarraa waanti hubatamu, maqaaleen tokko tokko waqtileefi yeroo dhalootaa beekamoon walqabsiisuun kennamuu danda'u kan jedhuudha.Odeef kennitoonni akka yaada naaf eeranitti waqtileefi yeroo akkuma jirutti waan jiruuf maqaa amma moggaafamaa jiruu darbee darbee waqtiifi yeroo kan bu'uura taasifatan jiraachuu isaanii mirkaneessu.

### 4.4.4. Maqaalee iddoo dhalootaa irratti hunda'an

Yeroo tokko tokko iddoon dhalootaa moggaasa maqaalee daa'immaniif sababa ykn bu'uura ta'antu jira. Iddoon dhalootaa kunis waanuma iddoo tokkotti dhaltaniif osoo hintaane haala addaa bakka sana yaadachiisuuf gargaaraniin walqabata.Sakatt'a raga roosteerarraa argamees kanuma mirkaneessaa.

Fkn(5)

Jimmaa(dhi)/Jimmee(dha)

Galiilaa(dhi)/ Galiilee(dha)

Oromiyaa (Dhi/dha)

Maqaaleen fakkeenya (5) jalatti tuqaman kunniin muraasas ta'an aadaa Oromoo keessatti yeroo dhimma itti bahantu argama. Akka odeef kennitoonni jedhanitti maqaaleen haala kanaan moggafaman sababa adda irraatti hundaa'uu danda'u.Isaani keessaas yeroo tokko tokko

dubartoonni guyyaa dahaa osoo hinbeekin gara iddoo biraa deemuun achitti yoo da’an ykn akka tasaa osoo karaa deemanii bakka itti hinyaadinitti yoo da’an kana malees sababa jaalala biyya ykn iddoo tokko irraa qabaniin kan ka’e daa’ima isaanii maqaa iddoo itti daa’aniin walqabsiisanii moggaasuu danda’u.

### 4.4.5. Amantii

Imaammanni barnootaafi mootummaa hojii irra jiru heddumina aadaa, amanitiifi afaanii ni mirkaneessa. Duris taanaan garuu Ummanni Oromoo amanitii adda addaa hordofaa ture, afaan naannoo isaas jiranis dubbachaa ture, akkasumas aadaa hawaasa biros ofitti fudhachaa waliin jiraachaa ture.Adeemsi kunis haala moggaas maqaa irratti nimul’ata.

**Fkn. ( 6)**

Mohaamman
Jamaal
Faaxumaa
Zaaraa
Daawwiti
Phaawuloos
Mareemaa
Zakkaariyaas
Dibooraa
Isxifaanos

Maqaaleen fakkeenya armaan olii irratti eeraman kan amantiin walqabatan yeroo ta’u moggastonni maqichaa ykn maatiin haala amantii hordofanii irratti hunda’uun kan mogaasan. Kana ilaalchise, Dunkling (1977:267) yoo ibsu, “…a name has other association as well as verbal.It might suggest a particular racia group. It might suggest religions demonstration,” jedha.Moggaasni Maqaalee amantii walqabatan maatiin waan itti amanuu bu’uura godhachuun hara’as moggaasaa akka jiran eeran.

### 4.4.6. Haala yeroo dhalootaa (Gaddaafi Gammachuu)

Maqaan dhuunfaa yeroo moggaafamu jiruufi jireenya maatii haala ibsuun ta’uu danda’a.Kana ilaalchisee Elias (2004:44) yoo ibsu, “Name describes the important or the birth and the

happiness,sadness or ambivalence of the parent upon occasion," jedha.Yaada barreessaa kanarraa akkuma hubachuun danda'amu, maqaan dhuunfaa daa'immaniif kennamu tokko haala jiruufi jireenya maatii mul'isuu akka danda'u ibsa. Kanaafuu maatiin yeroo daa'ima argatu haala maalii keessa akka ture moggaasa maqaa keessatti akka calqisiisuu danda'u hubanna.

Fkn(7)

Feenet(dhi/dha)
Akeekeeti(dhi/dha)
Gammadaa(dhi)/gammannee(dha)
Gidiraa(dhi)
Muddaa(dhi)

Fakkeenya armaan olii (7) irraa akka hubannutti maqaaleen akka feenet, gammadaafi akeekeeti jedhaman gammachuu maatii sun dhaloota daa'ima isaanii walqabatan argatan kan ibsan yeroo ta'u maqaaleen akka gidiraa, muddaafi kan kana fakkataan immoo haala gaarii hintaane yeroo da'umsaa ykn ulfa daa'ima dhalatteen walqabeen kan mogaafaman ta'u.Akka ragaalee sakatta'a roosteraafi maanguddootaarra argameenis maqaalee kun moggaafamaa kan jira ta'uu naaf himan.

**4.4.7. Miidhagina Qaamaa**

Akka sakatta'a galmee/ roostarii barattootaa irraa argameetti, maqaaleen daa'immanii bara 1991 booda moggaafaman miidhagina qaamaa ykn haala bifaa bu'uura godhachuun moggaafamaa jiru. Maqaaleen kunis kanniin akka armaan gadii of keessaa qabu.

**Fkn.(8 )**

| | |
|---|---|
| Leensaa | Faayiftuu |
| Daraartuu | Marartuu. |
| Sinboo | |

Kana malees odeef kennitoonni maqaale fkn (8) jalatti eeramanitti dabalatee maqaaleen akka Simboo, Lookoo, Dhangalaatuufi kan kana fakkaatan akka jiran ibsanii jira.

Kallattii marii gareetiinis odeeffannoo argame kanuma kan mirkaneessu ta'e akka maricha irraa argametti, bu'uurri moggaasaa kun aadaa aanichaa keessaa kan jiru ta'uu erga ibsanii booda maqaaleen kunniin bifa da'imni yeroo dhalattu qabduufi hawwii gara fuulduraatti daa'ima sanaaf qaban agarsiisuufis maqaaleen kun akka moggafaman hubatamee jira

Fakkeenya dabalataafis

**Fkn ( 9 )**

Ilillii

Miidhagsaa

Daangulee

Haala jijjiirama maqaa yeroo ammaan walqabatees hirmaattonni qorannoo kanaa yeroo ibsanman 'Maqaaleen haaraa yeroo ammaa moggaafamaa jiran gama kanaanis itti makamaa jiru' jedhu.

### 4.4.8. Moggaasaalee Sabboonummaan Walqabatan

Moggaasaalen of ta'uu ykn maalummaa ofii jaallatanii fudhachuu ibsan moggaasaalee yeroo ammaa kennamaa jiran keesatti ni mullatu. Kunis Kanaan dura hacuuccaa sirni darban uummata Oromoorraan gahaa turerraa kan ka'e Oromoon of dagatee kan biraa ta'uuf akkasumas fakkaachuuf yaalaa tureera. Yeroo kana keessatti eenyummaan Oromoo mullachuun hafee akka qaaniif akka laayyessaatti ilaalamaa tureera. Kanarraa ka'uun dhaloota keessatti jijjiiramni eenyummaa kan uumame hanga fakkaatutti maqaaleen eenyummaan Oromoo ta'uu himuurra saba biraa himantu mullate. Kun har'arra dhaabatamee yeroo ilaalamu qaanessaafi saalfachiisaadha. Haala yeroo kanaan dura ture sana ijaa bahuuf kan yaadamee moggaafamu kan fakkaatu, maqaalee hedduutu jira.

**Fkn (10)**

Nanbon

Sabanbon

Sabbonaafaaje

Boniya

Ofinbon

Boonaa

Isankoor

Fakkeenya (10) kan hubatamu maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiran Uummanni Oromoo Dhiibbaa irra ture baree eenyummaa isaa barbaachuufi jaallachuu, akkasumas simatee fudhachuun kan durii sana ijaa bahaa kanjiru tahuu agarra.Odeef-kennitoonnis maqaawwan maggaafamaa jiran kun sirriitti moggaafamaa kan jiru ta’uu ibsa.

### 4.4.9. Maqaalee Biqiltootaan Walqabatan

Moggaasa maqaa daa’imman Oromoo keessatti maqaalee biqiltootaan walqabatan hedduminaan argamu.Aadaa Oromoo keessa biqiltuun akka namaatti ilaalama.Seeran ala biqiltee kutuun/mancaasuun safuudha. Wanta nama adabsiisu qaba. Jaalala biqiltoota irraa qabu irraan kan ka’es oromoon durumaa jalqabee maqaa daa’ima isaa biqiltuun walqabsiisee moggaasa.

**Fkn (11)**

Coqorsoo

Margaa

Daraaraafi kkf

Adaa Oromoo keessatti biqilteen mallattoo jireenyaati. Keessumaa coqorsi iddoo guddaa qaba.Coqorsi bonaafi ganna hingogu, hundeen isaa lafa qabannaan buqqisuun ykn balleessuun ulfaataadha.Kanaaf yeroo eebbaas ayyana adda irratti coqorsatu qabatama.Maqaa daa’immanii haala kanaan moggaasuunis kanaan walqabata.

**Fakn (12):**

Daraartuu/daraaraa

Biqiltee/biqilaa

Margituu/ margee

Maqaaleen armaan olitti eeraman, kan biqiltootaan walqabatan maqaalee yeroo dhiyoo qofa osoo hintaane durumaa kaasanii kan jiraniif gara fuulduraatti illee kan itti fufan ta’u. kunis jaalalli oromoon biqiltootaaf qabu kan yeroo tokko ol bahee yeroo biro immoo gadi bu’u osoo hintaane

kan dhaabbataa ta’eef kan itti fufu ta’uu isaa agarsiisa. Biqiltoonni hinjiran taanaan lubbu qabeeyyiin hinjiran waan ta’eef.

### 1.4.10. Moggaasaalee Dinqisiifannaa Ibsan

Moggaasaaleen daa’ima dhalate dinqisiifatan bifa kanaan dura hin ammaleeffatamneen, haala hiikni isaanii nama walaalchisuun moggaafamanii argamu. Moggaasaaleen kun Jechoota ajaa’iba ta’uu himaniin haala sammuu namaa keessatti qabatanii hafuu danda’anitti bocamanii agarra. Maqaalee kana gaafa dhageenyu daa’ima itti mogga’e sana utuu agarree nama jechisiisu. Hanga uumama haaraa ta’uu namatti fakkaatanitti dinqisiifannaan kuulamanii moggaafaman

**Fkn(13)**

Uumeeraa

Keeraaj

Keebar

Akeekeeti

Kee hooda

Haaraajan

Maqaaleen fakkeenya olii jalatti tarreeffamann moggaasaaleenuun beekumsa Uumaa dinqisiifatan hedduun nijiru.Uumaan ogummaa qabu hunda duguugee itti waahee bahuun beekumsa isaa ittiin agarsiisuu isaa himu. Daa’ima sana bu’uuressuun dandeettii uumaa isa hinmadaalamne calaqisiisu.

### 4.5. Amala Moggaasa Maqaalee Ammayyaa

Maqaaleen ammayyaa kanniin duraan moggaafamaa turan irraa waan ittiin adda bahan xinxalamee jira. Isaan keessa warra ijootan akka armaan gadittii dhiyaatanii jiru.

### 4.5.1. Amala Hiikaa

Akkuma duraan ibsamuuf yaalame maqaalee jabanaa yeroo jennu maaqaalee haala barumsa maatiifi beekumsa addunyaan walqabate jedhuudha.Bara 1991 ALA maatiin barumsaan walqabatiinsa qabaniifi daa’immni barumsaan gara mana barumsaa seenan maqaa isaani gara haala hiika yeroon barbaadu kennuufi maqaa addunyaa fakkaatuun mogaafachuutu mul’ata. Maqaaleen kunniinis kanniin akka:

**Fkn ( 14)**

Beekam

Feenaan

Firaanoli

Fira'ol

Jinenuus

Jajineet

Naa'ol

Roobeera

Maqaalee armaan olittii ibsaman yoo ilaalle afaan Oromoon hiika haaqabaatan malee haalli isaan itti mogaafaan kan aadaa Oromoo qofa bu'uureffate hinfakkaatu. Maqaalee kanniin yoo ilaalle namoota addunyaa irratti beekamoo ta'aniin walfakkeessuuf kan dhiyaatan fakkaatu.

**Fkn (15)**

| | | |
|---|---|---|
| Beekam | → | Taphataa kubbaa miilaa Ingiliziin walfakkaata |
| *Jajineet'* | → | Maqaa Afaan Ingilizii "Janet' faana walfakkaata |
| Jinenuus | → | Jecha Afaan Ingilizii '***genius' faana walfakkaata*** |
| *Roobeera* | → | Maqaa afaan Xaaliyaanii faana walfakkaata. |
| *Feenaan* | → | Maqaa taphataa kubbaa miilaa Afriikaa Kibbaa faana walfakkaata |

Fakkeenya armaan olii fkn (15) irraa wanti hubatamu maqaalee Oromoo yeroo dhihoo keessa moggaafamaa jiran hiikaan kan Oromoo haafakkaatan malee unkaan maqaa biyya alaan walfakkaatu. Kun immoo "Dhagaa tokkoon Shimbira lama" akkuma jedhamu gama hiikaan maqaalee Oromoo fakkaachaa gama unkaan immoo maqaalee aadaa biroo, keessumaa kan Awuroophaa fakkaachuuf waan yaalame fakkaata.

Yaada armaan olii kana Ayele Gizaw Gemechufi Wondimu Tegegne (2017) yeroo ibsan:"After 1991, adolescents who have an access to education and affected by globalization name their children in the way that the names are meaningful locally and globally', jedhu. Yaada kana irratti fakkeenya dabalataa fudhannee ilaaluuf:

**Fkn (16)**

Roobson

Nutmaan

Fileetan

Singitan

Maqaaleen armaan olitti eeraman fakkeenyi (16) ka'umsi isaanii maqaalee Oromoo haafakkaatan malee garadhumaatti gara afaan Ingiliziitti geessuutu mulata.Roobson yoo qaamni jecha kanaa gara jalqabaa afaan Oromoo irraa kan dhufe fakkaata "roob" kan jedhu. Gara birsaga lammafaatti deemnee yoo ilaallee garuu gutummaan jecha afaaan Ingilizii "son" jedhu irraa kan dhufe fakkaata. Haala kanaan "roob + Son hiika isaa yoo ilaale gara hiika makaa afaan oromoofi Afaaningliziitti nama oofaa. Yaada kana qorattoonni yeroo ibsan:"Warri durii sirna durii keessatti qomoo angoofi fudhatama qabu fakkaachuun Afaan Amaaraan moggaafatu, warri ammaa immoo 'faranjii' fakkaachuuf jechoota waliin makuun maqaalee hiikni isaanii Afaan Oromoo ta'uun xiinxala hedduun bira gahamu moggaafatu",Sinqinash (2011)

Haaluma walfakkaatuun "Nutmaan" yoo ilaalle immoo gutummaan afaan Ingilizii irraa waan dhufe fakkaata' innis [ nut + man]. Nutman jechuun gara afaan Oromootti yoo deebisne haala hiika isa [postman, policeman,…] kan jedhu fakkeessuuf waan yaalame fakkaata. Afaan Ingilzii keessas maqaan [nutman] jedhu waan jiruuf isa irraa akka hinfudhatamne ragaan hinjiru.Adeemsi moggasa akka kanaa immoo gaarii yaafakkaatu malee dhaloota gara wal'aalchisuun isaa hinoolu.Manguddoon odeeffannoo irraa walitti qabameefi namoonnni qorannoo kana keessatti raga keenuun irratti hirmaatanis yaaduma kana calaqqisiisu.Yaada barsiisaa tokkoo fudhannee yoo ilaalles akka armaan gadiitti dhiyaatee jira."Oromoon aadaa mataa isaa qaba, adeemsa maqaa daa'ima isaaf itti moggaafatus qaba. Maqaaleen yeroo ammaa daa'immaniif moggaafaman garuu gara nama walaalchisu. Yeroo dhaga'an hinbareedu, maal jechuu akka ta'an garuu yoo abbaan akka ofiitti hiikkateen ala salphaatti namaaf hingalu.Maqaa Oromoo hinfakkaatu."

Yaadi odeef-kennaa kanaas kan Ayele Gizaw Gemechufi Wondimu Tegegne (2017) haalaan walfakkaata.

#### 4.5.2. Amala Caasaa

Amala caasaa yeroo jedhamu amala unkaan maqaa kunniin itti ijaaraman ykn uumaman jechuudha.

##### 4.5.2.1. Caasaa Jechaa

Maqaaleen ragaaf guuraman harki caalaan kan umaman mala suphiinsaa (blending)fi makootiin. Suphuun jecha tokko ol qaama isaa irraa kukkutuun jecha tokkotti deebisuu yeroo ta'u mokoon immoo jecha lama ykn isaa ol walitti fidanii akka yaada tokko dabarsu gochuu jechuudha.

***Fkn (17 )***

Naaf + Yaadii (makoo)

Olii + Biraa+-tti (makoo)

Fakkeenya armaan olii (fkn. 17) irraa kan hubatamu uumama maqaalee yeroo ammaa keessatti jecha tokkoo ol walitti fiduun moggaafamaa akka jiruudha. Fakkeenyi armaan gadiis kanuma ibsu.

Fkn. (18)

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1 | Anaa + Tolii | ⟹ | Anatoli |
| 2 | Fedhaa + Waqaa | ⟹ | Fedhawaaq |
| 3 | Ifaa-itti+Isaan | ⟹ | Iftisaan |
| 4 | Lolii + Baas | ⟹ | Loliibas |
| 5 | Horree+Nuus | ⟹ | Horrenus |
| 6 | Fira+ Oli | ⟹ | Firaa'ol |
| 7 | Feenee+ Nutuu | ⟹ | Feenenutuu |
| 8 | Faruu+ Isaa+-f . | ⟹ | Farruuisaaf |
| 9 | Sii+Yaadee | ⟹ | Siyaadee |
| 10 | Olii+ Biraa | ⟹ | Oliibiraa |
| 11 | Robsee+ Inni | ⟹ | Roobsenni |
| 12 | Abdi + Borii | ⟹ | Abdiiborii |
| 13 | Loliibaas | ⟹ | Loloobaas |
| 14 | Yommii+-iyyuu | ⟹ | Yoomiyyuu |

Maqalee armaan olitti tarreeffaman fkn. (18) hunda yoo ilaale jecha tokko irraa kan ijaaraman hinjiran. Hundi isaanii jecha lamaaf isaa ol irraa kan ijaaraman jechuudha. Haaluma kanaan hiikni isaaniis maal akka ta'u tilmaamuun nama hinrakkisu.

Karaa biroo yoo ilaalle maqaalee kunniin garee jechootaa adda addaa walitti fuduun kan uumamaniidha. Fakkeenya armaan gadii ilaaluun nidanda'ama.

### A. Maqaafi Maqaa Walitti Ida'uun

Fkn. (19)

| **Maqaafi Maqaa** | | **Maqaa uumame** |
|---|---|---|
| *Fedhaa + Waqaa* | ⇒ | Fedhawaq |
| *Abbaa + boora* | ⇒ | Abbaaboora |
| *Dubbii+waaqa* | ⇒ | Dubbiiwaaqa |
| *Abbaa + gadaa* | ⇒ | Abbaa + gadaa |
| *Abdii + bor* | ⇒ | Abdiibor |

Adeemsa uumama maqaalee armaan olii keessatti jechoonni lama walitti dhufuun maqaa tokko haa uuman malee adeemsa moggasichaa keessatti birsaga ykn dhamsaga haquun maqaaleen dhumaratti argaman uumamu.Yaada kanas Mitikkuu Dhibbeessaafi Gammachuu Galaalchaa, 1992 ibsanii jiru.

### B. Maqaafi Bamaqoota Walitti Iduduun

Maqaaleen haala kanaan uumaman baayyee huddumaatu. Bamaqoota jiran keessaa irra caalaa kan dhimma itti Bahaman 'nuti' kan jedhu yeroo ta'u bamaqoonni biraanis adeemsa moggasa maqaa hammayyaa kana keessatti qooda guddaa qabu. Kan armaan gadii fakkeenya muraasa.

Fkn. (20)

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1 | *Anaa + Tolii* | ⇒ | Anatolii |
| 2 | *kumaa+ isaa* | ⇒ | Kumsaa |

Adeemsa moggaasa armaan olii keessatti yeroo maqaan garee jecha maqaafi bamaqa irraa ijaaramutu argama.As irratti yeroo baayyee maqaafi bamaqoonni addaa bahanii mul'atu.Yaata'u garuu yeroo bamaqi ramaddii lammaffaa qeenxee ta'u ifatti hinmulatu. Fakkeenyaaf

Fkn. (21):

*abdiikeeti*

*Firaan*

*Siingitan*

Maqaalee armaan olii keessatti bamaqi abbummaa “Ati” kan jedhu yoo ta’es ifatti bahuu akka warra kaanii hinmulatu. Yeroo hiika isaa xinxalan abbummaan/gulummoon isaa ifa bahaan kan hafe.

**C. Gochimaafi Bamaqa**

Maqaaleen haala kanaan uumaman maqaalee siyaasa ykn dhaadannoon walqabatan yeroo ta’an galmee sakatta’aman keessaa kan walitti qabaman akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

Fkn (22)

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1 | *Anaa + Tolii* | ⇒ | Anatoli |
| 2 | *Horree+Nuus* | ⇒ | Horrenus |
| 3 | *Feenee+ Nutuu* | ⇒ | Feenenutuu |
| 4 | *Sii+Yaadee* | ⇒ | Siyaadee |
| 5 | *Robsee+ Inni* | ⇒ | Roobsenni |

Adeemsa uumama maqaa armaan olii keessatti tartiibni gochimaafi bamaqaa haala afaaniif tolutti kan ka’amu irraa kan hafe kanatu seera jedhamee kan himamu miti. Kana jechuun gochimaafi bamaqi haala tartiiba kamuun dhiyaachuu danda’u jechuudha.

**D. Gochimaafi Gochima**

Adeemsa moggaasa maqaa hammayyaa keessatti yeroo maqaan gochima adda addaa lama irraa uumamanis jira.Kan armaan gadii akka fakkeenyaatti fudhachuun nidnada’ama.

Fkn (23)

| | | |
|---|---|---|
| Lolii + Baas | ⇒ | Loliibas |
| Marsuu + mo’uu | ⇒ | Marsiimo’i |
| Loluu+mo’uu | ⇒ | Loliimo’i |
| Marsuu + Qabuu | ⇒ | Marsiiqab |

Adeemsi maqaan itti moggaafamu armaan ilitti eeraman yeroo adda addaatti namoota qorannoo gama kanaan adeemsisaniin kan dhiyaate yeroo ta’u isaan keessaa Mitikkuufi Gammachuu ,

1992 eeruun ni danda'ama. Kana jechuun immoo haalli maqaan yeroo ammaa itti moggaafamaa jiran kan duraan turan faana walqabatiinsa qabaachuu isaati.

#### 4.5.2.2. Caasaa Himaa

Akkuma fakkeenya (23) irraa arginetti maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiran, hindi isaanii jechuun hindanda'ama, unkaa himaa qabu. Himni tokko mathima, irraawatamaafi xumura akka qabu beekamaadha.Maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiranis unkaan isaanii unka jechaa haafakkaatan malee caasaan isaan of keessaa qaban qabiyyee himni tokko guutuu qabu niguutu.

**Fkn. (24)**

Siyaade

Diinayaas

Olibira

Feenenutii

Akkuma fakkenya (24) irraa hubannu maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jira. Caasaa hima kan qaban yeroo ta'u ergaan isaaniis ergaa hima tokkoo darbuu danda'uun walqixa. Kun immoo caasaa unkaa maqaa duraan turan irraa adda.

### 4.5.3. Amala Koorniyaa

Aadaa Oromoo keessatti maqaan tokko yeroo moggaafamu akka koorniyaa addaan baasuu ta'eeti.Innis maqaan dhiiraafi moggaafamuufi dubaraaf moggaafamu yeroo baayyee gargaraa.

**Fkn. (25)**

| | **Dhiira** | **Dubara** |
|---|---|---|
| 1 | *Caalaa* | Caaltuu |
| 2 | *Gammadaa* | Gammadee |
| 3 | *Galgaloo* | Galgalee |
| 4 | *Sooressaa* | Soorettii |

Fakkeenya armaan olii fkn (26) irraa akkuma hubatamu maqaaleen duraan moggaafamaa turan, irra guddaa, maqaa dhiiraafi dubaraa jedhanii adda baasuun nidanda'ama. Yeroo ammaa kana kan moggaafamaa jiran garuu kan duraanii irraa adda fakkaatu. Wantoota adda isaan godhan keessaa tokko koorniyaa addaan fo'uu dhabuu isaaniiti.Mee fakkeenya (22) armaan ilitti dhiyaatan irra deebinee yaa ilaallu.

**Fkn (26)**

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1 | Anaa + Tolii | ⇒ | Anatoli |
| 2 | Fedhaa + Waqaa | ⇒ | Fedhawaaq |
| 3 | Ifaa-itti+Isaan | ⇒ | Iftisaan |
| 4 | Lolii + Baas | ⇒ | Loliibas |
| 5 | Horree+Nuus | ⇒ | Horrenus |
| 6 | Fira+ Oli | ⇒ | Firaa’ol |
| 7 | Feenee+ Nutuu | ⇒ | Feenenutuu |
| 8 | Faruu+ Isaa+-f | . ⇒ | Farruuisaaf |
| 9 | Sii+Yaadee | ⇒ | Siyaadee |
| 10 | Olii+ Biraa | ⇒ | Oliibiraa |
| 11 | Robsee+ Inni | ⇒ | Roobsenni |
| 12 | Abdi + Borii | ⇒ | Abdiiborii |
| 13 | Loliibaas | ⇒ | Loloobaas |
| 14 | Yommii+-iyyuu | ⇒ | Yoomiyyuu |

Maqaalee armaan oliti dhiyaatan (26) yoo ilaalle koorniyaa kan addaa baasan miti. Hundi isaanii dhiiraafis durbaafis ni ta’u .kun immoo aadaa moggaasa duraan uummanni Oromoo ittiin beekamu irraa adda waan ta’e fakkaata.

### 4.6. Sababa Jijjiirama Moggaasaa Yeroo Ammaa

Akkuma duraan eerame hawaasni tokko namaaf, bakkaafi wanta biroo tokkoof yoo maqaa baasu aadaa isaa bifa calaqqisiisuufi dabarsuu danda’uun moggaasa. Oromoonis akkuma hawaasa biro aadaa moggaasa mataa ofii qaba. Aadaa Oromoo keessatti moggaasni seeraafi adeemsa mataa isaa qaba. Adeemsa daa’imman dhalataniif, wantoota uumamaan jiraniif, wantoota haaraa kalaqanii maqaa kennaniifii ittiin waaman tu jira. Daa’immaniif yeroo maqaa moggaasan waan adda addaarratti xiyyeeffatu. Maqaan daa’immanii Oromoo biratti kabaja guddaan moggaafamaa ture. Kana irraan kan ka’e Mammaaksa Oromoo keessatti, Ulee abbaan koo naaf mure hincabu hindullomus jedhama. Kana jechuun fakkoommiin ulee sanaa Oromoo biratti “Maqaadha. Haata’u garuu yeroo ammaa namoonni maqaa dhunfaa ofii yeroo jijjiirratan argina. Kun immoo sababa mataa isaa qaba. Qorannoo kana keessattis namoonni maqaa duraan ture dhiisanii maalif

akka kan ofii barbaadan akka moggaafatanifi moggaasan sakatta'uunn yaalamee jira. Sabibi kunninis akka armaan gadiitti cunfamee dhiyaatee jira.

### 4.6.1. Hammayyummaa

Jechi hammayyummaa jedhu namoota adda addaa biratti haala adda addaan ibsamuu danda'a. haata'u garuu namoonni qorannoo kanaaf odeeffannoo kennan akka jedhanitti namoonni maqaa kan jijjiirrataniif sababa hammayyumaati, jedhu. Dhugumas yoo maqaa tokko tokko yoo ilaalle maqaa aadaa warra lixaan walfakkaatu ta'u. akkuma duraan ibsamuuf yaalame maqaaleen akka Jinenus, nutiman, robson fi kan kana fakkatan maqaa warra lixaa fakkaatu. Maqaa Oromoo ta'uu isaa ibsa hedduu booda bira gahama. Kana ilaalchisee

> After 1991, adolescents who have an access to education and affected by globalization name their children in the way that the names are meaningful locally and globally. For instance, names such as *'**Beekam',** **'Feenaan' 'Firaanoli', 'Fira'ol' 'Ginenuus', 'Jajineet', 'Naa'ol' and 'Roobeera'*** are meaningful in Afan Oromo. In addition, the names are related to the name of foreigners and thus can have meaning out of the cultural context. In this way *'Beekam'* is related to the well know football player of England , ***'Feenaan'*** is related to South African football player, ***'Jinenuus'*** is related to the English word ***genius*** , ***'Jajineet'*** is related the name Janet Jackson and ***'Roobeera'*** is related to Italian name. This mechanism of naming is borrowing and contextualization, Ayele Gizaw Gemechu and Wondimu Tegegne (2017).

Namoota odeeffannoo naaf kennan keessaas hojetoonni Aadaafi turizimiifi barsiisonni hundi yaada kana irratti gutummaan waliigalu. Akka qorataa tokkootti garuu of ta'uu dhiisanii nama biroo ykn aadaa biro fakkaachuuf yaaluun kun bu'aa isaa irra miidhaan isaa waan caalu fakkaata. Afaan aadaadha, moggaasni immoo qaama aadaa waan ta'eef aadaa bal'eessuun waan walqabatu fakkaata.



**Suuraa (2): Mariin ogeettii Aadaafi Tuurizimii aanichaa waliin yeroo taassifamu**

### 4.6.2. Sabboonummaa

Ummanni Oromoo yeroo dheeraaf cunqursaa halagaa jala ture. Yeroo sanatti maqaa oromoo osoo hintaane maqoota warri isa gabroomfataa turan fedhan moggaafachaa ture. Yookin moggaafamaafii ture. Maqaa oromoo yoo moggaafate tajaajila akka barumsaa hinargatu ykn maqaa akka jijjiirratu taassifamaa ture. Bara 1983 ALH booda garuu carraa dhufetti fayyadamee Oromoon maqaa Orumummaa koo naaf ibsa jedhu moggaafachuu jalqabe. Yaada kana ilaalchisee qorattoonni akka armaan gadiitti ibsu.In 1991 a new government called Federal Democratic Republic of Ethiopia (FDRE) come to power. The FDRE followed a more flexible official approach which takes into consideration the rich linguistic and cultural diversity of Ethiopian people's (Gfeller, 1999 in Ayele Gizaw Gemechu and Wondimu Tegegne (2017).

Carraa afaan ofiini of bulchuu kanatti fayyadamuun Oromoon yeroo sanaa eegalee sodaa tokko malee afaan ofiin maqaa daa'ima isaa moggaasuu eegale. Haata'u malee carraa argame kana akkamiin akka itti fayyadamani irratti hanqinni akka jiru ogeessonni aadaafi Tuurizimii akkasumas barsiisonni yaada isaanii dhiyeessu. Yaadi isaaniis akka armaan gadiitti cunfamee dhiyaatee jira.

"Carraan afaan ofiin barachuu, aadaa ofii guddisuu akkasumas yaada ofii akka fedhanitti afaan ofiin darbarfachuu gaariidha. Deggeramuus qaba. Haata'u malee wanti hundi seera qaba. Moggaasi yeroo ammaa garuu afaan Oromoo fakkaachuu yookin ta'uu irra darbee adeemsi moggaasi itti kennamaa jiru kan duudhaa ykn aadaa moggaasa Oromoo eege miti. Kun immoo sirrii miti."Akka qorattuu tokkottis yaadni odeef kennitoota armaan olitti dhiyaate xiyyeeffannoo argachuu waanbarbaadu fakkata. Dhimmi addaa addaa giddugaleeffatee deemuu waan qabuuf.

### 4.6.3. Maqaalee Duraan Turan Jibbuu

**M**aqaan tokko kan mogga'u sababa mataa isaa qaba. Waan ibsus qaba. Namni maqaan duraan ture haala ammaa kana naaf ibsa jedhanii itti amanuu yoo dhiisan maqaa yeroo keessa jiran anaaf ibsa jedhan moggaafatu. Kana ilaalchisee barsisooni odeeffannoo irraa guurame akka ibsanitti barattootaan maaliif maqa keessaan jijjiratu jenne yeero gaffanu "maqaan duraan turan hiikni isaanii namaaf hingalu.bareedaas miti. Kanaaf isa ammaa moggaafamaa jiru filannaa jedhu.jedhan. Kana malees maqaan tokko tokko afaanin yeroo dubbifaman namatti hintolu. Namoonni afaan biraa dubbatan yeroo waaman gara maqaa arrabsootti jijjiirama.

Kana ilaalchisee hayyoonni yeroo ibsan, “people with names that could be embarrassing, especially if mispronounced or misspelled, may also seek name changes” jedhu.

### 4.6.4. Sababa Amantii

Yeroo baayyee amantii kan abbaati jedhama. Garuu yeroo amantiin kana irra darbee gara aadaatti darbus nimulata. Amantiin tokko tokko maqaa amantii sanaaf ta’u filata. Haaluma kanaan hordoftoonni amantii tokko tokkoo miseensummaa isaanii mul’isuuf maqaa amantii isaan hordofan kan calaqqisiisu yeroo isaan filatan argina. Kun yeroo dheeraa keessa moggaasa maqaa oromoo jeeqaa turee jira. Haata’u garuu yeroo ammaa kana maqaan amantii irratti hundaa’uun moggaafamaa ture hir’achaa dhufee jira. Kana maqaalee odeeffanno qorannoo kanaaf guuraman irraa hubachuun danda’amee jira. Maqaalee walitti qabaman keessaa kan amantiin walqabatan dhibbentaa 5% hincaalan. Odeefkennitoonni karaa afgaaffiin akka ibsanitti yeroo ammaa kana namni maqaa eenyummaa isaa ibsu irratti xiyyeeffata malee amantii akkas godhi jedhee kan dirqisiisu hinjiru. Yoo jiraates namni yeroo ammaa waan of baree jiruuf amanticha dhiisa malee maqaa isaa hinjijjiirratu jedhu.

### 4.6.5. Dhiibbaa Siyaasaa

Siyaasi duraan ture Oromoon akka maqaa Oromootti hinboonne gochaa kan ture. Yaada kana qorattoonni yeroo ibsan:

> During Imperial and Socialist Regimes of Ethiopia (1886-1991) Oromo people were forced to use Amharic for several functional purposes. Afan Oromo names were replaced by Amharic names. Oromo people forced to name their children in Amharic instead of Afan Oromo names, Ayele Gizaw Gemechu and Wondimu Tegegne (2017)

Yeroo ammaa garuu kun waan jiru hinfakkaatu. Haata’u malee siyaasi yeroo ammaa akka isa durii kallattiin osoo hintaane al kallattiidhaan jira. Siyaasi yeroo ammaa siyaasa diinagdee fakkaata. Namoonni maqaalee namoota diinagdeen guddatanii ykn biyyoota diinagdeen guddatanii moggaafachuutti waan deemaa jiran fakkaata. Aadaa ofii baranii akka aadaan nama qajeelchuun deemuun immoo ogummaa bakka bu’a hinqabne fakkaata. Gatanii barbaaduun dhamaatii baayyee waan qabuuf.

## 4.7. Qaaccesaa Gaaffilee Barsiisotaarra Argame

1. Maqaa keessaniifi maal akka barsiiftan naaf himaa? Gaaffii jedhuuf Obbo Ifreem Alamuu Barsiisaa kutaa 8ffaa akka ta'an naaf heeran.

2. Moggaasaleen yeroo amma daa'imman fudhatanii gara mana barumsaa dhufan gama guddainaa afaaaniitii gummachaa akkamii qaba? Mooggasaalee durii jechuunis (1990) dura maqaa moggaafamaa jiruun yeroo walbira qabdanii ilaaltan garaaagarummaa qaba jettanii yaaddu? Gaaffii jedhuuf gama guddina afaanii ilaalchisee keessummaa sabaafi sablammoota biyya kana keessaa jiran keessaa oromoorra jaarraa 100 oliif duula eenyummaa balleessuu, aadaa isaa barbaadeessaa, amantaaa adda addaa irratti fe'uufi maqaa geddaruun irratti adeemsifamaa ture. Erga moggaasaa yeroo dhihoo as babal'achaa dhufee hawaasni keenya jecha afaan oromootiin maqaa moggaasuutti ka'e.Akka fedhe ta'uus hacuucaa keessa jiruu keessa darbee fedhiifi abdii qabullee akka afaan kan jaallatu maqaa moggaffachuu jalqabe.



**Suuraa (3): odeeffannoon barsiisaa irraa yeroo walitti qabamu**

Kun ammoo jaalala hawaasa keessatti uumaa dhufuun afaan isaaniin akka maqaa moggafatan isaa taasise.Afaan isaa maqaa mooggafachuu jechuun ammoo afaanicha beeksisuufi guddisuu keessatti gumaacha guddaa qabaachuu isaa naaf heraan.

3. Moggaasni maqaa yeroo ammaa baay'inaan qabiyyeen isaa maal irratti xiyyeeffata? Sababa jijjiiramni maqaa kan ta'uu maalii jettanii yaaddu? Gaaffii jedhuuf hiikni moggaasaa yeroo ammaa kun hiikaa kallattiii kan qabuu ta'uufi sababa jijjiiramaa ta'uu ni malu kan jedhan ammoo dammaqina hawaasaati. Kunis hawaasni ofbaree eenyummaa isaa barbaaduun isaa tokkodha.Kan biraan ammoo ammayyummaa ta'uudha.Kana jechuun baradheera,nama jabanaati,ykn warra duriirra fooyya'aa ta'uu hawaasaa akka ta'ee yaada barsiisotaa kanarraa argadheeera.Yaada kana walqabsiisuun hayyoonni haala kanaan yoo itti fufe maqaawwan durii oromoon

moggaafaturraatti dhiibba uumuun isaa hin oolu.Kanaafuu qaama dhimmi ilaalatu irratti hojjetee gaarii ta'a jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

4. Moggaasaalee maqaa yeroo ammaa kana irra caalaan kan moggaafataa jiran barattoota magaalaa jiratan moo kan baadiyyaa jiraataniidha? Gaaffii jedhuuf hawaasa magaalaa keessaa dhufan biratti baay'inaan kan mul'atu yoo ta'u; adeemsa keessa gara baadiyyaatti ce'aa kan jiruu ta'uusaa naaf himan.Kanneen barumsaan sadarkaa olaanaarra ga'an ammoo maqaa durii sun maqaa ammaan hacuucamaa jiraachuu addeessu.Kanaafuu moggaasni maqaa aadaa, amantaa, jiruufi jireenya hawaasaa bu'uureffachuun gaarii ta'a.

5.Moggaasni dur moggaafamaa turan maaliif moggaasaa ammaan liqifamaa jiraa jettanii yaaddu? Gaaffii jedhuuf barsiisotaa adda addaa biraa yaada walfakkaatutu ka'e.Innis: qaroomina hawaasaa, ammayyaa'uu, maqaa durii kan nama hinhaawanne ta'uu, miidhaginaa akka hinqabnetti yaaduun moggaasni maqaa ammaa baayyachaa jiraachuu naaf himan.

6.Yaada dabataa isaan naaf kennan ammoo moggaasni maqaa haaraa kun babal'achaa dhufuun isaanii kun gaarii ta'uus moggaasni maqaa duriis akka hinbadne hawaasni hunduu gahee mataa isaanii bahuu akka qaban naaf himan.

**4.8. Qaaccessa Gaaffilee Maanguddootaaraa Argame**

1. Moggaasni maqaa daa'immaan Oromoo durii jechuuniis (1990) duraafi booda kun garaagarummaa qabu? Gaafii jedhuuf jaarsi biyyaa obboo Gaaddisaa Angeessaa akka jedhanitti haala qabatamaa haala naannoo keenyaatti dur yeroo daa'immaan keenyaaf yeroo maqaa maggaasnu waqtiileefi taa'insa adda addaa bu'uura godhachuun ta'a.Fakkeenyaaf, Arfaasaa keessa daa'imni tokko yoo dhalatu/ttu Arfaasaa, Arfaasee jechuun moggaasu; yoo ganama daa'imni dhalatu/ttu ammoo Ganamoo,Ganamee jechuun moggaasu.Akkasumaas, moggaasni maqaa durii hammachisaan, guddifachaan maqaan daa'imaa moggaafamaa ture.Amma garuu baayinaan moggaasni daa'ima kan kennamaa jiruu maatiidhaan ta'uu ibsan.

2. Moggaasaa maqaa namaa durii fakkeenyaaf :Hirkoo, Haadha firaa, Magarsaa, Dagaagaa, Dinaagdeefi kkf jedhamanii moggaafamaa turan yeroo ammaa kana naannoo kanatti moggaafamaa jiru?moo hinjiran? Gaaffii jedhuuf maanguddoon ani gaafaadhe maqaawwan kun yeroo ammaa moggaafamaa kan hin jirreefi moggaaasa maqaa ammaatiin kan liqimfamaa jiran ta'uu isaanii naaf ibsan.

3. Akka aanaa Ammayyaatti maqaalee daa'imman oromoo duri maalirratti hundaa'uu moggaafamaa turanii? Kan ammaa hoo?gaaffii jedhuuf akka Maanguddoo Obbo Lataan

jedhanitti moggaasni maqaa durii waqtiilee, yeroo(ganama,guyyaa,galgala,waarii),amantii kan hunda'ee yoo ta'u inni ammaa ammoo haala siyaasaan kan walqabatee ta'uusaa naaf himan.

4. Moggaasni maqaa ammaa kun isin biratti ammam babal'achaa jira? Daa'imman sababa maaliif maqaa jijjiirachaa jiru? gaaffii jedhuuf moggaasni maqaa yeroo ammaa baay'ee babal'achaa jiraachuusaa ibsuun daa'imman maqaa jijjiiratan darbee darbee akka jirun himuun sababni jijjiirachuu maqaa kunis:oromoomummaa koo hinibsu, maqaa durii namatti hin tolu jechuun daa'imman nidubbatu.

**4.9. Qaaccessa Hojjetoota Aadaafi Turiizimii Aanaa Ammayyaarraa Argame**

1. Moggaasni maqaa daa'imman oromoo akka aanaa ammayyaatti yeroo ammaa maalirratti bu'uureffate? gaaffii jedhuuf bu'uurri moggaasa maqaa ammaa kan nama rakkisuufi himaa olta'uusaa addeessuun maqaan moggaafamaa jiran maalirratti akka hunda'e adda baasuuf qorannoo biraa kan gaafatu ta'uu ibsan.

2, Moggaasa maqaa daa'immanii haala qabatama yeroo ammaatti magaalaa kana keessatti aadaa fi duudhaa ganamaan rawaatamaa jira? moo hinjiru?gaaffii jedhuuf moggaasni maqaa kan amma moggaafamaa jiru kan aadaafi duudhaa hawaasaa duraa eegee kan hin taaneefi maatiin akka barbaadetti kan moggaafatu



**Suuraa (4): Mariin ogeessa Aadaafi Turizimii aanichaa faana yeroo geggeeffamu**

oromummaa isaanii kan ibsu moggaafachuu, kan haala ammaa wajjiin deemuu ta'uu ibsan.Qooda fudhattoonni moggaasa maqaas akka durii waabeekaa biraa deemuufi mana amantaatti cuuphamuu osoo hin ta'iin maatiin ofuman kan itti moggaafatu ta'uu naaf himan.

3. Daa'imman yeroo ammaa kana sababa maaliif maqaa jijjiirataa jiru? Jedhee gaaffii dhiheesseef hojjetoota lama sababa jijjiira moggaasa maqaa kan hinbeekneefi hubannoosaa kan hinqabne beeksisan.Hojjetoonni lama ammoo sababa jijjiirra moggaasaa maqaa yoo naaf eeran moggaasuufi siyaasaatti kan harkisan ta'uu dubbatu.

4. Akka Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanaa Ammayyaatti Moggaasa maqaa daa'imman yeroo duriifi ammaa irratti qorannoon ykn waanti hojjettan yoo jiraate jedhe gaaffiin dhihaateef moggaasaa maqaa yeroo duriifi ammaarratti qorannoon tokkoyyuu kan hinjirreef gama isaaniitinis waan tokkoyyuu kan walitti hinqabne ta'uu ibsan.Kanaafuu moggaasaa maqaa daa'imman oromoo dur tureefi ammaa moggaafamaa jiran irratti akka hojjechuu qaban addeessan.

Hubachiisaa: Moggaasa maqaa daa'imman oromoo duriifi ammaa akkasumas sababa daa'imman maqaa jijjirataniif irratti yaada dabalataaf akkan maatii daa'immanii namoota afur irra yaada fudhadhetti moggaasni maqaa isaan amma fayyadamaa jiran maqaa jabanaa(ammayyaawaa) wajjin kan deemu fayyadamuufi isa durii kan irranfaachaa jiran ta'u naaf himaan.

# BOQONNAA SHAN

# CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yeroo ta'u boqonnaan jalqabaa Seensa. Isa jalattis: ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree qorannichaa, Faayida Qorannichaa, Daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa Lammaffaan sakatta'a barruuti. Boqonnaan kunis bakka gurguddoo lamatti qoodamee dhiyaate- sakatta'a barruu yad-rimeefi sakatta'a barruu walfakkiiti. Boqonnaa sadii keessatti immoo mala qorannichaatu dhiyaate. Innis,mala qorannoo,Irraawwatama qorannichi ittigageeffame,maddeen ragaa qorannichaa, filannoo iddattoo qorannichaa,maloota iddattoofi maloota odeeffannoon itti walitti qabameefi ittiin qaacceeffame akkasumas,meeshaalee funaansa ragaaf hojiirra oolan keessatti ibsameera.Boqonna Afurkeessatti ragaan qornnichaaf sassaabame yaada hayyootan deggeramee xinxalamee jira.

Kayyoon qorannoo kanaas qaacceesa Jijjirama moggaasa maqa hammayyaa daa' imman Oromo Godina Shawa Kibba Lixaa Anaa Amayaa magalaa Gindoo yeroo ammaa moggafamaa jiraan Qabiyyee isaani maal fakkata? Bu'uurri moggaasa maqaalee yeroo ammaa maali, maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiraan akkamiin mooga'u, maqaaleen kunniin haalaa aadaa hawwasichaa eeganii moggaafamaa jiruu kan jedhu Qaacceesudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis malli qorannoo filatame, gosoota qorannoo jiran keessaa, qorannoo ibsaati. Sababni akaakuun qorannoo kun filatameef ammoo, mala qorannoo akkamtaa ragaan funaaname ibsaafi hiikaan waan qaacceffameefi.

Ragaan qorannoo kanaa karaa sakatta'insa galmee maqaalee barattootaa, karaa af-gaaffiifi marii garee manguddootaa, maatii daa'imani, barsiisotaafi ogeessota aadaafi tuurizimii aanichaan akka walitti qabame armaan olitti ibsamee jira. Kan keessatti jalqaba kan adeemsifame sakatta'a galmee maqaa barattootaa qabantu adeemsifame. Itti aansuun barsiisotaaf af-gaaffii dhiyyeesun akka yaada kennan taassifame.Sanaan booda ogeessota Aadaafi Tuurizimii aanichaa irraa ragaan walitti qabame. Itti aansee immoo maanguddoota aanichaa irraa ragaan walitti qabame.Kan

biraan maati da'imaani irraa Dhuma irratti ragaan madden adda addaa irraa argame waliitti qabamanii ibsi itti kennamee dhiyaate.

Ragaan sakatta'insa galmee maqaalee irraa argame, odeeffannoon afgaaffiin maanguddootaa,oggeessota irraa argameefi barsiisootairraa argame jechaan waan ibsameef mala qorannoo akkamtaatiin qaacceffamee jira. Ragaan mala qorannoo akkamtaa qaacceffamee ibsiifi hiikni ga'aan itti kennamee jira.

## 5.2. Argannoo

Ragaan bifa kanaan sassaabame xinxalame akka ibsutti maqaaleen da'imman Oromoo durii akka aanaa Amayaatti haala adda addaan moggaafamuu akka danda'amu odeef-kennitoonii ibsanii jiru. Haaluma kanaan moggaasni maqaa dhuunfaa Oromoo ganamaa haala irratti hundaa'uun moggaafamaa turan keessaa muraasni: hammachiisaan, guddifachaan, maatiin, moggaasa gaa'eelaan raawwatamuu danda'a jechuun ibsan.

Mogggaasi maqaalee daa'immanii yeroo ammaa kan maatiin gaggeeffamu akkuma jirutti ta'ee, olaantummaa guddaan kan maqaa moggaasu akkoofi akaakaa osoo hin ta'in abbaafi haadha daa'immaniitii. Kunis kan ta'eef, maanguddoon qorannoo kana irratti hirmaatan afgaaffii dhihaateef yeroo ibsan maatiin ammaa akkoofi akaakaa waliin walirraa fagaatee sababa hojiif jecha naannoo adda addaa jiraata. Kanneen mana tokko keessa jiraatanis yoo ta'e, olaantummaa guddaan kan maqaa daa'imaa moggaasu haadhaafi abbaadha jedhu.

Qabiyyee maqaalee yeroo ammaa aanicha keessatti moggaafaniis irra guddaa isaa kan irratti xiyyeeffatu Siyaasaan,hawwiifi Abdii, yeroo ykn Waqtiilee, iddoo dhalootaa, amantii, haala yeroo dhalootaa (gaddaafi gammachuu), miidhagina Qaamaa, sabboonummaan, Biqiltootaanfi dinqisiifannaa irratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaa hubatamee jira.
Kana malees qorannoo kan keessatti wanti hubatame biroon amala maqaaleen amma moggaafamaa jiran kan duraanii irraa adda ittiin bahan yeroo ta'u amolooti kunninis bakka sadiitti qoodamanii dhiyaatanii jiru.

Amalli tokkoffaan Amala Hiikaa yeroo ta'u maqaaleen yeroo ammaa moggaafaman hikaan maqaa addunyaa fakkaatuun mogaafachuutu mul'ata.

Amalli inni biroon amala caasaati. Caasa ilaalchisee amala caasaa jechaafi himaa maqaalee daa'imman Oromoo yeroo ammaa moggaafamaa iirantu ilaalame. Amala caasaa yeroo jedhamu

amala unkaan maqaa kunniin itti ijaaraman ykn uumaman jechuudha. Caasaa kana keessattis caasaa jechaafi caasaa himaan adda bahanii xinxalamanii jiru. Caasaa jechaa ilaalchisee maqaaleen ragaaf guuraman harki caalaan kan umaman mala suphiinsaa (blending)fi makootiin. Suphuun jecha tokko ol qaama isaa irraa kukkutuun jecha tokkotti deebisuu yeroo ta'u mokoon immoo jecha lama yookin isaa ol walitti fidanii akka yaada tokko dabarsu gochuu jechuudha. Caasaa Himaa ilaalchisee immoo maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiran, hundi isaanii jechuun hindanda'ama, unkaa himaa qabu. Himni tokko mathima, irraawatamaafi xumura akka qabu beekamaadha.Maqaaleen yeroo ammaa moggaafamaa jiranis unkaan isaanii unka jechaa haafakkaatan malee caasaan isaan of keessaa qaban qabiyyee himni tokko guutuu qabu niguutu.

Amala koorniyaa ilaalchisee immoo aadaa Oromoo keessatti maqaan tokko yeroo moggaafamu akka koorniyaa addaan baasuu ta'eeti. Yeroo ammaa kana kan moggaafamaa jiran garuu kan duraanii irraa adda fakkaatu. Wantoota adda isaan godhan keessaa tokko koorniyaa addaan fo'uu dhabuu isaaniiti.

Qorannoo kana keessatti qabxii biroon ilaalame namoonni maqaa duraan ture dhiisanii maalif akka kan ofii barbaadan akka moggaafatanifi moggaasan sakatta'uunn yaalamee jira. Akka odeef kennitoonni ibsanittis sababiin jijjiirama moggaasaa duraa duubaan hammayyummaa, Sabboonummaa, maqaalee Duraan Turan Jibbuu, amantiifi siyaasa akka ta'e qorannoon kun ni mirkaneessa.

### 5.3. Yaboo

Qorannoo kana keessatti wantoota armaan olitti cunfamaniifi boqonnoo Afur keessatti xiinxalaman irratti hundaa'uun yaboon ykn yaadi furmaataa akka armaan gadiitti akeekamee jira.

- Oromoonis akkuma hawaasa biro aadaa moggaasa mataa ofii qaba. Aadaa Oromoo keessatti moggaasni seeraafi adeemsa mataa isaa qaba. Adeemsa daa'imman dhalataniif, wantoota uumamaan jiraniif, wantoota haaraa kalaqanii maqaa kennaniifii ittiin waaman tu jira. Daa'immaniif yeroo maqaa moggaasan waan adda addaarratti xiyyeeffatu. Yeroo ammaa kana garuu namoonni aadaa duraan ture dhiisanii afaan Oromoo fayyadamuu qofa irratti xiyyeeffachaa jiru. Kun immoo gama biroon aadaa ofii irraanfachuutti waan geessuuf of eeggannoon osoo godhamee gaariidha.

- Waajjirri aadaafi tuurizimii naannoo Oromiyaa akkasumaas aanaa Ammayyaa aadaa uummattaa kunuunsuu gahee isaanii waan ta'eef gama isaaniin qorannoo adeemsisanii haala aadaan sun itti baraaramu osoo uumaanii.

- Gama barsiisotaan yeroo barumsa biro barsiisan barattoota akka isaan aadaa ofii ykn duudhaa uummata isaanii qoratanii karaa sanaan socho'an osoo barumsa kennanii.

- Maanguddoonis akkasuma maatiin daa'immanii daa'ima ofii yeroo isaan maqaa akka fedha isaaniitti maggaasan ilaaluu dhiisanii aadaa jiru gara dhalootaatti dabarsuu irratti gahee isaanii osoo bahanii gaarii ta'a.

**Wabii**

Abarraa Nafaafi kanneeen biroo.(1996).**Caasluga Afaan Oromoo Jildii 1**.Finfinnee:Artistic Printing Enterprise.

Abdulsamad Muhammad.(1994).**Seerluga Afaan Oromoo.**Caffee Oromiyaa:Finfinnee.

Agyekum, K. (2006). “The Sociolinguistic of Akan Personal Names” *Nordic journal of African studies*,

Alamaaayyoo Haayileefi kanneeen biroo.(2006). *Seenaa Oromoo Hangaa Jaarraa 16ffaa*, Finfinnee: BATO

Ayele Gizaw Gemechu and Wondimu Tegegne (2017). An Investigation into the Patterns and Mechanisms of Naming in Afan Oromo: Focus on Personal Naming. Research on Humanities and Social Sciences **www.iiste.org** ISSN (Paper)2224-5766 ISSN (Online)2225-0484 (Online)

Berg,B.L.(2001).*Qualitative Research Methods for Social Sciences***(**4th ed).Boston:Allyn and Bacon.

Brown K.(ed). (2006). Encyclopedia of language and linguistic.(2nd ed ). U.K : Elseviier ltd

Crystal D. (1989).The Cambridge Encyclopedia of Lnaguage Cambridge:Cambridge university press

De-Pinar- Cabral, J. (2008) “What’s in a name: personal identity and linguistic identity in a *cosmopolitan* world’ preliminary version of paper written for the *symposium on multilingualism and intercultural dialogue in globalization* New Delhi

Dirribii Damusee.(2012)..*ILAACHA OROMOO Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee

Elias Bahiru.(2004). *Amaharic Onomastics. A class Ethiopia, Legency concept.* Vol.I.London. Mellen Press

Encyclopidia of Britanica.(1999) .The World Book Encyclopidia.London

Filee Jaallataa. (2016).*Beekumta Oromoo I.*Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Gabriel V. Bruck and Barbara Bodenhorn. (2006).*The Antropology of Names and Naming.*New York: Cambridge University Press

Geetaachoo Rabbirraa. (2014) *FURTUU Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee: Mana maxxansaa Kurraaz

Guma M. (2001). *The Cultural Meaning of Names among Basotho of Southern Africa:* A Historical Land Linguistic Analysis.Nordic Journal of African Studes 10(3):pp.265-278.South Africa.

Hidetoshi KATAKAMI.(1997:209).*Personal Names and Modes of Addres samong Thembeere*.African Study Monographs, 18(3, 4): 203-212,Tokyo Metropolitan University

John W. Creswell (2012)*Educational Research.Planning, Conducting, And Evaluating Quantitative and Qualitative Research 4th edition*.University Of Nebraska–Lincoln

Kothari, C,R.(2004).*Research Methodology***.** Methods and Techniques, 2nd (edt.), India: New Age International Ltd. Publishers.

Kumar, R. (2005).*Research Methodology*.A Step by Guide for Beginners. London: Sage Publication.

M.T.Chuake.(2015:305).*Personal Names and Naming Practices among the Vatsonga*. M.E.R. Mathivha Centre for African Languages, Arts and Culture, University Of Venda: Anthropologist, 19(1): pp.303-312. South Africa

Mahaad Amiid Muddee.(1995).*Oromo Dictionary, English Oromo. Vol.*Atlanta, Georgia: Sagalee Oromo Publishing.

Mahaammad Sayid Abdurahamaan.(2016).*Seenaafi Qabsoo Oromootaa.*Finfine Graphic

Marsanii Bobbaasaa (2008).*Duudhaa.*Barruulee Ayyaana Irreechaa. Finfinnee D.G printing Enterprise.Maxxansiisaa Kurraaz Intarnaashinaal.

Meiring BA(1994). Toponymic innovation and social change.*Nomina Africana*, 8(1)

Mitikkuu Dibbeessaafi Gammachuu Galaalchaa .(1992).**Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa Lammaffaa.**Pirojektii Barnoota Fagoo Barsiisota Sadarkaa Tokkoffaa Marsaa Lammffaa.Dhaabbata Mala Quunnamtii Giddugaleessa Ministeera Barnootaa.Elleni Printing Press.

Nunan, D.(1992).*Research methods in language learning.*Cambrigde:Cambridge University Press.

Oliviu Felecan.(2012). *Name and Naming: Synchronic and Dicronic Perspectives*.New Castle.Cambredge Scholars Publishig PrintrersPress

ROLF Kuschel.***(1988)*** *Cultural Reflections in Bellonese Personal Names.Uniwrsity of Copenhagen*

Shewakena Cherinet.(2001).*Comprehensive English Grammar*.Addis Ababa:Mega Printig Enter prise.

Sinqinash Deettii Galdaasaa (2018). Qaaccessa Qabiyyeefi Caasaa Moggaasa Maqaa Daa'immanii (Bara 1994-2010) Akka Magaalaa Naqamteetii Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Diigrii Lamaffaa (Ma) Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'e, Mummee Afaan Oromoo, Fookloorii Fi Hogbarruutiif Kan Dhiyaate.

Smith, E. .(1969). *Theory of Name Lore*.New York : Harper and Raw Publisher

Stewart, G. .(1967). Name of the Land.A historica Account place naming in the United States. Bostan

Soorii Ayyaanaa (2018). Qaacceessa Maqaa Dhuunfaa Oromoo Carraa Balaa Baduu Keessa Jiran: Xiyyeeffanan Aanaa Walisoo.Yuunivarsitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookloorii

Standard Dictionary (Volume II).(1966).FUNK and WAGNALLS Company.New York

Susan Omura, MD .(1994).https:// ethnomed.org/culture/Oromo/Oromo-culture-profile

Tabsaa Gurraachaa. (1993).Oromiffa. Finfinnee

Tamene Bitama.(2000).*A Dictionary of Oromo Technical Terms, Oromo English*.Berlin Rudiger Kopp Verlage Kolin.

Tasfaayee Tolasaa. (2012).Early history of written Oromo Language up to 1900. Scienc, Tecnology and Arts Research.stor Journal

Tesfaye Gudeta Gerba, (2015).Typology of Oromo Personal Names *International Journal of Sciences: Basic and Applied Research (IJSBAR) (2015) Volume 19, No 2, pp 17-34*

United Nation.(2009). *ChildAdoption:Trends And Policies*.New York.United Nations Publication

Victor.D.(2009).*Research Designand Methods for studying Culculture*.NewYork:Altamira

Waktole Hailu.(2017).*Personal Name and History:Change and Continuity of Naming Practices among Maccaa Oromo*.Journal of Languages and Culture.Jimma University.(Acadamic Journal vol.8 pp51-58

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo.(2006).*Daaniyaa*.Finfinnee:Dhaabbata Maxxansaa Oromiyaa

Wasanee Bashaa.(2004).*Seerlga Afaan Oromoo*.Finfinnee:Mega Printing Enterprise.

Zawawi, S.M. (1993). "*What's in a Name" Unaitwaje? A Swahili book of Names*. Trenton:

Zawawi, S.M. (1998). *African Muslim names: images and identities*. Trenton, NJ: Africa World Press

Dabalee A: **Afgaaffii hojjatoota wajjiraa Aadaafi Turizimii Aanaa Amayyaaf dhiiyyatee**

YUUNVARSIITII FINFINNEE

Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii hojjatoota wajjiraa Aadaafi Turizimii Aanaa Amayyaaf dhiiyyatee**

**Duraan dursee Afgaaffii nawaaliin Taasisuuf Eeyyamama Waan Taataniif Galatooma!**

1. Maqaa keessaaniif gahee hojjii keessaani naaf himaa?

2. Moggaasni maqaalee daa'immaan oromoo akka magaalaa Amayaatti yeroo amma kana mogga'aa jiran maal fakkata?

3. Moggaasni maqaa daa'immaani haala qabatamaa yeroo ammatiin,magaalaa kana keessattii aadaafi duudhaa oromoo ganamaan raawwatama jira? Moo hin jiru?

4. Sababa daa'immaan yeero amma kana maqaa jijjirachaa jiraniif qalbiin qabdani beektu?

5. Akka wajjiraa aadaafi turizimii Magaalaa Amayyaatii moggaasa maqaa daa'immaan duriifi amma kana ilaalchisee waanti hojjatame jiraa?

6. Yaada dabalata yoo qabata carraan isiinif kenna?

Dabalee B: **Gaaffilee Afgaaffii Maanguddootaaf dhiyyate**

YUUNVARSIITII FINFINNEE

Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii,Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Gaaffilee Afgaaffii Maanguddootaaf dhiyyate**

Gaafiifi deebii naa waaliin gochuuf waan eeyyamama tataaniif guddaa galatoomaa.

1. Maqaa keessaan hanga Akaakayuutii naaf eera?

2. Moggasni maqaa daa'imman oromoo durii jechuniis (1990) duraafi booda kun garaagarummaa qabu?

3. Moggaasaalee maqaa nama durii fakkeenyaaf hirkoo, haadha firaa, Magarsaa, Dagagaa,Dinaagdee jedhamani moggaffamaa turan maqawwaan akkana kun yeroo amma kana baay'inaan akka naannoo kanatti moggaffamma jiru?Yoo hin jiru ta'ee maalif?

4. Akka aanaa Amayaati maqaaleen daa'immaan oromoo dur moggaffamaan maal irratti hunda'uun moggafamaa turan?Yeroo amma kanawoo maal irratti hunda'uun moggaffamu?

5. Gaaffiin biraa moggaasni maqaa daa'imman yeroo amma moggaffama jiran naannoo keessaniitt babal'inni isaa haala maal keessaa jira?

6. Moggaasni maqa da'immaan durii kana akka dhalooni yeroo amma kun hin moggaffaneef hacuucaan qaama biraan irratti godhamu jira jetaani yaadu?

7. Yaada dabalata yoo qabataan

Dabalee C: **Afgaaffii Barsiistota/Ogeeyyii/ Afaaniif Dhihaate**

## YUUNVARSIITII FINFINNEE

## Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii Barsiistota/Ogeeyyii/ Afaaniif Dhihaate**

1. Maqaa keessaaniif maal akka barsiistan naaf himaa?

2. Moggasaleen yeroo amma daa’imman fudhatanii gara mana barumsaa dhufan gama guddina Afaanitiifi gumaacha akkami qaba?Moggaasaalee durii jechuniis (1990)dura maqaan moggaffama jiru yeroo wal bira qabdan garaagarummaa qaba jettanii yaaddu?

3. Baay’inaan moggaasni maqaa yeroo amma kun hiikni isaani maalirratti xiyyeeffata?

4. Moggaasaalee maqaa yeroo amma kana barattoota magaalaadha dhufan immoo kan baaddiyaatu harka caala moggaafataa jira?

5. Moggaasaaleen dur moggaffama jiru moggaasaalee yeroo ammatiin maaliif liqimfama jira jettani yaaddu?

6. Yaada balata yoo qabataaan caraan isiinif kenna.

Dabalee D: **Afgaaffii maatii daa'immaniif dhiyyaate**

# YUUNVARSIITII FINFINNEE

## Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii maatii daa'immaniif dhiyyaate**

Yeroo keessaan naaf latanii gaafiif deebi naa waaliin gochuuf eeyyamama waan taataniif guddaa galatooma.

1. Maqaa keessaan naaf himaa? Dabalataniis ijoollee meeqa qabdu?

2. Maqaan ijoollee keessaniwoo eenyu jedhamu? Ijoollee keessaniif yeero maqa moggaastan eenyutu qooda fudhata? Hiikni maqalee kanawwoo maali?Sababa maaliif akkas jetaani moggastan?

3. Maqalee dur moggafama turan kan akka Adunyaa,Magartu,soreeti jetaani maalif ijoollee keessaniif hin moggaafnee?Mee maqawwaan akkana kanaf ilaalcha akkami qabdu?

4. Moggasalee yookiin maqaawwaan haaraa kana maaliif filatan?

5. Gaafiin biroon,Dhalooni amma kun yookin dhalooni itti anuu maqawwaan duri kanammoo waraa amma kana da'immaa isaatiif moggasu qaba jetu?

6. Yaada dabalata yoo qabataan?

**Dabalee E: Barsiisota Afaaniifi Seenaa, Manguddootaa, Hojjattoota Aadaafi Turizimiifi Maatii Aanaa Ammayaa AfgaffiiIrratti Hirmaatan**

| T/L | Maqaa Guutuu | Korniyaa | Umurii | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Taaddasaa Tasamaa Kaasayee | dhi | 42 | Ogeessa Aadaa |
| 2 | Iteenash Baqqalaa Waldamanuel | dha | 37 | Ogeetii Aadaa |
| 3 | Biraanee Gaaddisaa Ankeessaa | Dha | 36 | Ogeettii Aadaa |
| 4 | Lataa Bahiiruu Godaanaa | Dhi | 35 | I/A/Aaadaa Tuurizimii |
| 5 | Gaaddisaa Angeessaa Tolaa | dhi | 72 | Jaarsa Biyyaa |
| 6 | Ayyeelech Magarsaa Nagaasaa | dha | 63 | Daldaltuu |
| 7 | Abbaaqalbii Amantee Hiikaa | dhi | 74 | Jaarsa Biyyaa |
| 8 | Dagaagaa Abdii | dhi | 76 | Jaarsa Biyyaa |
| 9 | Efreem Alamuu | Dhi | 36 | B/saa |
| 10 | Nunishee Kennessaa W/Mika’eel | dhi | 38 | B/saa |
| 11 | Adaanaa Mulugeetaa Maammoo | dhi | 42 | B/saa |
| 12 | Abdii Naga’oo | dhi | 39 | B/saa |
| 13 | Masarat Abbuu Sooressaa | dha | 38 | Maatii |
| 14 | Shittoo Baqqalaa Asheetuu | Dha | 32 | Maatii |
| 15 | Wandoo Hirkoo Yaa’ii | Dhi | 34 | Maatii |
| 16 | Haayilee Dassee Biragahaa | Dhi | 40 | Maatii |

**Dabalee F: Maqaa Barattootaa Roosteera kutaa 7ffaa fi 8ffaa Bara 2011**

| | MAQAALEE | | | |
|---|---|---|---|---|
| **T.L** | **Maqaa Barataa** | **Saala** | **Maqaa Abbaa** | **Amaqaa Akaakayyuu** |
| 1 | Abaaboo | dha | Waqjiraa | Ilaalaa |
| 2 | Ababaa | dhi | Eliyas | Ilaalaa |
| 3 | Ababaa | dha | Tsagahee | Yohaanis |
| 4 | Abaraash | dha | Kabadee | Jorroo |
| 5 | Abdii | dhi | Daanyee | Margaa |
| 6 | Abdii | Dhi | Daanyee | Margaa |
| 7 | Abdii | dhi | Adugna | Taammiruu |
| 8 | Abdii | dhi | Nigatu | Yohaannis |
| 9 | Abdiishee | dha | Waqjiraa | Liiban |
| 10 | Abiraam | dhi | Teshoomee | Kitaabaa |
| 11 | Acaaluu | Dhi | Hayiluu | Girmaa |
| 12 | Addisuu | dhi | Zarihuun | Indaalo |
| 13 | Addunyaa | Dhi | Nagaasi | Galeraa |
| 14 | Akeekeeti | Dhi/dha | Abdii | Gaddisaa |
| 15 | Akeekeeti | Dha/dhi | Tolasaa | Goshuu |
| 16 | Akeekeeti | Dhi/dha | Musxaafaa | Ahmeed |
| 17 | Akkumaa | dhi | Simon | Zariihuun |
| 18 | Alamayyoo | dhi | Balaxaa | Addunyaa |
| 19 | Almaaz | dhi | Gidalawu | Ligdii |
| 20 | Amalawarq | dha | Ahmed | Abaatee |
| 21 | Amartii | dha | Tesfaye | Guutuu |
| 22 | Amartii | dha | Dagafe | Habtaamuu |
| 23 | Anaafis | dhi | Ahmed | Ida'ee |
| 24 | Anan | Dha | Tariku | Diimaa |
| 25 | Angoo | dhi | Darajjee | Kitaabaa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 26 | Anis | dhi | Salamoon | Biraanuu |
| 27 | Antii | dha | Eliyaas | Kumarraa |
| 28 | Antii | dha | Eliyaas | Kumarraa |
| 29 | Antiikoo | dha | Gutu | Dassalenyi |
| 30 | Arfaasoo | Dhi | Garoomsa | Ittichaa |
| 31 | Aschaaloo | Dhi | Fiqaadu | Warquu |
| 32 | Ashaanafii | dhi | Kifilee | Rafeeraa |
| 33 | Assabee | dhi | Daragee | Dhaaba |
| 34 | Asteer | dha | Ababee | Joorgee |
| 35 | Atoomsaa | dhi | Birratuu | Ittisaa |
| 36 | Ayyaantuu | dha | Solomoon | Jabeessaa |
| 37 | Ayyaantuu | dha | Eliyas | Solomoon |
| 38 | Ayyalee | dhi | Gashahuun | Joorgoo |
| 39 | Baacuu | dha | Turaa | Lammii |
| 40 | Baanee | dhi | Hirkoo | Ittaanaa |
| 41 | Badhaasa | dhi | Wandee | Itta'aa |
| 42 | Beekam | Dhi | W/Mikaa'eel | Dadhii |
| 43 | Beekam | dhi | Desalegn | Zakkaariyaas |
| 44 | bilisee | dha | Guutuu | Biraanuu |
| 45 | Bilisee | dha | Kabaa | Lammii |
| 46 | bilisummaa | Dhi/dha | Zariihuun | Abtan |
| 47 | Bilisummaa | dhi | Tasfaa | Kanniisaa |
| 48 | Biqiltee | dha | Barii | Hirkoo |
| 49 | Biraanuu | dhi | Dammasaa | Magarsaa |
| 50 | Birtuukaan | dha | Mitikkuu | Damxoo |
| 51 | Boniya | Dha/dhi | Maraaraa | Kumsaa |
| 52 | Boonaa | Dhi | Gaaddisaa | Tolaa |
| 53 | Boruu | Dhi | Keeniya | Mameed |
| 54 | Bulii | dhi | Hangarasaa | Kennasaa |
| 55 | Caalaa | Dhi | Mangistuu | Moosisaa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 56 | Caalaa | Dhi | Wakshuma | Malkamuu |
| 57 | Caalaa ‘ | dhi | Solomoon | Guutamaa |
| 58 | Caaltuu | Dha | Dooyyoo | Amaanuu |
| 59 | Calchisaa | dhi | Ababaa | Karaa |
| 60 | Carraa | dhi | Desalegn | Girmaa |
| 61 | Coqorsoo | Dhi | Gumaa | Bayyanee |
| 62 | Daangulee | Dha | Rafeera | Tolawaaq |
| 63 | Daannoo | dhi | Galila | Abbabee |
| 64 | Daawwiti | Dhi | Mangistuu | Biftuu |
| 65 | Dagagaa | dhi | Salih | Darajjee |
| 66 | Daraaraa | Dhi | Fiqaadu | Warquu |
| 67 | Daraaraa | Dhi | Bahiruu | Ittichaa |
| 68 | Daraartuu | Dha | Tasfaayee | Tadassee |
| 69 | Daraartuu | Dha | Olii | Musxafaa |
| 70 | Daraartuu | dha | Olqabaa | Nagaraa |
| 71 | Dawwiit | Dhi | Shalamee | Fidaa |
| 72 | Dhiyaana | dhi | Tamiru | Biraanuu |
| 73 | Dibooraa | Dha | Abdisaa | Rafeera |
| 74 | Didnenus | Dhi/dha | Taammiruu | Haweetuu |
| 75 | Dinagdee | dhi | Waldemikaa’eel | Wandimuu |
| 76 | dinayaas | dhi | Habtaamuu | Tafarraa |
| 77 | Dinayaas | dhi | Tamiru | Barrii |
| 78 | Dirribaa | dhi | Takkuu | Leenjisaa |
| 79 | Ebbisaa | dhi | Shaashoo | Kudhaamaa |
| 80 | Eliyyaas | Dhi | Tashoomee | Baqalee |
| 81 | Ermiyaas | dhi | Esayas | Tamsgeen |
| 82 | Faaxumaa | Dha | Siraaji | Toleera |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 83 | Faayiftuu | Dha | Galgaloo | Tolasaa |
| 84 | Falmataa | Dhi | Ayinaalem | Tasfaayee |
| 85 | Fanoosee | dha | Olqabaa | Iddosaa |
| 86 | Fayyisaa | dhi | Iddosaa | Jabeessaa |
| 87 | Fedhasaa | Dhi | Nigaatuu | Badhadhaa |
| 88 | Feeben | dha | Asaffaa | Hinkoosa |
| 89 | Feenaan | Dhi | Abdii | Yohanniis |
| 90 | Feenet | Dhi/dha | Abdiisaa | Tolaa |
| 91 | Feenet | Dhi/dha | Irrechaa | Galataa |
| 92 | Fileetan | Dhi/dha | Ittafaa | Amanuu |
| 93 | Firaa’ol | dhi | Adimasu | Taammiraat |
| 94 | Firaanboon | dhi | Lachiisaa | Jaagamaa |
| 95 | Firaanoli | Dhi/dha | Kaasaa | Tashomee |
| 96 | Fira'ol | Dhi | Warquu | Dinqaa |
| 97 | Firdisaa | dhi | Olii | Kitilee |
| 98 | Firyoot | dhi | Baqalee | Imeenuu |
| 99 | Galaanee | dha | Mokonoon | Injiguu |
| 100 | Galiilaa/ Galiilee | Dhi/dha | Fiqaduu | Ijjiguu |
| 101 | Gammadaa | Dhi | Dajjanee | Girmaa |
| 102 | Gammadaa | Dhi | Camadaa | Baacaa |
| 103 | Ganaat | dha | Tasfaaye | Jireenyaa |
| 104 | Ganamee | Dha | Olii | Nagaash |
| 105 | Gidiraa | Dhi | Hayiluu | Fayyeera |
| 106 | Gidiraa | Dhi | Mandaraa | Dhaabaa |
| 107 | Giiftii | Dha | Bacha | Gadaa |
| 108 | Guutuu | dhi | Alamuu | Imaanaa |
| 109 | Haaraajan | Dhi/dha | Dirribaa | Olqabaa |
| 110 | Haayimanoot | Dha | Abraam | W/mikaa’eel |
| 111 | Hannaa | dha | Shalamee | Kafanii |
| 112 | Hawinee | dha | jira | Tola |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 123 | Hawwii | Dha | Girmaa | Jimaa |
| 124 | Hawwii | dha | Amaanu’eel | Haweetuu |
| 125 | Hayat | dha | Kadir | Salya |
| 126 | Henok | dhi | Yaared | Wandimuu |
| 127 | Hiikaa | dhi | Olika | Argawu |
| 128 | Hiriyaan | dha | Tesfaye | Iddeessaa |
| 129 | Hirkoo | dhi | Tolasaa | Jiilchaa |
| 130 | Hisqeel | dhi | Malkaamuu | Lamuu |
| 131 | Hiwoot | dha | Tamiraat | Jireenyaa |
| 132 | Hordofaa | dhi | Ibsaa | Jaagamaa |
| 133 | Hundaa’ol | dhi | Simon | Kuusaa |
| 134 | Hundarraa | Dhi | Tasfaayee | Caalii |
| 135 | Hundumaa | Dhi | Fayyeraa | Jamamaa |
| 136 | Ibsaa | dhi | Misgaana | Haroo |
| 137 | Ibsii | dhi | Abeya | Ayyalee |
| 138 | Iftu | dha | Amsaaluu | Belinaa |
| 139 | Ilillii | Dha | Camadaa | Turaa |
| 140 | Immabet | dha | Camadaa | Kumaa |
| 141 | Irranaa | Dhi | Zakkaariyaas | Ayyalee |
| 142 | Isankoor | Dhi | Gabbisaa | Irranaa |
| 143 | Isxifaanos | Dhi | Hayilee | Tasfaaye |
| 144 | Iyyaasuu | dhi | Dinquu | Malkaa |
| 145 | Iyyerusalem | dha | Getachoo | Ida'ee |
| 146 | Jaaalee | dha | Dabalaa | Kitilaa |
| 147 | Jajneet | Dhi/dha | Tolaa | Irrattii |
| 148 | Jalene | Dha | Fikiruu | Bultii |
| 149 | Jamaal | Dhi | Hirphaan | Akkasaa |
| 150 | Jamaal | Dhi | Hasaan | Shaafi |
| 151 | Jiidhaa | dhi | Eliyas | Jimaa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 152 | Jiituu | dha | Girmaa | Lammaa |
| 153 | Jiituu | dha | Lammii | Mamuush |
| 154 | Jimaatee | *Dha* | Biraanuu | Fufaa |
| 155 | Jimmaa/Jimmee | Dhi/dha | Baacaa | Gulumaa |
| 156 | Jimmaa/Jimmee | Dhi/dha | Mulunaa | Shalamaa |
| 157 | Jineeraa | dha | Dhaaba | Kumsaa |
| 158 | Jinenus | Dhi/dha | Dassalenyi | Birruu |
| 159 | Jinenuus | Dhi | Abdiisaa | Tulluu |
| 160 | Kababush | dha | Mireesaa | Luuccaa |
| 161 | Kabbadee | dhi | Alamuu | Mandiidaa |
| 162 | Kaddijaa | dha | Huseen | Luuccee |
| 163 | Kaddijaa | dha | Kamaal | Mandhaabaa |
| 164 | Kamisoo | Dhi/dha | Hirphaa | Magarsaa |
| 165 | Kanaan | dhi | Lammaa | Karoorsaa |
| 166 | Kee hooda | Dhi/dha | Bultuum | Dagaagaa |
| 167 | Keebar | Dhi/dha | Tsegaayee | Mitikkuu |
| 168 | Keeraaj | Dhi/dha | Wandimuu | Malaakuu |
| 169 | Kenasaa | dhi | Dinqaa | Kitilaa |
| 170 | kennaa | Dhi | Wakshuma | Guutamaa |
| 171 | Kibboo | dha | Jidhaa | Jiraannee |
| 172 | Kibirii | dhi | Tuluu | Nagaasa |
| 173 | Kiyyaa | dha | Hirkoo | Kumee |
| 174 | Kobbinee | dha | Waqumaa | Jiruu |
| 175 | Kooket | Dhi/dha | Oliqaa | Ayinaalem |
| 176 | Korsa | dhi | Dagafaa | Olaanaa |
| 177 | Kumaash | Dha | Tamasgeen | Laggasee |
| 178 | Kumalaa | dhi | Taklee | Tsiggee |
| 179 | Kumarraa | Dhi | Haweetuu | Taammiruu |
| 180 | Labsii | dha | Tagaany | Lindii |
| 181 | Lalise | dha | Waaqgaarii | temesgen |
| 182 | Lammii | dhi | Qaqqabaa | Teessoo |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 183 | Lattuu | dha | Ittafaa | Lataa |
| 184 | Leensaa | Dha | Dalassaa | Ulfaata |
| 185 | Lemma | dhi | Darajjee | Dabalaa |
| 186 | Lensa | dha | Tarfaasaa | Buraayyuu |
| 187 | Lidiya | dha | Baqqalaa | Tarfaasaa |
| 188 | Luuccee | dha | Jabeessaa | Tarfaasaa |
| 189 | Maarisheet | dha | Asafaa | Abtan |
| 190 | Maatiwoos | Dhi | Tsagaayee | Birruu |
| 191 | Magarsaa | dhi | Hirkoo | Irranaa |
| 192 | Mammoo | Dhi | Qalbeessaa | Tasfaayee |
| 193 | Mammuush | dhi | Tamasgeen | Laggasee |
| 194 | Mangistuu | dhi | Shuguxee | Malassaa |
| 195 | Maqdas | dha | Kabbadaa | Masqalaa |
| 196 | Marame | dha | Raggaasaa | Fiixee |
| 197 | Marara | dhi | Sirriqaa | Naamoomsaa |
| 198 | Marartuu | Dha | Badhasaa | Xijjee |
| 199 | Mareemaa | Dhi | Alamuu | Warquu |
| 200 | Margaa | Dhi | Biraanuu | Tufaa |
| 201 | Margaa | | Baayisa | Karrayuu |
| 202 | Margituu | dha | Tolasaa | Shallamaa |
| 203 | Marsanii | dhi | Tolasaa | Badhadhaa |
| 204 | Marta | dha | Daamxoo | Wiirtuu |
| 205 | Maskaram | dha | Getachoo | Jiidhaa |
| 206 | Matewos | dhi | Abaatee | Raggaa’aa |
| 207 | Mekkonin | dhi | Toofiq | Lammeessaa |
| 208 | Meri | dha | Habtee | Geetaachoo |
| 209 | Meskerem | dha | Toliinaa | Ta’eeraa |
| 210 | Meti | dha | Warquu | Nammarraa |
| 211 | Miidhagsaa | Dhi | Kumarraa | Wakjiraa |
| 212 | Milkeesaa | dhi | Kitaabaa | Mootii |
| 213 | Milkii | dhi | Dagafe | Ifaa |
| 214 | Misiree | dha | Fantaa | Taddasaa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 215 | Mohaamman | Dhi | Moraadon | Akkasaa |
| 216 | Mohaamman | Dhi | Bahaaru | Huseen |
| 217 | mootii | dhi | Yohaannis | Laggasee |
| 218 | Moti | dhi | Efreem | Addunyaa |
| 219 | Muddaa | Dhi | Galaana | Imaanna |
| 220 | Mulee | dhi | Gazaany | Lammii |
| 221 | Muluunaa | dhi | Diddaa | Miidhagsaa |
| 222 | Naa’ol | Dhi | Magarsaa | Fufaa |
| 223 | Naa’ol | dhi | Naadoo | Taaddasee |
| 224 | Naa’ood | dha | Esayas | Xibabuu |
| 225 | Naabeek | dhi | Adugna | Taaddasee |
| 226 | Naabeekii | Dhi/dha | Eliyas | Addataa |
| 227 | Naafyaad | dhi | Tariku | Birruu |
| 228 | Naahim | dhi | Asaffaa | Tafarraa |
| 229 | Naalamaa | Dhi/dha | Taaddasee | Tamsgeen |
| 230 | Naanboon | dhi | Eliyaas | Hirkoo |
| 231 | Nanbon | Dhi | Naggasaa | Toleeraa |
| 232 | Nimoonaa | Dhi/dha | Abaatee | Lammeessaa |
| 233 | Nugusee | dha | Gurmeessaa | Milkeessaa |
| 234 | Nutmaan | Dhi | Tasfaayee | Galgaloo |
| 235 | Obsaa | dhi | Damxoo | Kitaabee |
| 236 | Obsaanii | dha | Habtaamuu | Leensaa |
| 237 | Ofiinboon | dhi | Tokkummaa | Sanbataa |
| 238 | Ofinbon | Dhi/dha | Roobeeraa | Dheeressaa |
| 239 | Ofinbon | Dhi/dha | Tumsaa | W/Mikaa’eel |
| 240 | Oosiyaas | dhi | Yadata | Tamiruu |
| 241 | Oromiyaa | Dhi/dha | Bogaala | Sabooqa |
| 242 | Phaawuloos | Dhi | Getaachoo | Wanbaaru |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 243 | Qixxaataa | Dhi | Yaared | Nagaasaa |
| 244 | Raahel | Dha | Dhabasaa | Midhaksaa |
| 245 | Rabirraa | dhi | Iddessa | Jabeessaa |
| 246 | Ramadaan | dhi | Ahimad | Toofiq |
| 247 | Robsan | dhi | Girmaa | Dhugasaa |
| 248 | Roobaa | Dhi | Fixumaa | Riqitaa |
| 249 | Roobeeraa | Dha | Nagaasaa | Mardaasaa |
| 250 | Roobson | Dhi | Caalaa | Waaqshumaa |
| 251 | Saamu'eel | dhi | Giddii | Jiilchaa |
| 252 | Sabanbon | dhi/dha | Damassaa | Calchissaa |
| 253 | Sabbonaa | Dhi | Lammii | Tolchaa |
| 254 | Salamoon | dhi | Ayyalee | Luulii |
| 255 | Sanbatoo | Dhi | Takkale | Humnee |
| 256 | Sanyii | dhi | Daragee | Dhaaba |
| 257 | Seenaa | Dhi/dha | Bahiruu | Abbomaa |
| 258 | Seenaa | Dhi/dha | Iliyaas | Abdiruu |
| 259 | Seenaa | Dha/dhi | Girmaa | Caalaa |
| 260 | Showayyee | dha | Kabbadee | Malkaamu |
| 261 | Siifan | dha | Taklee | Tsigee |
| 262 | Siifan | dha | Tamasgeen | Laggasee |
| 263 | Siimeeraa | dha | Amaanu'eel | Uumaa |
| 264 | Siinan | Dha | Taammiraat | Mokoniin |
| 265 | Simarsaan | dhi | Tolawaaq | Jaatamaa |
| 266 | Simeenesh | dha | Tolasaa | Lammeessaa |
| 267 | Sinboo | Dha | Alamuu | Shalamaa |
| 268 | Sinboo | Dha | Kumsaa | Toleera |
| 269 | Sinboo | dha | Assabee | Qalbeessaa |
| 270 | Sinboo | dha | Nigatu | Mokoniin |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 271 | Singitan | Dhi/dha | Katamaa | Abdiisaa |
| 272 | Siraajii | dhi | Hasaan | Ittisaa |
| 273 | Sonumaan | dhi | Zalaaleem | Tolchaa |
| 274 | Suufaa | dhi | Baqalaa | Ittaanaa |
| 275 | Suufee | dha | Lammaa | Maaddeessaa |
| 276 | Taaddaluu | dha | Mulaatu | Magarsaa |
| 277 | Taayyee | dhi | Tashoomee | Mulaatu |
| 278 | Talilee | dha | Addunyaa | Jigsaa |
| 279 | Tamiruu | dhi | Woldee | Leemmanoo |
| 280 | Tamiruu | dhi | Waqumaa | Maammadee |
| 281 | Tammiruu | dhi | Abdataa | Itichaa |
| 282 | Tarikee | dha | Yuune | Dabalaa |
| 283 | Tashoome | dhi | Baqalee | Itta'aa |
| 284 | Tigist | dha | Mulunaa | Irreensoo |
| 285 | Tigist | dha | Ittaana | Mootii |
| 286 | Tigistii | dha | Gutu | Tolaa |
| 287 | Tokkummaa | dha | Caalaa | Mandaraa |
| 288 | Tolaasaa | dhi | Abeya | Abarraa |
| 289 | Tolawaaq | dhi | Tamiraat | Maabiraatuu |
| 290 | Tolawaaq | dhi | Tamasgeen | Namarraa |
| 291 | Tsaayee | dha | Jifaraa | Mirkanaa |
| 292 | Tsagaa’ab | dhi | Indaabuu | Jifaaraa |
| 293 | Tsagaahe | dhi | Taddasee | Irranaa |
| 294 | Tsigineesh | dha | Yohaanis | Lachiisaa |
| 295 | Urjjii | dha | Tasfaa | Jiidhaa |
| 296 | Uumeeraa | Dha | Nagaash | Tulluu |
| 297 | Waaritee | Dha | Camadaa | Lammii |
| 298 | Wabii | Dhi/dha | Argawu | Abbabee |
| 299 | Wabii | Dhi/dha | Taammanee | Asaffaa |
| 300 | Waggaarii | dhi | Waqumaa | Milkeessaa |
| 301 | Waldee | dhi | Kabadee | Macheessaa |
| 302 | Wandimmuu | dhi | Damuu | Leencoo |
| 303 | Warqinaa | Dhi | Desalegn | Imaanaa |
| 304 | Warqinaa | dhi | Masalee | Abaraa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 305 | Warqineesh | dha | Mosissaa | Baqalee |
| 306 | Warqinesh | dha | Kumasaa | Mirreessaa |
| 307 | Yaadanii | Dha | Darajjee | Biraanuu |
| 308 | Yaneet | Dha | kuusaa | Girmaa |
| 309 | Yashii | dha | Hundumaa | Injiguu |
| 310 | Yeroon | dha | Buloo | Kumalaa |
| 311 | Yeroosan | dhi | Bahiluu | Ittuu |
| 312 | Yeroosan | dha | Taddasaa | Jifaaraa |
| 313 | Yeruusaleem | dhi | Fayyisaa | Indabuu |
| 314 | Yesuraa | dhi | Toofiq | Mahaamed |
| 315 | Yohaanis | dhi | Zawudee | Ifaa |
| 316 | Yonaas | dhi | Salamoon | Alamuu |
| 317 | Yordaanos | dha | Magarsaa | Indabuu |
| 318 | Yoseef | dhi | shimmallis | Guyyoo |
| 319 | Zaaraa | Dha | Hibirahim | Dulaa |
| 320 | Zakaariyaas | dhi | Tolawaaq | Lateeraa |
| 321 | Zakkaariyaas | Dhi | Guutamaa | Mireessa |
| 322 | Zalalaam | dhi | Tsegaa | Leelloo |
| 323 | Zerihuun | dhi | Waaqumaa | Tasfaayee |
| 324 | Zewoode | dha | Kumalaa | Iddeessaa |
| 325 | Zinaayee | dha | Tafaraa | Jigsaa |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta’uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorattuu______________________________________

Mallattoo__________________________________________

Guyyaa __________________________________________

Ani Dr.____________________________________barattuun kun hojiin ishee of ittisuuf dhiyaachuu akka danda’uuf mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Mallattoo_________________________________

Guyyaa__________________________________